



Amantii Dhugaa

Amaanu'el Oljirraa Duulootiin

Finfinnee Oromiyaa

Amajji, 2025

© Mirgi barreessaa seeraan kan eegameedha.

Fedhaa fi beekumsa barreessaan alatti kitaaba kana maxxansuu fi baay'isuun, akkasumas yaada wayii itti dabaluu yookaan irraa hirrisuu fi maqaa jijjiiranii kan biraa fakkeessuun seeraan nama gaafachiisa. Taajjabbiittis namicha dhiyeessa.

Odeeffannoof

Bilbila: +251 91 767 6673

Email: amanueloljira790079@gmail.com

Telegram: <https://t.me/ilmaOljirraa>

Facebook: Amanuel Oljira Dulo

GALATA

Galatni jalqabaa uumaakoof haa ta'u! Inni karaa hundumaa na gargaaree, du'a jalaas miliqsee har'aan na ga'eera. Isumatu sammuun ittiin waa madaalee hubadhu naaf kennee, dhaloota akkan ittiin barsiisuufis na muude. Hubannoo waaqni naaf kenne kanatu kitaaba kana keessa jira. Osoo inni gara koo hin taanee silaa ani yoona hin jiru. Ani kanan abdadhee ittiin boonu kan biraas hin qabu. Namni yeroo gidiraa keessatti nagargaares hin turre. Anoo gargaarsuma Waaqayyoonan jiraadhe. Yeroo hundumtuu fuula natti guuru, isa qofatu fuula natti tola. Inni firakoo dhugaati. Maarree fira koo kanatu galata kanaanis na ga'e. Ani akkasaafan jira. Jiraadhee har'a ga'uu koo kan fedhetu isa. Boriifis abdiin koo isuma. Isumatu jiraachuu fi du'uu koos murteessa. Kanaafan, sodaa du'aa soba faarsuu dhiise. Dhugaatu ilma Waaqaati, kanaafan, isa faarsa. Galatni hunda caalu isaaf haa ta'u kaa!

Itti aansuun namoota kadhataa fi jajjabina garaa garaan nabira dhaabbatan hunda waaqayyo isaan haa eebbisu.

Namoota kitaaba kana gulaaluun hirruu koo duuchanis hin dagadhu. Keessumaa gulaallii kitaaba kanaa keessatti yeroo isaaani qaalii ta'e kanneen naaf gumaachan keessaa: Barsiisaa Tashoomee Mul'ataa, Dabalaa Takiluu, Saamu'eel Asfawuuf Waaqayyo hir'uu isaan qaban hunda gulaalee haa guutuuf jedheen eebbisa!

YAADANNOO

Kitaabni kun dhugaa namoota barsiisuuf haajame. Dhugaan biyya sobni guute keessatti salphaatti hin labsamu. Namni sobaan dhugame dhugaa dhaga'uu hin fedhu. Namni dhugaa hin beekne jaalalas hin qabu. Kanaaf, dhugaatti gurra cufata. Yoo feedhes hari'uuf daboo yaafata. Namni dhugaa garuu gatii dhugaa beeka. Kanaaf, dhugaa hubate sana namootaan ga'uuf sodaa malee dubbata.

Argitee! Jaalala jechuun akkasi. Jaalalli namootaaf dhugaa gumaacha. Bakka dhugaan hin jirre nagaan hin jiru. Jaalalli kanaaf, nagaan buusuuf dhugaa labsa. Inni sodaa hin sodaatu. Namootni danuun osooma dararaan jiruu dhugaa labsu. Kanaaf, hidhamanii reebamaa, jibbamanii arrabsamaa, madaa'anii dhiigaa, cabanii okkolaa, fannifamanii ajjeefamaa dhugaa hedduus nubiraan ga'an. **Yaadannoon kitaaba kanaa isaaniif haa ta'u!**

YAADACHIISA

Ani kana dura Kitaabota 7n barreesse. Inni kun kitaaba 8ffaa ta'uu isaati. Kitaabotni kiyya hunduu bifa 'pdf'n toora marsariitii (google) irratti fe'amanii jiru. Achi seentee kan feete maqaa galchuun baasii malee buufattee dubbisuuf mirga guutuu qabda. Maqaa fuulduratti 'Pdf' galchuu hin dagatin! Yoo ifa siif hin taane toora armaan gadii kana hordofi.

1.Mucuca Kufaatii. Pdf

5.Of-ilaallee. Pdf

2.Qaroomina Qaruu.Pdf

6. Shif-argaa. Pdf

3.Ilaalcha Misoomaa. Pdf

7.Qabsoo Keenya. Pdf

4.Falmii Dhugaa. Pdf

8. Amantii Dhugaa

Qaamni sagaleen dhaggeeffachuu fedhu marsariitii, www.Oromobook.com keessaa kitaaba “Ilaalcha Misoomaa” jedhu argachuu ni danda'a.

Hubadhu! Kitaabotni 1 hanga 5tti tarreeffamanii jiran hundi amantaaf bakka hin qaban. Kanaafuu, isaan sana dubbisuu dura kitaaba kana akka dubbiftun siif dhaama. Sana booda kanneen sana hunda dubbisuufi dhiisuun mirga keeti.

BAAFATA

GALATA.....	iv
YAADANNOO.....	vi
BAAFATA.....	viii
SEENSA.....	x
BOQONNAA TOKKO.....	1
FALAASAMA.....	1
1.1 Falaasama Saayinsii (Philosophy).....	1
1.2. Falaasama Amantaalee.....	13
1.2.1. Amantaalee Duudhaa.....	17
1.2.2. Amantaalee Ammayyaa.....	24
BOQONNAA LAMA.....	32
HUBATAA FI GUFATAA DUBBII AFUURAA.....	32
BOQONNAA SADII.....	46
WALDHABDEE AMANTAALEE.....	46
3.1. Kiristaanummaa Jalqabaa.....	49
3.2. Kaatolikii fi Proteestaantii.....	54
BOQONNAA AFUR.....	61
SAFARTUU KITAABA QULQULLUU.....	61
4.1. Kaanonii Kakuu Moofaa.....	66
4.2. Kaanonii Kakuu Haaraa.....	70
BOQONNAA SHAN.....	84
ISLAAMUMMAA.....	84
5.1. Kitaabota Islaamummaa.....	88
5.2. Tokkummaa fi Waldhabdee Musliimotaa.....	102
5.3. Waldhabdee Islaamotaa fi Kiristaanotaa.....	120
BOQONNAA JAHA.....	140
AMANTII DHUGAA.....	140
6.1 Amantii Dhugaan Maali?.....	140
6.2. Calaqqee Amantoota Dhugaa.....	149
6.2.1. Amantii Bu'aa Qabu Amanu.....	150

6.2.2. Hojii Afuuraan Beekamu.....	160
6.2.3. Jireenya Madaalawaa Jiraatu	163
6.2.4. Hawaasummaa Gaariin Beekamu.....	171
BOQONNAA TORBA	174
OF-ARGUU DHABUU.....	174
BOQONNAA SADDEET	187
Ergaa Waldootaa Ergame.....	187
BOQONNAA SAGAL.....	190
ILAAALCHA SAAYINSII FI KIRISTAANUMMAA	190
BOQONNAA KUDHAN.....	204
GUDUNFAA.....	204
BOQONNAA KUDHA TOKKO.....	209
DHUGA BAATII BARREESSAA	209
11.1. Eenyummaa Barreessaa.....	209
11.2. Seenaa Amantaa Barreessaa	213
11.3. Mudannoo Ajaa'ibaa!	223
Maddoota Wobii (References)	230

SEENSA

Kitaabni kun dhugaa fi soba amantaalee muraasa keessa jiru gulaalee dubbistoota hubachiisuuf haajame. Amantiin bu'aa guddaa qaba. Kana jechuun garuu amantii hundatu nama fayyada jechuu miti. Kan bu'aa qabutu jira jechuudha malee. Barsiisni amantaalee danuu bu'aa isaaniirra miidhaa isaaniitu heddummata. Kunis tarii sababa amantichi dogoggora qabuuf qofa miti. Sababa hubannoo dhabuu namoota itti amananii fi namoota isaan barsiisaniin kan uumamu ta'uus mala. Kanaafuu, namni kamuu amantaa tokko amanee fudhachuun dura isa dhugaa fi bu'aa gaarii qabu madaalee amanuutu furmaata waaraati.

Tarii namni kitaaba kana dubbisu yeroo jalqabaaf rifachuu mala. Akka dhugaatti kan inni kana dura beeku soba ta'ee itti mullachuus hin oolu. Garuu yeroo gabaabduu booda gargar baasee hubata. Sana booda amantaa sirrii filatee hordofa. Jabaatees dhaabata. Jabaatee dhaabbachuunsaa kan ittiin calaqqisan keessaa muraasni: barsiisa sobaaf hin jilbeenfatu; asiifi achi hinraafamu; hinsobamu; hindogoggorfamu. Waan barsiisus, eenyuuf maaltu akka barbaachisus, gaaffilee mormitoota irraa fi

amantaa hundaarraa isaaf dhiyaachuu malus qajeechee beeka. Akkamitti akka namoota sana hubachiisuu qabus dursee xiinxala. Kanaafuu, namni amantaa dhugaa hordofuu fedhu dhoksaa amantaalee hunda keessa jiran addaan baafatee hubachuu qaba. Akkasitti beekumsa nama hundumaaf ta'u of keessatti kuufata. Isuma fuudhee namootaaf laata. Namni akkasii soorata nama hundaaf ta'u of keessatti kuufata. Eeyyen! Inni namoota daandiirraa maqan hundaaf furmaata.

Kaayyoon kitaaba kanaa namoota dhugaa amantii barsiisuudha. Falaasama namootaa fi dhugaa dubbii waaqaa gargar baasee hubachiisuuf haajame. Namni kitaaba kana dubbisu sababootni garaa garummaa amantaalee uuman danuu akka tahan hubata. Dhoksaa kitaabota amantaalee garaa garaa keessa jiranis gadi fageessee ilaala. Isa kamtu maal akka ta'es madaalee, ilaalee, hubata. Sana booda dhugaa addaan baafata. Akkasitti namuu amantaa dhugaa hordofee bu'aa danuu akka buufatuuf yaadamee katabame.

Egaa kunoo kitaabichi harka kee jira. Jalqabaa kaastee hanga xumuraatti yoo dubbifte irra dhugaa hubatta. Akkasumatti Dubbisi! **Dubbisa Milkii siif haa ta'u!**

BOQONNAA TOKKO

FALAASAMA

1.1 Falaasama Saayinsii (Philosophy)

Falaasamni (Philosophy) damee barnoota Saayinsii keessaa isa tokkoodha⁽¹⁾. Sirna namootni ittiin uumamatti hiika laatan gulaalee qorata. Yaada namootni dhuunfaa ittiin waa'ee sirna uumamaa, akkasumas taatee garaa garaa irratti sababaan (reasoning) dhugaa ibsuu yaalan qo'ata. Egaa kunoo Saayinsiin kun akkasitti waa xiinxaluu namoota shaakalchiisa. Dhugaa yookan soba ta'uu yaada namoota garagaraa qoratee qo'achiisa jechuudha.

Gama biraan falaasamni ulaagaa namni hordofee ittiin jiruufi jireenya dhuunfaa tolfatuudha. Haala kanaan namuu falaasama dhuunfaa ofii kan ittiin addunyaa kanatti hiika laatu ni qaba jechuudha.

Falaasama namoota muraasatu kalaquun beekama. Irra jireessi namootaa garuu isuma namootni muraasni kalaqan qofa

hordofaa jiraatu. Namootni falaasama namootaan jiraatan danuun ofii kalaquu dhabanii osoo hin taane, xiinxala fayyadamuu dhabatu akkas isaan taasisa.

Egaa sanas ta'u kana, namni hundi falaasama hordofu kan qabu ta'uu hubanna. Dhugaa fi soba ta'uun isaa akkuma jirutti ta'ee jechuu kooti. Maarree akkasitti aniifi atis falaasama hordofnu qabna jechuudha.

Falaasama nuti ittiin dhugaa ibsuu yaallu tarii falaasama namoota kanneen biroo wajjin wal fakkaachuus, dhiisuus mala.

Falaasamni tokko dhugaa osoo qabuu tarii namootaan dafee hubatamuu dhabuu ni mala. Kan osooma soba ta'ee jiruu namoota danuun hordofamus akkuma jiru jechuudha. Falaasamni tokko sobas haa ta'u dhugaa, garuu namoota danuun kan hordofamu taanaan, sirna addunyaan ittiin qajeelfamtu ta'uuf carraa guddaa argata. Akkasitti falaasamni nama tokkorraa maddu namoota addunyaa mara of jala hiriirsuu mala.

Haaluma kanaan addunyaa kana keessatti namootni baayyeen falaasama ofii osoo hin taane kan nama biroon jiraatu; isumaan waan hunda ibsatu; waantota gulaalanii fudhatu; sooratas filanii nyaatu; jireenyas ittiin jiraatu; hamaa fi tolaa uumama keessa jirus isumaan gargar baafatu; hambaa godhaniis isuma dhaloota barsiifatu. Walumaa gala isumaan jiruuf jireenya ofii qajeelfatu. Mee ati ofii falaasama akkamii hordofaa jirta? Deebii kee situ beeka.

Egaa namni hundi falaasama dhuunfaa kan ittiin dhugaa tokko hubatu, ibsatu, fudhatu ykn jiraatu kan qabu ta'uu hubannee jirra. Namni akkuma bifaan gargar ta'e, hubannoo fi xiinxalaanis garaagar ta'uu mala. Walumaagala sadarkaa yaadaatti adeemsi namni ittiin dhugaa namaaf ibsu tokko falaasama. Dhugaa ta'uu isaa namootni itti amanan ni hordofu. Kanneen hubachuu dhaban ni lagatu. Akkasitti namootni danuun falaasama garaa garaa hordofu. Kanumarraa ka'uun garee garaa garaattis qoqoodamanii jiraatu.

Namoota gidduutti falaasamaatu garaa garummaa danuu dhalee guddisa. Nama fageessee xiinxalutu rakkoo kana hir'isee

tokkummaa finiinsa. Eeyyen! Namootni hundi waan walfaana arganii fi dhaga'an tokko walqixa hubachuu dhabuu malu. Kanaafuu, namootni hubannoo wal fakkaatu hin qaban. Kanatu, namootni muraasni qofti dhugaa akka hubatan isaan taasise. Garii namootaatti dhugaatu soba ta'ee itti mul'ata. Kanaaf, namootni hedduun sobni dhugaa itti fakkaatee isuma hordofaa jiraatu. Namni soba dhugaa fakkeessu akkuma jiru, kan dhugaa ibsachuu dadhabus jira. Akkasitti sobni dhugaa dhaalee addunyaa dhuunfates danuudha.

Walumaagala, yeroo ammaa addunyaa kanarratti kan hordofamaa jiru falaasama namoota muraasaa akka ta'e hubanna. Isaan keessaa gariin dhugaa ta'uu malu. Kan soba ta'anis danuudha. Dhugaa yookaan soba ta'uu falaasamaa sirriitti kan mirkaneessu garuu qorannoodha.

Falaasamni qorannoon mirkanaa'e, saayinsii dhugaa ta'ee barsiifama. Yoo mirkanaa'uu baate garuu hanga mirkanaa'utti yaadiddama (theory) isa jedhan sana ta'ee odeeffama. Yoo falaasama kan biraan mo'atame ammoo soba ta'uu isaatu hubatama. Kanaafuu, barumsa keessaa baafamee gatama.

Egaa barnootni saayinsii muraasni falaasama qorannoon mirkanaa'aniidha. Ta'us garuu barnootni saaayinsii keessatti barsiifaman hundi dhugaadha jechuu miti. Kan hin mirkanoofnes danuudha. Inni ammoo gaafa soba ta'uun isaa mirkanaa'u barnoota keessaa baafama.

Hubadhu! Namootni mana barumsaa deeman yeroo hunda dhugaa qofa baratu miti. *"Manni barumsaa bakka itti dhugaa baratan osoo hin taane bakka itti xiinxala shaakalaniidha"* jechuun 'Albert Einstein' kanuma ibsa.

Namootni yeroo baayyee barnootas akkuma isaaniif mijatutti sirna itti tolchanii, dhugaa fakkeessaniitu siyaasa ofii barsiifachuu fedhu. Kanaafuu, saayinsiin siyaasas kan of keessaa qabu ta'uu isaa dagachuu hin qabnu.

Yeroo baayyee Saayinsiin waa'ee uumamaa qoratee mirkaneessuuf falaasama garaa garaa hordofa. Fkn Uumama waaqaa fi lafaa ibsuuf falaasama garaa garaa qorata. Falaasamoota kanas namoota dhuunfaa irraa ergifata. Kunis Ilaalcha, "Ni jira ykn Hin jiru!"; Ni ta'a ykn Hin ta'u!; Dhugaadha

ykn Soba!" fa'a jedhanii amanan dabalata. Kanuma saayinsiin falaasama nama xiinxalchiisu wayiitiin ibsuu yaala. Kunoo akkasitti namootni hundi gareen qoodamanii falmii: Ni jira! Hin jiru! jedhufaa geggeessaa oolu.

Haa ta'u malee garuu duuchaamatti, "Ni jira ykn hin jiru!" jechuu qofti falaasama hin ibsu. Yoo soba ykn dhugaa ta'uu isaa sababaan dabaalee ibsate malee. Kanaafuu, ulaagaa ittiin ibsa laatu tokko osoo hin qabaatin duuchaamatti jira ykn hin jiru jechuun falaasama osoo hin taane amantaadha.

Fknf "Aduutu lafatti naanna'a" yaada jedhuufi lakki "lafatu aduutti naanna'a" yaadni jedhu lamaanuu ilaalcha garaa garaati. Akkamitti kan jedhuuf, ibsa ga'aa fi qorannoon mirkanoofnaan kunoo isatu falaasama jedhama. Haaluma kanaan yeroo ammaa saayinsiin qorannoon akka lafti aduutti naannoftu mirkaneessee jira. Kanaafuu, ilaalchi "Aduutu Lafatti naanna'a!" jedhu ibsa qabaatus soba ta'uun isaa hubatamee jira jechuudha.

Bifuma wal fakkaatuun walfalmiin waa'ee uumama lubbu qabeeyyiin wal qabatus ni jira. Isaan keessaa tokko garee

falaasama, "Lubbu qabeeyyiin, akka tasaa annisaa alaa (*Extetnal force*) ta'een uumamu" jedhu hordofaniidha. Isaan kun garee falaasama 'spontaneous generation' jedhamu hordofaniidha. Gareen lammataa ammoo garee falaasama, "Lubbu qabeeyyiin lubbu dhabeeyyii irraa annisaa alaa osoo hin fayyadamin jijjiirama suuta suutaan uumaman (*Non-Spontaneous generation*) yaada jedhu kanneen hordofaniidha⁽²⁾.

Falaasamoota kana lamaan mirkaneessuuf yaalii danuutu geeggeeffamee ture. Haa ta'u malee hanga yoonatti wanti qabatamaan mirkanaa'e hin jiru. Beektonni danuun garuu ilaalcha isa "Lubbu qabeeyyiin sadarkaa seeliitti jijjiirama tirannaa taasifameen waantota garaa garaa irraa uumaman." jedhu sanatti amanu.

Akka ilaalcha kanaatti seeliin jalqaba uumame lubbu qabeeyyii kanneen akka baakteeriyaa ta'uu isaaniitu ibsama. Achii booda ammoo lubbu qabeeyyii kanneen biroon seelota jalqaba uumaman kanarraa akka jijjiirama tirannaan uumamaa dhufan amananii ibsa garaa garaa laatu.

Haaluma kanaan lubbu qabeeyyiin dura turan sun akkamitti uumaman kan jedhuuf ibsa falaasama garaa garaan deggeramu danuutu kennama. Ta'us falaasamootni sun nama xiinxalchiisuu malee qabatamaan mirkanaa'uu hin dandeenye. Kanaafuu, falaasama kanarratti namootni ammaaf garee dhugaa ykn soba jedhu jalatti hiriiranii wal mormuu malee dhugaa ykn soba ta'uusaa ragaa qabatamaan hin mirkaneeffanne. Kan falaasamani kun dhugaa ta'ee mirkanaa'u, sichi gaafa namootni adeemsa ibsame sanaan seelii tokko uumuu danda'an qofa ta'uu isaati.

Hanga yoonaatti garuu seeliin (lubbu qabeeyyiin) namaan uumame tokkollee hin jiru. Ta'us namootni seelii jalqaba ture tokko gara seelii kan biraatti jijjiiruu danda'anii jiru. Kunis kan mul'isu saayintistootni hanga har'aatti seelii uumuu osoo hin taane, seelii qorachuu fi qo'achuu akkasumas 'jiinii' jijjiiruu qofa kan danda'an ta'uu isaati. Egaa namootni yeroo ammaa kana adeemsa uumamaa qorachuun, seelii kan dura ture tokko gara seelii kan biraatti jijjiiruu danda'anii jiru.

Haa ta'u malee, ilaalcha seelii jijjiiruu jedhu kanaan walqabatees wal mormii muraasni yeroo taasifamu ni argina. Fknf, namootni

gariin uumama 'vaayiresii HIV' jedhamu ilaalchisee yaada garaa garaa ibsu. Inni jalqabaa vaayiresiin 'HIV' (Human Immunodeficiency Virus), vaayiresii duraan ture kan 'SIV' (Simian Immunodeficiency Virus) jedhamu irraa jijjiirama suutaan kan uumame ta'uu ibsu. SIVn gosa Vaayiresii keessaa isa bineensota sanyii qalamee (apes) jalatti ramadaman qofa hubuun beekamu ture. Akka ibsa jalqabaa kanatti HIVn jijjiirama suutaan SIV irraa kan dhufe ta'uu isaati.

Inni kan lammataa ammo “Vaayiresii 'HIV' kana namumatu 'laboraatoorii' keessatti jiinii 'SIV' jijjiiree 'HIV' taasise.” yaada jedhutu iccitiin odeeffama. Ilaalchi waa'ee ‘Vaayiresii Koronaa’ fi kannneen biroo wajjin wal qabatus yaaduma kana fakkaatuun ibsama.

Egaa ibsi kun hundi namootni seelii jijjiiruu malee seelii uumuu akka hin dandeenye kan mul'isuudha. Seelii jijjiiruun kan danda'ames adeemsa uumamaa qoratani, isuma hordofuun akka ta'e hubanna. Kanaafuu, namootni hanga har'aatti seelii tokkoyyuu uumuu hin dandeenye jechuudha.

Maarree, ibsi armaan olii hunduu barnootni saayinsii baayyeen isaa falaasama dhugummaan isaa hin mirkanoofne barsiisaa akka jiru nuuf mirkaneessa. Namoota baayyeetti garuu saayinsiin waanuma dhugaa qofa barsiisu itti fakkaata. Kanumaaf namni baayyeen saayinsii amanee, amantiimmo mormuu jiruu godhata. Dhugaan jiru garuu saayinsiin yeroo hunda dhugaa nama barsiisuuf osoo hin taane, xiinxala nama shaakalchiisuuf kan barsiifamu ta'uu isaati. Kunis dhugaa fi soba wayii addaan baasanii beekuuf nama fayyada. Maarree egaa, nutis amma kunoo isumatti jirra. Mitiiree?

Egaa saayinsii barachuun dansa. Yeroo ammaa kana saayinsiin waan danuu dhala namaaf gumaachuu isaa quba qabna. Kan inni balleessaa jirus hin dhabamu.

Fakkeenyaaf, namni dhukkubsate tokko dhibee isaarraa akka fayyuuf tajaajilli yaala fayyaan kennama. Kunis argannoo saayinsiin gumaache danuu keesssa isa tokkodha. Yaalli fayyaa kun daawaa mana yaalaatii namaaf kennamu dabalata. Ta'us daawaan mana yaalaatii namaa kennamu sunis kan nama

fayyisuu danda'u yoo itti amananiidha. Kunis namni akkuma Waaqatti amanu, saayinsiittis amanaa jiraachuu isaa ibsa.

Gama biraan yoo ilaalle, qorichoota mana yaalaatii dhukkubsataaf kennaman danuu keessaa muraasni isaanii nama fayyisuu malee akkamitti akka nama fayyisan (MoA) qorannoon kan hin mirkanoofne ta'uu argina. Kanarraas kan hubannu wanti dhukkubsataa fayyisu irra jireessaan amantaa namichaa malee qoricha qofa akka hin taaneedha. Kanaafuu, amantaa qabaachuun nama hundaafuu daran kan barbaachisu ta'uu isaas gamanumaan hubachuun dansa ta'a.

Hubadhu! Qorichi nuti jechaa jirru isa mana yaalaatii akka nama fayyisuuf dhukkubsataaf kennamuudha malee isa nama miidhu sana miti. Qorichi nama fayyisu akkuma jiru kan nama ajjeesus jiraachuu isaa quba qabda jedheen abdadha. Eeyyen! Ani amma kunoo waa'ee qoricha isa nama fayyisuu sanan amantaa wajjin wal bira qabee dubbataa jira. Malee qoricha isa nama ajjeesu sana mitii, hubadhu.

Egaa akkuma dhukkubsattootni dhibee irraa fayyuuf daawaa/qoricha isa isaan fayyisu qofa filanii liqimsuu qaban sana,namootni hundi amantaas filatanii itti amanuu qabu. Amantaan akkumuma qorichaa sanatti kan nama fayyisuu ykn kan nama miidhu ta'uu mala. Gabaabumatti amantaanis gaariifi badaa qaba jechuukooti.

Ani kanan fedhu namuu amantii isa gaarii ta'e qofa filatee akka amanuu qabuudha. Fknf, "Anumaaf tolee isa kaanitti haa badu!" jechuurra, "Hunduma keenyatti haa tolu!" jedhanii amanuutu amantaa gaariidha jedheen yaada. Ati akkam jetta?

Waanuma fedheefuu, "Qorichas haa ta'u waaqnis akka nama fayyisu malee, akka inni nama miidhu amanuun sirrii miti!" yaadni jedhummo falaasama kooti. Yoo bakkaa fi akka malee itti fayyadaman garuu wanti kamuu nama miidhuu akka malu hubuchuuf ammoo ati wallaalaa miti.

1.2. Falaasama Amantaalee

Falaasamni akkuma saayinsii keessa jiru, amantaa keessas guutuudha⁽³⁾. Saayinsii amanuu fi dhiisuunis amantii ibsa. Ta'us kan nuti amma ilaaluuf deemnu amantii isa dhimma jiraachuu ykn dhiisuu Waaqayyoon walqabatuuti.

Eeyyen! Addunyaa kanarra namootni jiran dhimma jiraachuu waaqaa ilaalchisee garee gurguddoo lamatti addaan qoodamu. Kunis garee waaqayyo jira jedhanii fi kanneen waaqayyo hin jiru jedhanii amananiidha. Isaan keessaa irra jireessii namootaa garee waaqni jira jedhanii amanan jalatti ramadamu. Muraasni ammoo garee warra "waaqayyo hin jiru" jedhanii amananiiti.

Namootni waaqayyo hin jiru jedhan amantii hin qaban jechuu miti. Waaqayyo hin jiru jedhanii amanuunis amantiidha. Kanaafuu, amantiin jira ykn hin jiru jedhanii amanuu dabalata. Haala kanaan namoota addunyaarra jiraatan hunda garee lamatti qoodnee ilaalu dandeenya. Isaanis garee namoota amantii "waaqayyo jira" jedhu qabani fi kanneen amantii "waaqayyo hin jiru" jedhu qabaniiti.

Namootni amantii isaanii kanas falaasama garaa garaan ibsachuu yaalu. Fknf Namootni waaqni jira jedhan "Waaqatu nama uume" jedhanii amanu. Gareen waaqayyo hin jiru jedhan ammoo falaasama "waaqatu nama uume osoo hin taane namumatu ofiin waaqota uumatte "jedhuun yaada garaa garaa ibsatu. Sababa ittiin akkas jechuu danda'anirrattis waanuma hubatan hunda ibsatu. Egaa namni hundi waan amanuuf sababa kan qabu ta'uu isaati.

Haa ta'u malee garee lamaan armaan olii keessaa irra jireessaan namoota "waaqayyo jira jedhanii amanantu heddummata. Ta'us namootni "waaqni jira!" jedhanii amananis biffaa fi amala; akkaasumas seera isaan ittiin waaqa ibsuu yaalan gidduu garaa garummaa danuutu jira.

Yeroo ammaa addunyaa kanarratti gosootni amantaa 4200 ol ta'an uumamanii akka jiran qorannoon ni ibsa. Kanarraa kan hubannu ammoo namootni danuun waaqa tokkicha isa nama hundaa uume osoo hin taane, waaqa 4200 olitti amanaa kan jiran ta'uu isaaniiti.

Ragaa kanaan addunyaa kanarraa irra jireessi namootaa amantii dhugaa osoo hin taane falaasama sobaatiin faalamanii kan jiran ta'uu hubanna. Sobuma kanatu dhugaa itti fakkaannaan isuma amanaa jiraatus ta'uu hin oolan.

Namootni danuun haaluma kanaan soba amananii isumaan hogganamu. Isumas baratani barsiisuu jiruu godhatu. Qabeenyi isaan ilmaan dhaalchifatanis isuma. Kanaaf, dhugaatti gurra cufatanii soba qofa dhaga'uu filatu. Maarree egaa dhugaan akkasittii namootaan hubatamuu dhaba. Kanumaan namootni danuun sakaallaa sobaa keessatti kufanii jireenya gadadoo jiraatu.

Namoota akkasii kanaan osoo amma ati kaatee amantaan isaanii soba ta'uu akka hin oolle ragaa fudhattee itti himuu yaaltee, silaa sirratti duulanii duulchisuuf olii gadi kaatu. Olola sobaa sirratti oofuus eegalu. Amantaa keenya tuqxe fa'a jedhanii lolaaf daboo sitti yaafatu. Namootni akkanaa kun warra dhugaatti sammuu cufanii, abaaruuf ammoo afaan itti saaqattaniidha. Argitee! Dhugaatu isaan keessa hin jiru, kanaaf, nama dhugaa labsutti dhagaa guuruuf daboo yaafatu. Garuu amantaa dhugaa akka

qabanimmoo dubbatu. Kaanaafidha kan isaan “Ati maal beekta badi nutu sirra beeka” fa’asiin jedhan. Garuu kan isaan beekan Mammaaksa amantaati. Mammaaksuma amantaa isa dur beekan sana qofa mammaakaa ooluudha. Amantaan isaan mammaakaa oolan sun garuu mammaaksarraa kan hafe bu’aa woyii isaaniif hin laatu.

Egaa kunoo akkasitti namootni baayyeen mana hidhaa keessa jiraatu. Waaqni isaan waaqessanis mootii abbaa irree isa hamaa fi gara jabeessa sana fakkaata. Bulguu isa jedhan sana beekta mitii? Eeyyen isuma! waaqni waaqni namoota baayyees sanuma fakkaata. Kanaaf Waaqni abbaa namootaa caalaa nama jaallatu sana fakkaachuu dhabeetu mootii abbaa irree isa gadachee nama bitu sanatti fakkeeffama. Warri waaqa akkasiitti amanan kun akka garbaatti bitamanii jiraatu. Akkuma bulguutti isa sodaachaa ol lixanii gadi ba’u! Ooh! Mee na dhiisi dubbii isa Waaqa bulguu fakkaatuu kana.

Waaqni inni namoota hunda uumee, uumamasaa hunda akkuma agartuu ijasaatiitti jaallata. Waaqni sun warra waaqa bulguu fakkaatutti amanan hundaaf haa dirmatu! Dhugaadha, ani

namoota akkanaa kanaaf, garaa koo guutuunan isaaniif kadhada. Waaqni dhugaan sun isaaniif haa mul'atu! Ameen!

Egaa Gosoota amantaalee 4200 ol jiran hunda keessaa irra jireessi isaani amantaalee duudhaa jalatti ramadamu⁽⁴⁾. Muraasni ammoo amantaalee ammayyaati. Isaan kanas akka armaan gadiitti haa ilaallu.

1.2.1. Amantaalee Duudhaa

Amantaa duudhaa jechuun gosoota amantaalee jiran keessaa kanneen naannoo tokko qofa keessatti malee addunyaa guutuu birratti hin beekamneedha. Amantaaleen akkanaa kun biyyoota hunda keessatti kan argamaniidha. Fknf Gosa amantaalee duudhaa keessaa biyya keenyatti bal'inaan kan beekamu amantaa Waaqeffannaa Oromooti. Amantaan waaqeffannaa Oromoo kun akka amantaalee ammayyaa sanatti kitaaba barreeffame hin qabu. Innis akkuma amantaalee duudhaa kanneen birootti afaanumaan odeeffama.

Haa ta'u malee hayyoonni Oromoo garaa garaa walitti dhufani amantaa waaqeffannaa Oromoof kitaaba qopheessuu yaalanii

turan. Kitaabni jalqabaa kunis "Daaniyaa"jedhamee moggaafame. Ta'us garuu gariin waaqeffattootaa ibsa kitaabicha keessa jirurratti waliif hin galle. Gariin isaanii qeeqa "odeeffannoon kitaabicha keessatti katabaman, namoota dhugaa amantichaa hin beekneen ibsame" jedhuun mormii kitaabicharratti qaban ibsatu. Kanaafuu, waaqeffattootni gariin kitaabichatti hin amanan. Haa ta'u malee ani akka dhuunfaa kiyyaatti yeroon amantaa Waaqeffannaa Oromoo kana seenee qorachaa ture sana, kitaabichas ta'u beektota amantichaa irraa waa danuun qoradhe. Egaa kunoo ammas isumarraan waa muraasa siif ibsuu yaala.

Akka falaasama amantaa Waaqeffannaa Oromootti Waaqeffannaa jechuun jechoota garaa garaa lama kan:"Waaqa fi Aanfannaa" jedhu irraa kan uumame ta'uun odeeffadhe. Hiikni isaas Waaqa ofitti aanfachuu kan ibsu ta'uu isaati.

Inni kan biraan waaqni uumama hunda guyyaa 27 keessatti uumee kan xumure ta'uun odeeffadhe. Kanaanis waaqni amantaa Oromoo waaqa ani kana dura beekurraa adda ta'uu isaan hubadhe. Ani sana dura namootni waaquma tokkicha

maqaa garaa garaan waamu jedheen hubadhan ture. Ergasii garuu waaqni amantaa hundaa garaagara akka ta'en hubadhe.

Inni kan biraan waaqni amantootni waaqeffannaa Oromoo amanan akkaataa inni itti uumama hunda uumes kanan dura beekurraa adda ture. Fknf akka ibsa amantichaatti waaqni uumama hunda bishaan ganamaa irraa akka uumen odeeffadhe.

Bishaan ganamaa kun walaabu akka jedhamu natti himan. Walaabu kun bishaan jalqabaa isa waaqni waaqaaf lafa dabalatee waanuma hunda irraa uume ta'uun odeeffadhe. Akka ibsa kanaatti Waaqni jalqaba bishaan walaabuu bakka lamatti gargar hire. Kunis yaa'a isa olii fi isa gadiitti gargar qoodame. Yaa'a olii kanarraa samiifi waantota achi keessa jirantu uumame. Bishaan inni ya'a gadii ammoo dachee fi bishaanitti addaan qoodame. Namni jalqabaas bishaan ya'a gadii kanarraa uumame.

Namni jalqaba bishaan keessaa ol ba'e kun Horo jedhama. Horo kun saala kan hin qabne ture. Garuu waaqni mil'uu isaatiin Horoon bakka lamatti gargar qoode. Inni gama mirgaatti kufe Horaa jedhame. Kan bitatti kufte ammoo Hortuu jedhamte.

Ergasii Horaa fi Hortuu kanaan waaqayyo horaa baayyadhaa jedhee eebbise. Waaqeffatootas ta'aa jedhee isaan ajaje. Sanyiin namootaa hundis Horaa fi Hortuu kanarraa horanii baayyatan kan jedhun odeeffadhe.

Dabalataan Oroomoo namni jedhamu ilmaan Horaa fi Hortuu keessaa tokka akka ta'en odeeffadhe. Oromoonis ilmaan lama dhalche. Inni angafaa Innoo jedhama. Innoo jechuun Innikka ykn angafa ta'uu ibsa. Inni quxusuun ammoo Aannoo kan jedhamu ta'uun odeeffadhe.

Aannoon ilmaan Oromoo keessaa isa quxusuu ta'us Qaalluu jalqabaa akka ta'en Daaniyaa irraa dubbise. Waaqni seera uumamaa fi seera bulchiinsaa jalqaba nama Aannoo jedhamutti akka mullises achumaan odeeffadhe. Waaqni uumama hunda guyyaa 27 keessatti akka uume kan jalqaba hubatee himes Aannoo ta'uu isaa hima. Seera namni ittiin uumama jiran hunda hogganuus waaqumatu Aannoo kanatti ibse jedha. Seerri kun seera gadaa akka ta'es dubbata. Namootni safuu hawaasaa eeguun seera waaqaa akka ta'es ibsa.

Akka ilaalcha amantaa Waaqeffannaa Oromootti Seerri gadaa seera namaan kalaqame osoo hin taane seera waaqaa akka ta'e Daaniyaan hima. Seerri gadaa seera waaqni jalqaba Aannootti mullisee namoota akka inni barsiisu taasise ta'uu ibsa. Namni jalqaba qaalluu ta'e Aannoo ta'uu hima. Qaallummaan ayyaana waaqayyo namaaf kennu akka ta'e dubbata. Qaallummaan kunis sanyiin kan daddarbu ta'uu caqasa. Namni jalqaba qaalluu ture yoo du'aan boqote ykn dulloome garuu ayyaanni qaallummaa kun sanyii namichaa keessaa nama tokko filatee irratti akka bu'u hima. Qaallummaa kanas kan namaaf kennu waaqa ta'uu dhaama. Walumaa gala ani barsiisa amantaa waaqeffannaa Oromoo ilaalchisee kanan odeeffadhe danuun qaba. Gariin isaa dhugaa lafa jiru osoo hin taane, sirreeffamee katabamuuf akka yaalaman hubadhe.

Qeeqa namootni amantaa waaqeffannaa Oromoo irratti qabanis gulaaluu yaaleera. Haa ta'u malee ibsa walfakkaatu hin arganne. Anis ofuma kiyyaan yeroon qorachaa ture sana dhimma wa'ee qaalluu irratti waantotni gaaffii natti uuman tureera. Fknf. Afuurri qaalluu fi afuurri qulqulluun garaa garummaa fi wal

fakkeenya akkamii akka qabu gaaffii natti ta'ee ture. Kanumarraa ka'uun garaa garummaa afuura qulqulluu isan amantaa kiristaanummaa keessatti beekuu fi afuurri Qaalluu maal akka ta'e wal bira qabee madaaluu eegale. Fknf Qaalluun hooda akka himu, hooda himuuf ammoo dursa ayyaanni irra akka bu'u, sana booda akka fagu fa'a gama qeeqaan odeeffadheen ture. Kanas Afuura qulqulluu amataa kiristaanummaa keessumaa amantaa protestaantii wajjin wal bira qabeen ilaale. Sana booda mala tokkon faladhe. Innis afuura isa caalu adda baafachuu akkan qabuudha. Battaluma sana dubbiin tokko kitaaba qulqulluu keessaa yaada keessa nadhufe. Ilaa akkas jedha.

Gaaf tokko nuyi gara iddoo kadhataatti utuu adeemaa jirruu, xomboreen hafuura "Hooda dubbachiisu" of keessaa qabdu tokko nutti dhufte; isheen hooda dubbachuu isheetiin horii baay'ee gooftota isheetiif in galchiti turte. Isheen, "Namoonni kun hojjetoota Waaqayyoo aabbaa ti; karaa fayyinaa isinitti in himu" jettee iyyaa Phaawulosii fi Sillaas duukaa in adeemti turte. Kanas guyyaa baay'ee goote. Phaawulos garuu aaree itti garagalee hafuurichaan, "Maqaa Yesus Kristosiin akka

ishee keessaa baatuuf, sin abbooma jedhe. Hafuurichi achumaan ishee keessaa ba'e"(HoE 16:16-18).

Achumaanan Afuurri Qulqulluun inni kan kiristoos afuura qaalluu akkanni caalu hubadhe. Itti dabalees Afuurri Qulqulluun isa ittiin fagan osoo hin taane afuura tasgabbii fi nagaa namaa kennu akka ta'e ammoo muuxannoon qaburraan argadhe. Muuxannoo isan dur yeroon protestaantii keessa ture afuuraan guutamaa ture sanajechuu kooti. Egaa akkasittan afuurri qaalluu, Afuura Kirstoosiif kan abboomamu ta'uu isaas addaan baafadhe. Amantaa dhugaan isa mammaaksa danuun ibsamu osoo hin taane, isa hojii gaariin beekamu ta'uu isaas caqasuma wangeela keessa jiruunan yaadadhe(Titus 1:14). Isa boodan amantaa Islaamummaa qorachuuf ammoo garasitti qajeele. Achiis maal akkan hubadhe boodarran itti dhufa.

1.2.2. Amantaalee Ammayyaa

Qoodama amantaalee waliigalaa keessaa muraasni garee amantaalee ammayyaa jalatti kan ramadaman ta'uu isaanii armaan olitti ilaaluun keenya ni yaadatama. Amantaalee ammayyaa jedhamuun kanneen qoodaman kunis amantaalee yeroo dhiyootti uumamanii fi kanneen daangaa ce'uun biyyoota hedduu biratti beekamaniidha(3).

Namootni amantaalee duudhaa hordofan isaan kanaan "Amantaa Ammayyaa ykn Dhuftee" jedhanii waamu. Kanaanis akka fakkeenyaatti amantaalee Kirstaanummaa fi Islaamummaatu maqaa dha'ama.

Egaa amantaan Kirstaanummaa fi Islaamummaan warra dhiyeenya uumaman jalatti ramadamu. Isaan kun lamaan kitaaba bareeffame qabaachuu fi ergama ba'achuu amantoota isaaniitiin addunyaa guutuu irratti beekamtii argachuu danda'anii jiru. Kanaafuu, amantaalee ammayyaa keessaa kanneen yeroo ammaa kana addunyaa guutuu dhuunfatanii jiran isaan kana lamaan ta'uu isaaniiti.

Haaluma kanaan amantaalee jiran keessaa yeroo ammaa kanneen miseensa hedduu horachuun beekaman lamaan duraa duubaan Kiristaanummaa fi Islaamummaadha. Isaan kun lamaan amantaalee ammayyaa jedhamuun kan beekaman ta'us garuu bu'urri isaanii amantaa duudhaa kan 'Yihudiizimii' jedhamuun beekamuudha. Kanaaf jecha, lamaan isaanii maqaa 'Abrihamic religion' jedhamuun beekamu. Kunis warra amantaa Abrahaam/Ibraahim hordofan ta'uu ibsa.

Seenaa Abiraam kanas namni dura katabe Musee nama jedhamu ture. Inni Abraamiin ijaan hin argine. Garuu gargaarsa afuura waaqaatiin geggeeffamee seenaa bara Abraamii fi isa dura turan hunda katabee ture. Seenaan kunis kitaaba qulqulluu kiristaanummaa keessaa bakka "seera uumamaa" jedhamu jalatti katabamee argama.

Haaluma walfakkaatuun Museen seerota shan ta'an katabee ture. Sanyii Yihudootaa keessaa raajotnii fi moototni hedduunis seenaa hedduu katabanii turan.

Kitaabilee amantaa keessaa kan jalqaba bifa kanaan katabames kitaaba amantaa Yihudiizimiiti. Kitaabni amantaa Yihuudiizimii kun jalqaba afaan Ibrootaan barreeffame. Kitaabni jalqaba waa'ee sanyii namoota addunyaa maraa ibses kitaabuma afaan Ibirootaan katabame kana ture. Namni hundi sanyii Addaam irraa akka dhufe jalqaba isatu ibse. Ijoolleen Nohi sadanis: (Seem, Haamii fi Yaafet) fa'a akka jedhamanis isumatu namoota hunda hubachiise. Kitaabni Musee kun jalqaba amantaa Yihudootaa (Yihudiizimii) biratti amanamaa ture. Amantaan Yihudiizimiis kanuma barsiisa ture.

Kun osoo kanaan jiruu yeroo dheeraa booda kiristaanummaan amantaa Yihudiizimii kanarraa foxxoqe. Kunis sababa Yihudootni kiristoos akka dhufee isaan gidduutti dhalatu osooma beekanii, yeroo inni dhufe garuu isatti amanuu dhabaniif ture. Kanumarraa ka'uun kiristaanummaan dhalachuu kiristoos booda uumamee amantaa Yihudiizimii dur ture irraa foxxoquu danda'e jechuudha.

Dubbii isa kitaaba amantaa jalqabaa sana keessatti caqafamee ture namootni dogoggoraan barsiisaas turan. Barsiisni Kiristoos

barsiisaa ture isuma amantaa Yihudiizimii keessa jiru sanadha. Yesuus rakkoo kanas furuu dhufe. Isa inni isaan barsiisu kana isaan garuu hin hubanne. Inumaayyuu isa fannisan.

Fannifamuu Kiristoosiin booda namootaKirstoositti amanantu, amantaa Kiristaanummaa jedhamu kana hundeesse jechuudha (Ho. erg11:26).

Kiristaanotni jalqabaa sun gariin warra barsiisa Yesuus hordofaa turanii fi gariin ammoo erga inni du'ee du'aa ka'ee booda warra Yesuusitti amanan turan. Yesuus yeroo qaamaan isaan barsiisaa ture sana bartootni isaa dhugaa isarraa baratan sana akka namoota hundumaa barsiisuu qabanis isaan ajajee ture. Erga inni fannifamee boodas bartootni isaa ergamuma kiristoos isaanitti kenne kana ba'achaa turan jechuudha.

Warri Yesuusiin fannisan garuu bartootasaa kanas dararaa turan. Haaluma kanaan gariin isaanii ni fannifaman. Gariin ammoo dhagaan tumamanii ajjeefaman. Gariin zayitii gubaa keessa buufaman. Dhugaa kiristoos kana labsuuf waan isaan hin taane hin jiru. Ta'us garuu akkuma isaan abdachiisee ture Yesuus

yeroo ol fudhatame afuura waan hunda isaan dandeessisu isaaniif erge. Afuuruma sanaan ija jabina argatan. Afuurichis Afuura Qulqulluu isa abdachiifameedha. Ija jabina afuurichaan argataniinis hanga lubbuu dhabuutti dhugaa Yesuus namoota hundatti labsaa turan. Wanti isaan barsiisaa turanis kitaabuma duraa (Kakuu Moofaa) sana biratti barumsa Yesuus isaan barsiisaa tureedha. Dhugaa sana akka Afuurri Kiristoos isaaniif ibsetti karaa garaa garaa namoota barsiisaa turan. Gamtokkoon qaamaan namoota isaan bira jiranitti labsaa, gama biraan ammoowarra fagoo jiraniifis bifa xalayyaan barreessanii bakka garaagaraatti ergaa turan. Egaa kiristaanotni haala kanaan namoota hedduuf dhugaa kiristoos labsaa turan. Kanumaan Kiristaanummaan daran baballachaa dhufe.

Yeroo booda garuu barumsi Kiristaanotni jalqabaa sun Afuura Qulqulluun geggeeffamanii barsiisaa turan hundi bakka jiranii funaanamanii akka Kitaaba Qulqulluutti dabalaman taasifaman. Achi keessaa barsiisa isa Phaawuloos bifa xalayyaan namootaaf ergaa turetu heddummata. Kunis isa yeroo inni mana hidhaa

keessa taa'ee amantoota biyya garaa garaa jiraniif ergaa ture fa'a dabalata.

Egaa haaluma kanaan kitaabotni barsiisa kiristoos ibsus kitaaba qulqulluutti dabalame. Kana booda kitaabni amantaa kiristaanummaas haareffame. Kitaabni bifa haaraan kitaaba dur turetti dabalame kunis kakuu haaraa jedhamee beekame. Akkasitti kitaabni kiristaanummaa Kakuu Haaraa fi Kakuu Moofaa akka addaan qoodamus taasifame. Maqaan "Kitaaba Qulqulluu" jedhus itti moggaafame.

Egaa Kitaabni Qulqulluun kutaa Kakuu Moofaa fi Kakuu Haaraatti kanneen qoodaman akka of keessaa qabu hubannee jirra. Kakuu Moofaan kitaaba seeraa, kan moototaa, seenaa, faarfannaa firaajotaa warra amantaa Yihuudiizimii keessa turan of keessaa qaba. Kakuu haaraan ammoo barisiisa waa'ee kiristoos kan of keessaa qabudha. Egaa amantaa kiristaanummaaf bu'uurri amantaa Yihudiizimiiti akka ta'es gamanumaan hubachuu dandeenyee jirra jechuudha.

Amantaan Yihudiizimii jalqaba osoo kitaabaan hin katabamin dura amantaa duudhaa kan Yihudootaa ture. Erga katabamee garuu afaan garaa garaan hiikamee biyyoota garaa garaatti raabsamuu eegale. Amantaan kiristaanummaas isumarraa foxxoqe. Kiristaanummaa irraa ammoo amanaalee kanneen akka Isilaamummaatu foxxoqe. Kana qofa miti amantaaleen kiristaanummaas bakka hedduutti gargar cabanii jiru. Aamntaan kiristaanummaa kun gosa amantaalee ammayyaa hunda of keessatti haammatee argama.

Isilaamummaan maqaa kiristaanummaa jedhuun of hin ibsine malee kan inni barsiisu waanuma amantaa kiristaanummaa keessatti caqafamee jiruudha. Kunis isanni seenaa durii dabalatee seenaa kiristoosis of keessaa qabuun mirkaneeffama. Kanaafuu, gabaabumatti Isilaamummaaf bu'urri amantaa kiristaanummaa akka ta'e xiinxaluun nama hin dhibu.

Seenaan Kitaaba Qulqulluu keessatti caqafame danuutu Quraana keessatti argama. Duraa duubaa katabbiin yoo ilaalles kan dura barreeffame kitaaba qulqulluu akka ta'e hubanna. Isilaamummaan jalqaba kiristaanummaa irraa kan foxxoqes

akkuma Kiristaanummaan Yihudiizimii irraa foxxoqe sanatti dogoggora Kiristaanummaa keessa jiru qajeelchuuf akka ta'etti ibsama. Tarii dubbiin kunis dhugaa moo, falaasama ta'innaa? Isa kana ammaaf atumti madaalii ilaaali. Ani boodarran itti deebi'aafani.

BOQONNAA LAMA

HUBATAA FI GUFATAA DUBBII AFUURAA

Akkuma armaan olitti caqafame, bu'uurri amantaa Kiristaanummaa Yihudiizimiidha. Bu'urri amantaa baay'ee ammoo kiristaanummaadha. Amantaalee danuutu kiristaanummaa kanarraa fofoxxoqee jira. Kitaaba Qulqulluu kiristaanummaa irraas kitaabota amantaa danuutu haareffamee jira. Kanas dubbii kitaaba Qulqulluu keessatti katabamee jiru hubachuu dhabuurraa kan ka'e, gariin itti dabalee katabe. Gariin ammoo irraa hir'ise. Gariinis dubbii katabamee jiru hubachuu dhabnaan falaasama mataa isaan hiikee barsiisuu eegale. Akkasitti amantaalee hedduun kiristaanummaa jalqabaa irraa fofoxxoqanii jiru. Walumaagala amantaalee hedduutu kiristaanummaarraa addaan babba'ee jira.

Kanaafuu, namni amantaa kiristaanummaa isa dhugaa beekuu fedhu dursa barsiisa isa kitaaba Qulqulluu keessatti caqafame sirriitti hubachuu qaba. Ergasii booda kamtu kam akka ta'e xiinxalee hubata. Hubadhu! Dubbii Kitaaba Qulqulluu keessa

jiru hunda sirriitti hubachuuf garuu Afuura Qulqulluun guddachuun dirqama. Eeyyen barsiisa Kiristoosiin hubachuuf afuuraan bilchaachuu nama gaafata.

Namni Afuuratti xobbee taanaan akkuma mucooliiti. Dubbii jajjabaa fi dhugaa hubachuuf ni rakkata. Inni waanuma halleen gufata. Kanaaf, kitaabni qulqulluunis akkas jedha.

Yaa obboloota ko, ani akka warra yaada foonii duukaa bu'anii, Kristositti immoo xobbee akka mucoolii ta'aniittan isinitti dubbadhe malee, akka warra yaada hafuuraa duukaa bu'aniitti isinitti dubbachuu hin dandeenye. Ani aannan akka dhugdaniif isiniif kerneera; isin nyaata jabaadhaaf hin geenye turtan, ammuma iyyuu hin ga'in jirtu. Isinoo amma iyyuu akka warra yaada foonii duukaa bu'anii ti; hinaafuunii fi wal qoccoluun erga isin gidduu jiraatee, isin warra yaada foonii duukaa buutan mitii ree? Isin keessaa inni tokko, "Ani kan Phaawulos" jedhee, inni kaan immoo, "Ani, kan Apholos" yommuu jedhu, warra akka yaada namaatti hojjetan ta'uu keessan mitii ree? (1Qor 3:1-4) jedheetu amantoota waldaa Qorontoosiin komata.

Isin akka mucoolii dubbii sasalphaa malee dubbii afuuraa isa gadi fageenyaan hubatamu hubachuu hin dandeenye jechuusaati. Namootni sun dubbii waaqaa hubachuu dhabuurraa kan ka'e

walqooduu fi waliin moorkachuutti akka goranis ifa baasee dubbata.

Ani yeroon barsiisa kana dubbisu jecha isa beektotni, "a little knowledge is dangerous!", jedhan sanan yaadadha. Beekumsi xiqqoon balaafamtuudha jechuusaaniiti. Maarree dubbiin kun dhugaadha!

Dhibeen namoota gidduutti balaa danuu uumu beekumsa xiqqoo qabaachuu namootaati. Namootni beekumsa bilchina hin qabne qaban, isuma qaban sana beekumsa se'u. Isaan akkasii kun qocolloon beekamu. Ariifatanii murtoo biraatti seenu. Isaan akkuma mucooliiti. Waa gadi fageessanii hin hubatan. Egaa namaootni Paawuloos itti dubbatu kunis akkasuma turan. Kanaaf, Yesuus kiristoosiin hubachuu dhabuu irrattis wal dhaban.

Maal kana qofa. Dubbiin kun dhibee kiristaanota gidduu jiru danuu hima. Gariin kiristaanotaa dubbii wangeelaa hubachuu dhabnaan waaqni sadii ta'uu himeetu isa kaaniin qoccola. Gariin ammoo lakki waaqa abbaa malee ilmi waaqa miti jechuun

qoccolloof ragaa kitaaba keessaa barbaaddata. Inni biraanis lakkaa matumaa" Yesuus malee Afuurri qulqulluun maali" jechuun garee uumanii wal qoccoluun dhufe. Egaa rakkoo kana hanbisuuf barsiisni kitaaba qulqulluu maal akka ta'e mee isuma Yesuus barsiise irraa kaanee haa ilaallu.

Kitaabni Qulqulluun akkas jedha.

"Abbaanii fi ani tokko isaaniin jedhe. Kana irratti warri Yihudootaa dhaga'anii isa ajjeesuudhaaf ammas dhagaa funaannatan. Yesuus garuu deebisee, "Hojii gaggaarii abbaan koo anatti kenne baay'ee hojjedhee isinitti argisiiseera; isaan kana keessaa hojii isa kamiif dhagaadhaan ana dha'uu barbaaddu?" isaaniin jedhe. Yihudoonni immoo, "Ati Waaqayyoon waan arrabsiteef malee, hojii gaarii waan hojjeteeff dhagaadhaan kan si dhoofnu miti. Ati nama taatee utuma jirtuu Waaqayyoon of goota'o" jedhanii deebisaniif. Yesuus immoo, "'Anoo isin waaqayyoota isiniin jedheera' kan jedhu seera keessan keessatti caafamee' jira mitii? Waaqayyo warra dubbiin isaa itti kennameen 'Waaqayyoota' jedhe; waan macaafni jedhus hin diigamu (Yoh 10:30-34)". Jechuun dubbii (Far 82:6) isaan barsiise.

Dabalataanis:

Yesus deebisee, "Karichi, dhugaan, jireenyis, ana; anaan yoo ta'e malee, eenyu iyyuu gara abbaa hin dhufu. Ana beektanii utuu jiraattanii, abbaa koos in beektu turtan; ammaa jalqabdanii isa in beektu, isa argitaniittus" jedheen. Filiphos immoo, "Yaa gooftaa, abbaa nu argisiisi, kanaa achi nu ga'a" ittiin jedhe. Yesus deebisee, "Utuma ani yeroo dheeraa hammana ga'u isinii wajjin jiraadhuu iyyuu ana hin beeknee, Filiphos? Namni ana arge abbaa arge; attamitti, 'Abbaa nu argisiisi' jetta ree? Ani abbaa keessa, abbaanis ana keessa akka jiru hin amantuu ree? Abbaa isa ana keessa jiraatutu hojii isaa hojjeta malee, dubbii ani isinitti dubbadhu hundumaa ofuma kootiin hin dubbadhu. Ani abbaa keessa, abbaanis ana keessa akka jiru na amanaa! yookiis sababii hojichuma kana hundumaaf ana amanaa! "Dhuguma, dhuguman isiniin jedha, namni anatti amanu waan ani hojjedhu hundumaas in hojjeta; ani gara abbaa waanan dhaquuf kana irra kan caalu iyyuu in hojjeta. Abbaan ilma isaatiin ulfina akka argatutti, waanuma isin maqaa kootiin kadhattan ani nan raawwadha. Waanuma tokko isin maqaa kootiin yoo kadhattan, ani nan raawwadha" jedheen (Yoh 14:6-14).

Yesus itti fufee, "Isin yoo na jaallattan abboommota koo in eegdu. Ani abbaa nan kadhada, inni bara baraan isin bira haa jiraatuuf, kan biraa kan isiniif dubbatu, isiniif in kenna. Inni isiniif dubbatu kun, hafuura dhugaa ti; biyyi lafaa waan isa hin argineef isa hin beekneefis, isa fudhachuu hin danda'u. Isin garuu, inni isinii wajjin waan turuuf, isin keessas waan jiraatuuf isa beekuuf jirtu. Ani kophaatti isin hin dhiisu, gara

keessan nan dhufa. Yeroo gabaabduu booddee biyyi lafaa deebi'ee ana hin argu, isin garuu ani waanan jiraadhuuf, isinis immoo jiraachuuf waan jirtaniif na argitu. Gaafas ani abbaa koo keessa, isin immoo ana keessa, anis isin keessa akkan jiru beekuuf jirtu. (Yoh 14:15-20).

Itti fufees "Ani jireenya bara baraa isaaniif nan kenna, isaan bara baraan hin badan, namni tokko illee harka koo keessaa isaan hin butatu (Yoh10:28) "jedha.

Paawuloos afuura qulqulluun geggeeffamee kan inni barsiise ammoo akkas jedha:"*Waaqayyo tokkicha, inni gidduu dhaabatee Waaqayyoo fi nama walitti fidus tokkicha, inni immoo Kristos Yesus isa nama ta'ee mul'atee dha*" kan jedhuudha (1Xim 2:5).

Walumaa gala cuunfaan barsiisa armaan olii kun Yesuusiin namni arge, waaqa akka arge ibsa. Yesuus waaqa isa namni arguu fedhu akka ta'e hima. Waaqa abbaa fi Yesuus akka walkeessa jiraatan ibsa. Namni Yesuusitti amanu afuura isaa akka argatu hima. Afuurri sunis nama Yessusitti amane keessa akka jiraatu hima. Kanaafuu Yesuus abbaa keessa abbanis isa keessa akka jiru hima. Abbaan yesuus keessa kan jiraatu afuuraan akka ta'e, namaYesuusitti amane keessas afuurrichi jira. Hubadhu! Waaqayyo afuuraan Yesuus keessa jira. Yesuus gaafa

qaamaan isaan bira hin jirre afuurri sun warra amanan keessa akka jiraatu hime. Afuurri sunis waaqa. Kanaafuu, nama afuurri sun keessa jiru hunda keessa waaqatu jira. Namni afuura sana of keessaa qabu raajii Yesuus dalagaa ture hunda dalaguu danda'a. Inumaayyuu isa caalaa akka raajii gochuu danda'u ibsa.

Egaa Waaqayyo tokkichi Afuura jechuudha. Isumatu jalqaba qaama osoo hin qabaatin sagaleen dubbachaa ture. Isumatu foon uffate (Yesuus) gidduu keenya ture (Yoh 1:1-3). Yesuus erga biyya lafaa dhiisee deemse afuurichuma warra isatti amananiif erge. Afuurri sun yesuus keessa jiraachaa ture. Namni afuurichi isa keessa jiru cubbuurraa kan hafe haboo waan hunda hojjechuu argata. Kanaafuu, namni sunis waaqa of keessaa qabaata. Waaqatu isa keessa jira jechuun aangoo humna waaqaa qaba jechuudha. Isin waaqoliidha jechuunis kanuma ibsa (Far 82:6).

Egaa nama Yesuusitti amanu qofatu haboo kana argata. Kanaafuu, namni waaqa beekuu fedhu jalqaba yesuusiin beekuu qaba. Karichi dhugaan, jireenyis, ana; anaan yoo ta'e malee, eenyu iyyuu gara abbaa hin dhufu jechuunis kana ibsa"

Namootni Yesuusiin amanan afuura kana fudhatu (Ho erg 2:17). Bartootni Yesuusis afuuruma kana fudhatanii waan danuu dalagaa turan. Naafa diriirsaa turan (Ho erg 3:3-7). Dhukkubsataa fayyisaa turan. Seexana nama keessaa baasaa turan (Ho erg 16:16-18). Wangeela lallabaa turan (Gal 1:11-12). Har'as afuurri sun nama amaneef ni hojjeta.

Warri dhugaa kana amananii fudhatan afuura kana fudhatan. Isumaan wangeela hiikanii barsiisaa turan. Keessumaa Paawuloos isa Yesuus na caalaa hojjetu jedhe sana mirkaneessuu hin oolle. Barsiisni inni barsiisu ajaa'iba danuu qaba. Dubbii jajjabaa danuus qaba. Dhoksaan dubbii waaqaa sirriitti isaaf galee ture. Isuma namoota danuu barsiisaa ture. Warri kaanis akkasuma. Waantota isaan barsiisaa turan namootni danuun hubachuu hin dandeenye. Namni afuura kiristoos of keessaa qabu garuu sirriitti hubata.

Pheexiroos akkas jedhee barsiise"*Akka mucooliin reefuu dhalatan aannan barbaadanitti, isinis fayyinaaf ittiin guddachuudhaaf yeroo hundumaa dubbii hafuuraa isa haxxummaan keessa hin jirre sana dharra'aa! (1phex 2:2)* jedha. Bakka kanattis dubbii afuuraa sirriitti hubachuuf afuuratti guddachuun akka amantoota barbaachisu ibsa. Egaa ibsa kanarraas namni bilchina hin qabne dubbii jajjabaa hubachuu akka hin

dandeenye mirkaneessa. Kanaafuu, amantootni dubbii afuuraan guddachuu akka qaban akeekkachiisa. Ta'uu baannaan isaanis akkuma mucoolii hin guddatin jiranii sana ta'u. Waanuma hundaan gowwomfamu. Hubannoo bilchaataa hin qabaatan. Dubbii laafaa malee isa jabaatu hubachuuf ni rakkatu. Egaa namootni akkasii akkuma bishaan gabatee irraati. Garuma jallisanitti jallatu.

Kitaabni qulqulluun akkas jedha *"Isa karaa ayyaana Kristos isin waame irraa garagaltanii, akkas ariifattanii gara wangeela kan biraatti goruu keessaniif nan dinqifadha. Wangeelli kan biraanillee hin jiru. Garuu namoonni isin wallaalchisanii, wangeela Kristos garagalchuudhaaf barbaadan tokko jiru"* jechuun dhugaa amma argaa jirru kana dubbata (Gal 1:6-7).

Ittuma fufuun Phaawuloos akkas jedheetu amantoota Galaatiyaa jiran barsiise:" *Ammas yaa obboloota ko! Wangeelli inni ani lallabe, waan namni of keessaa fuudhee dubbate akka hin ta'in, isinittan hima. Yesus Kristos anatti mul'achuu isaatiinan wangeelicha argadhe malee namarraa hin fudhanne, namnis ana hin barsiifne* (Gal 1:11-12) jedha.

Pheexiroos yeroo barsiisu akkas jedha:"*Gooftichi inni isin gara isaa dhuftan kun akka dhagaa jiraataa ti* (1phex2:4). *"Inni dhagaa nama gufachiisu, kattaa nama kuffisus ta'e, isaan sababii dubbichaaf abboomamuu*

didaniif ni gufatu" (1phex2:8) jedheetu waa'ee kiristoos kitaaba qulqulluu irraa caqasee barsiisaa ture.

Egaa dubbii muraasa ibsame kanarratti namootni dubbii afuuraa hubachuun itti ulfaate akkuma akka isaaniif galetti hubatan. Kanaafis, qoccolloo eegalan. Ani garee Apholoosi, Animmoo kan Phaawuloos jechuunis dhalate. Silaa kan isaan hordofuu qaban afuura kiristoos qofa ta'uu qaba ture. Isa hordofuu dhabnaan hubannoos dhaban. Akkasitti bakka danuutti caccaban. Amantaalee garaa garaa uuman. Waaqas akkuma yaadanitti uumattanii itti amanuus eegalan. Waaqni dhugaan garuu tokkicha. Isa hubachuu garuu hin dandeenye.

Yesuus akkas jedhee ture:"*Yaa abbaa! Si'i isa tokkicha, isa dhugaa, Kiristoosiin ammoo isati ergite amanuun isaanii jireenya bara baraati*" (Yoh 17:3). Egaa Kitaabni qulqulluun waaqni sadii ta'uu isaa bakka itti ibse hin qabu. Yesuusis kana hin barsiifne.

Namootni dhugaa kana falaasama woyiin jallisan waaqa danuutti amanu. Gariin fakkii harkaan kaafameen kun waaqa jedha. Gariin waaqa dhiisee ergamoota waaqaa kan ofii godhee

waaqatti dhaamsa ergata. Gariin "Haadha lagannee akkamitti ilma waaqessina!" yaada jedhuun qoccolloof dhiyaata. "Utuu Maariyaam hin jiraannee Yesuus akkamitti dhalata?" Fa'a jedheetu deggersa argachuuf ammoo nama kitaaba dubbisu ollaarra iyyaafata.

Garuu dubbichi akkasi:"*Yesuus kiristoos bifa waaqaa isa waaqni ijaan hin mullanne sun ittiin namootatti mul'atuudha (Qol 1:15-17). Inni waaqa bira ture. Isumatu foon uffatee gidduu keenya ture, inni ofuma isaatiis waaqa ture jedha (Yoh1 :1-12).*

Egaa akkuma kitaabni qulqulluun ibse waa'ee Kiristoos kun namoota hedduuf dhagaa gufannaati. Namni Kiristoositti amane afuurasaa fudhata. Namni afuuraan guddate ammoo dubbii afuuraa kana ni hubata. Namootni kana gochuu dhaban garuu ittiin gufatanii kufu. Warri Yesuusiin ajjeesan dubbii isaa hin hubanne. Isa hubachuu dhabnaan inumaa Yesuusiin ajjeesan. Inni garuu du'aa ka'e. Gara waaqummaattis ol ba'e. Warra isa amanataniif ammoo afuura isaa isiniif erge (Ho erg 2:17). Bartootni isaas isumaan dhugaa arganii dhaga'an hunda barsiisan. Harras warra isatti amananiif dhugaan ni ifa.

Egaa dura Yesuustu qaamaan namoota barsiisa. Amma garuu afuuraan namoota gidduutti argamaa jira. Afuurichumatu dhugaa namoota barsiisa. Yesuus gaafa abbaan *ana keessa, anis abbaa keessan jira, akkasumas, namni na arge abbaa arge* (Yoh 14:9-10) Jechuun namoota barsiisaa ture sana namootni danuun maal akkanni jechuu fedhe hin hubanne. Yeroos Yohudootni mammaaksa amantaa qofa waan beekaniif dhugaa kana hubachuu dhaban. Yesuus gaaf tokko: "Ani Abraam dura jiran ture" jedhee isaan barsiisnaan, isaanimmoo ati dheengadda dhalatte waggaa 50 hin guunne eessaa abbaa keenya Abiraam dura turte ittiin jedhanii isa dha'uuf dhagaa funaannatan (Yoh 8:58-59). Innimmoo jalaa miliqe. Kanumaan kan ealqabatu Yesuus gaaf tokko akkas jedhee dubbate:"Silaa waantan isinitti himu danuun qaba garuu amma hubachuu hin dandeessan" jedhe (Yoh16:12-13).

Yesuus silaa waan kana dura turee fi sichi jiru danuu isaanitti himuuf ture. Garuu namootni yeroo sana waan xixiqqooyyuu hubachuu hin dandeenye. Kanaafis, namootni danuun yesuusiin hin amanne. Warri amanan garuu afuura inni kenneefiin waan

danuu hubatan. Isumaan kitaaba qululluus kataban (2xim 3:16). Yesuus uumaa waaqaaf lafaa akka ta'es afuura qulqulluu isa inni isaaniif ergeen hubatanii barsiisan (Qol1:15-17).

Gaaf tokko Yesuus bartoota isaatiin akkas jedhee ajajee" *Egaa dhaqaa, maqaa abbaatii fi ilmaatti, kan hafuura qulqulluuttis isaan cuuphuudhaan, saba hundumaa bartoota koo godhaa!"* Kan jedhu ture (Mat 28:19). Dubbiin kun dubbii namootni ittii gufatan keessaa isa ijoodha. Namootni dubbii kanarratti hundaa'anii waaqni sadii jedhan jiru. Garuu Yesuus bakka kanatti waaqni sadii ta'uu kan ibse miti. Yesuusabbaa keessa akka jiru, akkasumas aabbaan Yesuus keessa Afuuraan akka jiru mirkaneessuu isaaati. Sadan tokkummaa ykn *Trinity* jechuunis kanuma ibsa.

Sadan Tokkummaa jechuun Waaqni sadii osoo hin taane bifa sadiin akka namootatti mullate ibsa. Bifni sadan kun waaquma tokkicha. Maqaa bifa kana sadanii waamuun waaqni sadii ta'uu hin ibsu. Yesuus bifa waaqni ittiin namootatti mullate kana sadan namootni akka hubachuu qaban hubachiise.

Namni Yesuusiin amane:Abbaas; Afuura Qulqulluus amaneera. Dhugaan jiru kanuma. Yesuusiin gananii waaqa amanuun hin danda'amu. Abbaa wajjin wal arguun kan danda'amu karaa yesuus qofa. Egaa dubbiin rakkoo danuu dhale dhugaa kana hubachuu dhabuu namootaati. Amantaa danuun kan uumames kanumaafi.

Haa ta'u malee garuu yoo amantaalee danuun falaasama woyiin fofoxxoqan, namootis isaanuma faana foxxoqaa ooluurra hundee jabeeffachuu wayya. Kiristoos hundeedha. Kiristaanotni ammoo damee kiristoositi. Akkuma dameen hundee irraa yoo foxxoqe gogu sanatti kiristaanotnis yoo dubbii kiristoosittii foxxoqan ni gogu malee hin lalisan. Egaa kiristaanni dhugaan jireenya itti fufiinsa qabu jiraachuuf hundee kan ta'e kiristoositti maxxanee jiraachuu qaba. Kitaabni Qulqulluunis kanuma dhaama (Yoh 15:5-6). Walumaagala amantootni Afuura Kiristoosiin fudhatan isumaan falaasama namootaa fi dubbii Kiristoos addaan baasanii hubatu.

BOQONNAA SADI

WALDHABDEE AMANTAALÉE

Amantiin waan abdatan "Dhuguma in ta'a" jedhanii fudhachuu dha; waan ijaan hin argines akka waan arganiitti "Jira" jedhanii lakkaa'uu dha. Sababii amantiitiif Waaqayyo biraa namoota bara duriitiif dhugaa ba'ameeraaf. Waaqnii fi biyyi lafaa sagalee Waaqayyootiin akka uumaman amantiidhaan in hubanna; akkasittis wanti ijaan argamu wanta hin mul'anne irraa hojjetame." (Ibro 11:1-3).

Dhubbii kanarraa kan hubannu, amantii jechuun waan ijaan hin mullanne tokko ni ta'a ykn ni jira jedhanii amanuu akka ta'eedha. Amantaaleen ammoo waldaa ykn dhaabbata ilaalcha amantaa garaa garaa qaban ibsa. Haala kanaan amantoota jechuunis namoota dhaabbata amantaa tokko keessatti waan ta'e tokkoon, "Ni jira ykn Hin jiru! Ni ta'a ykn Hin ta'u! Cubbuu dha ykn Miti!" amantaa jedhu hordofan ta'uu ibsa.

Sanas ta'u kana garuu waan ijaan hin mullanne amanuun amantiidha. Waanti amanamu jiraatus jiraachuu baatus, ta'us ta'uu baatus garuu kan gatii qabuu fi hin qabne ta'uu mala.

Kanaafuu, namni amantaa qabaachuun dansa ta'uun akkuma jirutti ta'ee garuu amantaa kamtu nama fayyada kamtummoo hin fayyadu kan jedhu addaan baafachuun waanuma nama amantaa amanurraa eegamuudha.

Haa ta'u malee, yeroo ammaa kana amantaaleen jiran hunduu amantaa kiyya qofatu gaariidha jechuun yeroo of ibsantu ifee mullata. Kana waan ta'eef, namni amantaa tokko amanuu fedhu isa kamtu kami jedhee garaa garummaa amantaalee gidduu jiru hunda addaan baafachuun dirqama.

Haaluma walfakkaatuun amantaaleen biyya keenya kana keessatti argaman hundis kanumti isaanii qofti sirrii akka ta'anitti of ibsu. Kan ofii irraa kan hafe amantaan kamuu sirrii akka hin taane amananii barsiisu. Fknf Kitaabni amantaa Islaamummaa (Quraanni): "*Walaa asir, innal insaanalafii kusir, illallaziina amanu, waamilusaaliyaati, watawaawu bil haqqi, watawaawu bilsobir*" kan jedhu of keessaa qaba (Sura tul Asir)⁽⁵⁾. Kunis yoo hiikamu: "Namootni hundi kasaaraa keessa jiru, Warra Waaqa tokkicha amananiifi warra haqaaf obsa qaban irraa kan hafe" akka jechuuti. Egaa haaluma wal fakkaatuun amantaaleen hundi

kan ofii qofti akka sirrii ta'etti kan barsiisan ta'uusaati. Haa barsiifamu malee, hundi walfaana sirrii ta'uun hin danda'amu.

Gama biraan waaqnii fi amantiin akkasumas cuuphaan tokkicha akka ta'e ammoo kitaaba qulqulluutu dursa hime. "*Gooftaan tokko, amantiin tokko, cuuphaan tokko. Waaqayyoo fi abbaan waan hundumaa tokkicha, inni waan hundumaa irra jira, waan hundumaasin hojjeta, iddoo hundumaa jiras*" jedha (Efeson 4:5-6). Caqasa kana kiristaanotni kanneen dubbisuu danda'an hundi Kitaaba Qulqulluu keessaa ni argatu. Erga akkas ta'ee, "Yoos maaltu kiristaanota gidduutti garaa garummaa uume?" gaaffii jedhuuf deebii argachuun daran barbaachisaadha. Kanumarratti hundaa'uun gosoota amantaalee Kiristaanummaa muraasaafi sababoota garaa garummaa isaan gidduutti uumes akka armaan gadii kanatti duraa duubaan ilaaluuf deemna.

3.1. Kiristaanummaa Jalqabaa

Kiristaanotni hundi kiristoosiin akka hordofantu beekama. Maqaan 'Christian' jedhus yoo hiikamu, hordoftoota kiristoos jechuu akka ta'e hima. Amantaan kiristaanummaa jedhamu yeroo jalqabaaf, Dhaloota Kiristoosiin Booda (D.K.B) 'Waldaa 'Antsooqiya' keessatti hundeeffame (HoE 11:26). Kunis du'uu Yesuus Kiristoos booda bartootaa fi amantootni isaa maqaa 'kirstaana' 'Christian' jedhamuun waamamuu akka qaban yeroo isaan murteessan irraa kan eegale ta'uu isaatu ibsama.

Egaa haaluma kanaan amantootni Kiristoositti amanan jalqabaa sun maqaa kiristaanota jedhu ofitti moggaasan jechuudha. Amantaan Kiristaana jedhamus achumaa eegale jechuudha. Walumaa gala Kiristaanummaan amantaa barsiisa kiristoos amanee barsiisu ta'uun beekama. Haa ta'u malee Kiristaanummaan amantaa 'Yihudiizimii' kan duruma ture sanarraa barsiisa kiristoosiin kan haareffame ta'uu isaas quba qabna.

Haaluma kanaan amantaan kiristaanummaa yeroo jalqabaa namoota hordofoota kiristoos ta'an, kanneen akka Phaawuloos fa'iin hundeeffame. Hundeeffama amantaa kiristaanummaa kana booda namootni kiristoositti amananii cuuphaman hundis maqaa kiristaana jedhuun beekamuu eegalan. Dha'atuma dha'ataan miseensotni amantichaas heddummataa dhufan.

Kiristaanotni jalqaba haala kanaan kiristoositti amanaa turan maqaa walii galaa kan kiristaanota jedhamuun haa waamaman malee, gareen wal qoodanii kan wal qoccolaa turan ta'uu isaanii caqasni kitaaba qulqulluu keessa jiru ni mullisa. Kunis ilaalcha kanneen akka, "Ani kan Phaawuloos, Ani kan Apholoos, fi ani Kan Keefaati!" jedhu maddisiisaa akka turan hubanna. Kanaafuu, gosti amantaa Kiristaanummaa yeroo jalqabaa sun tokko qofa kan ture ta'us amantoota gidduu garuu garaa garummaan ilaalchaa akka ture ni hubatama.

Egaa sanas ta'u kana garuu kan sirriitti hubatamu kiristaanummaan jalqaba hundeeffame sun gosa tokkicha kan ture ta'uu isaati. Haa ta'u malee turtii booda kiristaanotni ilaalcha garaa garaa maddisiisuu eegalan. Barsiisa kitaaba

qulqulluu irrattis hubannoo garaa garaa horachuu eegalan. Keessumaa barsiisa 'sadan tokkummaa' irratti hubannoo wal fakkaatu dhabaa dhufan. Dhimmi kun amantaalee kiristaanummaa qofa osoo hin taane, Islaamummaas kan dabalatuudha. Egaa, haaluma kanaan garaagarummaan ilaalchaa kiristaanota gidduutti uumamaa ture sun sababoota garagaraan gara waldhabdee uumuutti isaan ceesise. Adeemsuma kanaan yeroodhaa gara yerootti gargar cabiinsi danuun taasifamaa dhufe.

3.1.2. Ortoodoksii fi Kaatolikii

Akkuma dura kaafne jalqaba osoo waldaan kiristaanaa bara 1054, 'Orthodox' fi 'Catholic' jedhamuun bakka lamatti addaan hin cabin dura, gosti amantii kiristaanummaa tokkicha ture⁽⁶⁾. Yeroo jalqabaa sana kiristaanota gidduutti hubannoon garaa garaa muraasni jiraatus hunduu hanga tokko kitaabaa fi sirna wal fakkaatuun bulaa turan.

Yeroo duraa sana waldoota kiristaanaa gurguddoo lamatu beekama ture. Isaanis waldaa dhiyaa (Roomaan Church) fi

Waldaa bahaa (Greek Church) jedhamuun beekamu. Waldaaleen kun lamaan bakka garaa garaatti kan argaman ta'us garuu barsiisa wal fakkaatu barsiisu turan. Kanaan osoo jiranii, yeroo booda garaa garummaa uumaa dhufan. Sababoota garaa garummaa isaan gidduutti uumee ture kessaa inni jalqabaa "Kitaaba Qulqulluu" afaanota garaagaraan hiikamanittii fayyadamuu isaaniiti.

Haaluma kanaan Waldaan dhihaa (Kan Roomaatti argamu) Afaan 'Laatiin' yoo fayyadamu, waldaan bahaa (Kan biyya Griikii) ammoo Afaan Giriikii fayyadamaa turan. Kitaabni Qulqulluun jalqabaa afaanota garaa garaatti hiikamuun isaa kun dubbii kitaabicha keessatti katabamanii turan irratti hiikni garaagaraa muraasni akka uumamu taasisee ture. Haaluma walfakkaatuun sirna ykn aadaa waaqeffannaa irrattis waldhabdeen uumamaa dhufe. Bifuma kanaan barumsa waa'ee Sadan Tokkummaa ilaalchisees hubannoo garaa garaa calaqqisiisuun eegalame. Dabalataanis woldoota lamaan gidduutti olaantummaa siyaasaa fi dinagdee gonfachuu irrattis

dorgommii jabaatu ture. Kana qofa miti dhimma fakkiilee amantaa keessatti ibsaman irrattis wal dhabdeen tureera.

Egaa sababoota kanaa fi kana fakkaataniin jalqaba bara 1054 Dh.K.B, A.L.Atti, waldoonni lamaan kun gargar caban. Waldaan dhihaa (Rooman Catholic Church) yoo jedhamu, waldaan bahaa ammoo (Grik Orthodox Church) jedhaman. Waldhabdee isaan gidduu ture irratti hundaa'uunis seerota garaa garaa tumatan. Kitaaba Qulqulluus kan qabiyyee garaa garaa of keessaa qabutti amanuu eegalan. Fknf, Orthodox Kitaaba Qulqulluu kutaa 81 qabutti kan amanan yoo ta'u, Kaatolik ammo, Kitaaba Qulqulluu kutaa 73 qofa qabutti amanuu eegalan. Kunis garaa garummaa guddaan akka isaan gidduutti uumamu taasise.

Waldootni kun lamaan qabeenya danuu waan qabaniif bifa diploomaasii fi 'Missionary'n biyyoota garaa garaa keessattis damee babal'ifachuu eegalan. Egaa akkasittiin Afrikaa keessattis babal'ataa dhufan jechuudha.

3.2. Kaatolikii fi Proteestaantii

Gargar cabiinsa Orthodoxsii fi Kaatolikii hordofuun yeroo booda amantaan Piroteestaantii jedhamu Kaatolikii irraa bara 1517tti addaan ba'uu danda'e. Kunis irra jireessaan sababa amantootni waldaa Kaatolikii muraasni luboota Kaatolikii yeroo sana turanirratti qeeqa maddisiisuu eegalanin ture.

Waldaan Kaatolikii Roomaa erga amantaa of danda'e ta'ee addaan cabee booda luboota amanticha hoggananiif madda galii ta'ee beekamuu eegale. Kanumaan lubootni kaatolikii yeroo sanaa barsiisa Kitaaba Qulqulluu jallisanii ittiin daldaluu eegalan. Kanas Waraqaa ragaa, kan ittiin namni fedhe cubbuu irraa bilisa ta'uu danda'u, gurguruuf seera tumuu isaanii akka ragaatti caqasuun ni danda'ama. Waraqaan kun 'Indaaljensis' jedhamee beekama. Namni waraqicha bitate mootummaa waaqaa akka dhaalutti barsiisaa turan. Namni fedhe namoota biroofis bituu akka danda'u labsan. Akkasitti badhaadhuuf karoora baafatan. Qarshii danuus ittiin kuufatan. Kanumaan amantoota danuu warra beekumsa kitaaba qulqulluu hin qabne gowwomsanii qarshii harkaa guuraa turan. Lubootni yeroo sana aangoo ol

aanaa argatan. Hanga bulchiinsa biyyaa keessatti harka dheereffatan. Kanumaan aangoo waanfedhan gochuus argatan. Waanuma halleen amantoota gowwomsaa turan. Akkasitti qabeenyas ta'e, aangoo hunda harkatti galfataa turan.

Haa ta'u malee gochi kun garuu amantoota waldichaa kanneen Kitaaba Qulqulluu qoratani beekan mufachiisuu eegale. Kunis lubootuma amantichaa keessaa namoota quuqama qaban dabalata. Amantootni amantichaa yeroo sana ifa baasanii dubbachuu baatanis, kanneen osooma quuqamanii amanticha hordofaa turan danuudha. Yeroo sana dhimma kanarratti qeeqa kamuu ifa baasanii ibsachuun balaa qaba ture. Lubootni maallaqaa fi aangoo yeroo sana argataniin aboo waan fedhan gochuu qabu turan. Yoo fedhan ni hiisisu. Yoo fedhan ni ajjeesisu. Kanaafuu, amantootni qeeqa qaban ibsachuurra callisuu filataa turan.

Kun osooma kanaan jiruu, namni quuqama amantii dhugaa qabuu tokko lubootuma keessaa dhimma kanaa fi kan biraa irratti qeeqa qabu ibsachuu eegale. Namni kun 'Maartiin Luuter' nama jedhamu ture. Luboota Kaatolikii Roomaa keessaa tokko

ture. Haa ta'u malee inni nama Afuurri Waaqayyoo irra bule waan ta'eef gocha lubootni kan biroon raawwatan kana hin feene ture. Kanaaf jechas, dogoggora gama hundaan jirurratti ibsa iijennoo keewwata 95 jalatti katabuun mormii eegale. Achi keessaa tokko:"*Namni mootummaa waaqaatti galuu kan danda'u, yoo dhuunfaan hariiroo waaqaa wajjin qabaate fi akka abboommii waaqaatti buluun hojii qulqullummaa raawwate malee, waraqaa bitachuun miti*" kan jedhu dabalata.

Bifuma walfakkaatuun Keewwatni 95 kunniin seera waldaa amantaa kaatolikii dabalatee siyaasa biyyichaa illee sirreessuuf waantota shoora olaanaa taphachuun mormii finiinse keessaa isa ijoo ture. Amantootni quuqama qabanis Maartiin Luuteriin deggeranii mormii eegalan. Waantota inni keewwata 95 jalatti ibse kana hunda baayyisaanii bakkeewwan garaa garaatti raabsuu eegalan. Kanaanis mormiin biyyicha keessatti gama hundaan daran dho'uu eegale⁽⁶⁾.

Egaa kanarraa kan ka'e lubootni Kaatolikii Roomaa sun haarii guddaan guutaman. Olola garaa garaa Maartiin Luuter irrattis oofuu eegalan. Dararaa guddaas isarraan ga'uuf yaalaa turan.

Ajjeesuufis yaalii gurguddaa gochaa turan. Ta'us namootni isa deggeran danuu waan turaniif adamoo Luboota Kaatolikii Roomaa sana miliquu danda'e.

Kanumaan warra isa deggeraa turanii wajjin waldaa Kaatolikii irraa cabanii addaan ba'uun waldaa haaraa hundeessanii achi keessatti waqeffannaa bifa haaraan eegalan. Adda ba'uu isaanii kana hordofuun lubootni waldaa haaraa kanaan "Piroteestaantii" jedhanii waamuu eegalan. 'Protestant' jechuun finciltoota (mormitoota) akka jechuuti. Kunis Lubootni Kaatolikii Roomaa garee namoota Maartiin Luuteeriin deggeranitti maqaa tuffii wayii itti moggaasuuf yaaluu isaanii mullisa. Egaa amantaan Protestaantii haala kanaan Kaatolikii irraa addaan ba'uu danda'e jechuudha.

Proteestaantotni qeeqa kitaaba Qulqulluu Kaatolikii irratti qabaachaa turanis Kitaaba Qulqulluu isaanii irraa hirrisanii itti amanuu eegalan. Kanumarraa ka'uun Kitaabni qulqulluun amantaa protestaantii isa Kutaa 66 qofa qabu taasifame.

Haaluma wal fakkaatuun yeroo booda amantaan Proteestaantii kunis bakka hedduutti gargar cabuun ittuma fufaa dhufe. Bifuma kanaan waldaalee hedduutti cacabaa dhufan. Kitaaba Qulqulluus yoo fedhan akkuma dura turetti amanu, yoo fedhan ammoo itti dabaluu, fedhanis irraa hirrisuun baratamaa dhufe. Kana qofa miti. Kitaaba Qulqulluus abbumti fedhe hiikuu eegale. Kanumaan Kitaabichi hiiktota garaa garaa kanneen akka: *King James Version (KJV)*, akkasumas, *New International Version (NIV)* fa'a jedhamanis argate.

Protestaantotni muraasni kan addummaa qaban jiraatanis hedduun isaanii Kitaaba Qulqulluu isa kutaa 66 qabutti amanu. Kanaafuu, gosa Kitaaba Qulqulluu irratti garaa garummaa danuu hin qaban.

Waldhabdeen Proteestaantota gidduu jiru irra jireessaan sababa hiika Kitaaba Qulqulluu keessatti caqafamee jiru irratti hubannoo walfakkaatu dhabanirraa kan ka'eedha.

Isumarraa ka'uun hunduu caqasa kitaabicha keessaa jiru keessaa tokko tokko fuudhatanii falaasama mataa mataa isaaniitiin

hiikanii barsiisuu eegalan. Kunis irra jireessaan barsiisuma *Sadan Tokkummaa* irratti xiyyeeffata. Haala kanaan gariin barsiisa '*Sadan Tokkummaa*'akkuma jirutti amanuu itti fufe. Gariin ammoo "Yesuustu waaqa malee waaqni sadii miti" jechuu eegale. Gariinis" lakki Yesuus ergamaadha malee Waaqa miti!" jechuun qoccolloo eegalan. Kanumaan wal dhabdeen babal'ataa dhufe.

Waldhabdeen *Sadan Tokkummaa* ijoo waldhabdee kiristaanotaa ta'us waldhabdee kanneen biroo muraasnis ni jiru. Kanas garaa garummaa sirna cuuphaa, akkasumas garaa garummaa guyyaa sanbataa fa'a fakkeenya fudhachuun ni danda'ama. Ulaagaa waaqeffannaa irrattis 'doctrine' (seerota bu'uuraa mana amantaa) dhuunfaa isaanii hordofu. Jiraachuu Afuura Qulqulluus hundi kan amanan ta'us hundi hubannoo walfakkaatuun hin ibsan.

Egaa akkasitti Proteestaantiin waldaalee kanneen akka: Makaana Yesuus, Guutuu wangeelaa, DhugaBaatota Joovaa, Waldaa Ergamoota, Waldaa Adventistii fi kkf jedhamuun bakka hedduutti gargar caban. Haaluma kanaan proteestaantonni 'doctrine' fi waldaa garaa garaa uumanii hordofuu eegalan. Kan isaan amanan garuu Kiristoosuma. Waldaatu garaa gara cabe

malee Yesuus garuu tokkicha. Inni hundeedha. Eeyyen Yesuus Kiristoos hin jijjiiramne. Inni Kiristaana hin taane. Isilaamas miti. Walumaa gala waldaa ykn gosa amantaa osoo hin taane, Yesuus Kiristoos qofatu dhugaadha, jireenyas. Isa qofa malee daandiin gara dhugaatti nama geessu kan biraan akka hin jirre, Kitaabni Qulquluun ni barsiisa.

BOQONNAA AFUR

SAFARTUU KITAABA QULQULLUU

Amantoota gidduutti akkuma garaa garummaan ilaalchaa uumamaa dhufeen amantaaleen haaraan kanuma duraa irraa uumamaa akka dhufan hubachuu dandeenyee jirra. Kitaabotni amantaas garaagara ta'uu kan eegalan sababuma walfakkaatuun ta'uu isaas hanga tokko ilaallee jirra. Haaluma kanaan, Kiristaanummaa keessatti Kitaabni Qulqulluun gosaa fi akaakuu, akkasumas hiika garaagaraa qabaachuu danda'anii jiru. Islaamummaan is Kiristaanummaa irraa foxxoquun maqaa fi kitaaba haaraa uumuuf kan dirqame ta'uu isaas hanga tokko ragaa fudhannee caqasuu yaallee jirra.

Osoo amantaalee fi kitaabotni ammayyaa kun hin babal'atin dura yeroo jalqabaaf kitaabni Amantaa Yihuudiizimii qofti akka katabamee tures ilaalleerra. Isumatu kitaabotolee amantaa danuuf bu'ura ta'e. Yeroo sana kitaaba amantaa Yihuudiizimii qofatu Afaan Ibirootaan katabamee ture. Yesuus Kiristoosis kitaabuma kanarraa dubbisee namoota barsiisaa ture. Osoo inni

hin dhalatin duras akkanni dhufee dhalatu kitaabichuma keessatti ibsamee ture. Kitaabni sun yeroo ammaa baayyeen isaa Kitaaba Qulqulluu kiristaanotaa keessaa kutaa "Kakuu Moofaa" keessatti caqafamanii argamu. Fkf seerota Musee shanan ilaaluun ni danda'ama.

Kitaabotni kun osoo hin barreeffamin dura gariin isaa seenaa afaaniin kan odeeffamaa tureedha. Garuu Dhaloota Kiristoosiin Dura (Dh K. D) naannoo jaarraa 10^{ffaa} irraa kaasee barreeffamuu akka eegalametu himama. Ta'us bifa qinda'aa ta'een kan sirriitti katabamuu eegale Dh.K. D bara 500 hanga 70 Dh.K. Bta'uu isaatu ibsama.

Kitaabni Afaan Ibirootaan katabamee ture kun yeroo booda gara afaan Grikiitti jijjiiramuu eegale. Keessumaa Dh.K. D naannoo walakkeessa jaarraa 3^{ffaa} irraa hanga Dh.K. B jaarraa 2^{ffaatti} kitaabni '*Septuagint*' jedhamu tokko katabamee xumurame. Kitaabni kun kitaaba Kakuu Moofaa keessa jiran hunda of keessaa qaba. Kanneen Yeroo booda kitaabota Kakuu Moofaa isa Afaan Ibrootaa keessaa baafamanis ni dabalata.

Haaluma wal fakkaatuun, Kitaaba Qululluu isa dur Afaan Ibrootaan barraa'e kana waldaan kiristaanota dhihaa Afaan Laatiiniitti hiikanii itti fayyadamaa turan. Kitaabni afaan Laatiiniin yeroo jalqabaa Hiikame kunis 'Vulgate' jedhamuun beekama. Kitaabni kunis Dhaloota Kiristoosiin Booda (Dh. K. B) bara 382 hanga 405 gidduutti hiikamee xumurame.

Kitaabotni kunniin kitaaba boodana kakuu haaraa keessatti caqafaman danuu qaba. Haa ta'u malee kutaalee kitaaba qulqulluu jalqabaa keessaa kanneen 'Septaugint fi volutage' keessatti hiikamanii katabaman muraasni boodarra keessaa kutamanii akka dhokfamantu himama. Isaan kun maqaa 'Appoosaayirifaa (Apocrypha) jedhamuun beekamu. 'Apocrypha' jechuun kan dhokate akka jechuuti. Fkn kitaabota akka Maccabees 1ffaa, 2ffaa, fi 3ffaa akkasumas kitaabota Iziraa keessaa kutaa hedduu (Izra 1^{ffaa}, 2^{ffaa}, 3^{ffaa}...) fa'i. Kitaabotni kun muraasni isaanii Kitaaba Qulqulluu Ortoodksii fi Kaatolik durii keessatti kan dabalaman ta'us kitaaba Protestaantii keessaa baafamanii jiru.

Haaluma walfakkaatuun, kitaabotni Kakuu haaraa keessatti hin dabalammes ni jiru. Fknf kitaabotni kutaa wangeelaa keesaatti hin dabalamne kanneen akka: Wangeela Toomas, Wangeela Niqodimoos fi Wangeela Pheexiroos akka ragaatti caqafamu⁽²⁴⁾

Egaa Kitaaba Kiristaanotaa (Bible) keessatti, kamtu dabalame, ykn hirrifame? Yoom? Maaliif? Akkamitti? Eenyuun? Eessatti? Fa'a gaaffilee jedhaniif deebii argachuu kan dursu odeeffannoo armaan olii kana gurraa qabaachuudha.

Fkf amantaan 'Ortoodoksii' 'Kitaaba Qulqulluu' kan namootni garaa garaa katabaa turan keessaa isa dubbii waaqaati jedhanii amanan qofa kitaabota kutaa 81 Kitaaba Qulqulluu isaanii keessatti dabalanii itti amanuu eegalan. Maddi kitaabichaas kitaaba 'Septuagint' ta'uu isaatu hubatama.

Amantaan Kaatolikii ammoo Kitaaba Qulqulluu isa kutaa 73 qofa qabu fudhatanii itti amanuu eegalan. Maddi Kitaabota kanaas kitaaba 'Vulgate' ta'uu isaa hubanna⁽⁷⁾. Haaluma kanaan, Piroteestaantotnis irra jireessaan Kitaaba Qulqulluu keessaa kutaa 66 qofa fudhatanii itti amanuu eegalan. Maddi Kitaaba

Qulqulluu Piroteestaantotaa kunis isuma kan Kaatolikii ta'uu isaatu hubatama. Ta'us garuu kutaa kitaaba Kaatolikii keessaa kanneen maqaa 'Appoosaayiriifaa' (Apocrypha) jechuun waaman dabalatee kanneen Kaanonii 'Piroteestaantotaan' ulaagaa hin guutne muraasatu keessa hiri'fame. Kanaafuu, Kitaabni Qulqulluun Piroteestaantota danuu kutaa 66 qofa of keessaa qaba.

Amantaaleen armaan olitti caqafaman kunniin akkamitti dubbii waaqaa ta'uu fi dhabuu kitaabota durii sana hubatanii Kitaaba Qulqulluutti dabaluu ykn irraa hirrisuu yaalan kan jedhuus gaaffii ijooti ⁽⁸⁾. Maarree egaa, nutis amma isuma gabaabinaan ilaaluuf deemna.

Adeemsi Kiristaanotni ittiin kitaaba dur barraa'ee ture tokko dubbii waaqaa ta'uu fi dhabuu isaa hubatanii Kitaaba Qulqulluutti dabaluu ykn irraa hirrisuu danda'an safartuu 'Kaanonii' (Canon) jedhamuun kan beekamuudha⁽⁹⁾. Haa ta'u malee safartuun Kitaaba Qulqulluu (Canon) kunis amantaa garaa garaa biratti garaa garummaa muraasa ni qaba. Isaan keessaa Kitaabni Qulqulluun kaanonii fudhatamaa ta'e qabaachuun

beekamu garuu, kitaaba Pirotellantotaa akka ta'etu himama. Kunis sababa isaan yeroo ammayyaa'aa ta'e keessa hundeeffamaniif ta'uu isaati. Ragaa quubsaa ta'ees irra jireessaan kan dhiyeeffachuu danda'u isaani. Amantaa Kiristaanummaa keessatti ulaagaan kaanoniin kitaabota "Kakuu Moofaa" fi "Kakuu Haaraa" ittiin madaalaman garaa garummaa xiqqoo kan qabuudha⁽¹⁰⁾.

4.1. Kaanonii Kakuu Moofaa

➤ Dubbii waaqaa ta'uu isaa (God's inspiration)

Kitaaba Kakuu Moofaa keessatti kitaabni dabalamu ykn hirrifamu safartuu muraasa qaba. Haaluma kanaan kitaaba amantaaf barreeffame tokko keessatti waantotni katabaman dubbii waaqaa sirriitti kan ibsu ta'uu qaba, akkasumas dubbichi qajeelfama waaqaan kan katabame ta'uu qaba. Kana jechuun abbaan dubbichaa waaqa ta'uu akka qabu kan madaaludha.

➤ Eenyummaa barreessaa (Authorship).

Namni kitaaba katabe tokko eenyummaa ykn beekamtii ifa ta'e qabaachuu qaba. Kana jechuunis namni sun eenyu akka ta'e addaan baafamee kan beekamu ta'uu ibsa. Dabalataan namni sun:

waaqaan filatamuu isaa, hojii qajeelaa hojjechuu isaa, duuka buutummaa qabaachuu isaa, dibata (muudama waqaa) qabaachuu isaa, barsiisaa amantaa ta'uu isaa, akkasumas raajii fi kkf ta'uun isaa kan sirriitti ibsame ta'uu dabalata.

➤ *Qabiyyee dubbiichaa (Contextual).*

Qabiyyeen dubbii Kitaaba Qulqulluu Kakuu Moofaa keessatti katabame tokko seenaa fi aadaa kitaaba Yihuudootaa keessatti caqafamanii wajjin kan walsimu ta'uu qaba. Akkasumas bakki kitaabichi itti barreeffame ykn argame tokko naannoo amantaan Yihuudootaa itti beekamaa ture keessa ta'uu qaba. Namni kitaabicha bareesses akkasuma jechuudha.

Egaa kitaabni Kakuu Moofaa hundi amantaa Yihuudiizimii irraa kan madde waan ta'eef jecha qabiyyeen isaas amanticharratti kan xiyyeeffatu ta'uu qaba. Keessumaa bakkaa fi sirna aadaa amantaa Yihuudootaa (Ibrootaa) wajjin kan wal simu ta'uu kan qabu ta'uusaati. Dabalataanis Kitaaba Qulqulluu kiristaanummaa keessaa kutaan Kakuu Moofaan seera amantaa Yihoodaa kan of keessaa qabu ta'uun isaa ni beekama. Kanaanis jalqaba Afaan Ibirootaan kan katabame ta'uu isaa fi aadaa

Yihudootaa kan calaqqisiisu ta'uun isaas beekamaadha. Kitaabota Kiristaanummaa kitaaba amantaa Yihudiizimii irraa kan adda taasise Kakuu Haaraa qabaachuu isaanii qofa akka ta'etu hubatama. Kanaafuu, dubbiin kitaaba "Kakuu Moofaa" keessatti dabalamu qabu hundisaa sirnaa fi aadaa waaqeffannaa Yihudootaa wajjin kan walsimu ta'uu qaba. Ta'uu baannaan sagalee waaqaa ta'uunsaa ni shakkama.

Dhimma Kanaan kan walqabatu keessaa tokko Kitaaba Henookiiti. Kitaabni Henook biyya Itoophiyaa keessaa akka argametu ibsama. Kun ammoo Kaanonii armaan olitti ibsameen yoo madaalame, keessumaa Piroteestaantota biratti, fudhatama hin argatu.

Walumaa gala kitaabni tokko Kakuu Moofaa keessatti dabalamuuf dursa dubbichi barsiisa waaqaa fi sagalee waaqaa of keessaa kan qabu ta'uu qaba. Akkasumas yeroo, bakkaa fi eenyummaan barreessichaa kitaabota amantaa durii wajjin wal fudhachuu qaba. Dabalataanis kitaabichi kitaaba amantaa durii isa afaan Ibrootaan barreeffamee turee fi isa afaan Griikiin jalqaba hiikame (Septuagint) keessatti kan dabalamee ture ta'uu qaba.

Yeroo booda kitaabota kana keessaa yoo baafamee gatame garuu 'Apocrypha' jedhamee beekama. Inni kun tarii ulaagaa kan biraan qoratamee madaalama.

Egaa Kitaabni ulaagaa kana guutuu hin dandeenye dubbii waaqaa ta'uun isaa shakkii jala jira. Kanaafuu, kitaabni amantaa Yihudootaa bu'uura godhate tokko biyya kam keessattiyyuu yoo dhiyeenya kan argame ta'e, kitaaba Qulqulluutti dabalamuuf ulaagaa armaan oliin gulaalama.

4.2. Kaanonii Kakuu Haaraa

Kitaabni waa'ee amantaa ilaalchisee katabame tokko osoo Kitaaba Qulqulluutti hin dabalamin ykn hin hir'ifamin dura kitaabich geggeessaa afuura waaqaan kan barreeffame ta'uu isaatu gulaalama. Qabiyyeen kitaabichaa barsiisa Kiristoos sirriitti ibsuu qaba. Eenyummaan barreessaa kitaabichaas sirriitti ifee mul'achuu qaba. Namni sun duuka buutuu kiristoos (Bartoootaa fi ergamoota kirstoos) ta'uu isaatu addaan baafamuu qaba. Yeroo fi bakki kitaabichi itti barreeffames bakka Kirstoos keessa deemee barsiisaa turee wajjin wal simuu qaba. Yeroo fi bakki akkasumas namni kitaabicha barreesse namoota duuka buutuu kiristoos ta'anii wajjin wal simannaa kan qabu ta'uu qaba.

Barsiisni kitaabicha keessatti katabame dubbii waa'ee waaqaa, jireenya bara baraa, qajeelummaa akkasumas dhoksaa dubbii afuuraa dhala namootaaf barbaachisoo ta'an kan of keessatti qabu ta'uu qaba. Dubbiin kitaabicha keessatti katabame naannoo ykn qomoo tokko qofaaf osoo hin taane kan namoota hunda ilaallatu (Universal) ta'uu qaba. Kanaanis, Kiristaanummaan amantaa sanyii ykn qomoo tokkichaa qofa osoo hin taane, kan

namoota biyya lafaa maraa ta'uu isaan Yihuudiizimii irraa adda addummaa guddaa akka qabus hubanna. Caqasi kakuu haaraa keessatti katabamee jiru tokkos akkas jedha, *“Egaa si’achi Grikii fi Yihudii, nama dhaqna qabatee fi hin qabanne, wallaalaa, garba, birmaduu jechuun hin jiru. Kiristoos garuu hundumaaf jira, inni nama hundumaaf waan hundumaati”* jedha (Qol 3:11). Bakka biraattis akkas jedha, *“Yihudii kan ta’e hundinuu, nama qomoo biraa wajjin walitti firoomuunii fi mana walii dhaquun seera akka hin taane isiniyyuu gaarii gootanii beektu; Waaqayyo garuu eenyumaaniyyuu ciiggaa’amaa yookiis xuraa’aa akka hin jenneef anatti mul’iseera.”* jedha (HoE 10:27)

Egaa gabaabumatti Kitaabi Qulqulluun mala garaa garaan gulaalama. Kunis kaanonii (safartuu) Kitaaba Qulqulluu jedhamuun beekama.

Haa ta'u malee gulaalliin kan biroonis ni jiru. Fknf waa'ee 'apocrypha' irratti kan ifa hin taane yoo jiraate ulaagaa armaan olii guutus keessaa baafama. Kunis sababa garaa garaa qaba⁽¹¹⁾.

Akka ragaaleen garaa garaa ibsanitti Kiristaanota biratti mala kaanoniin Kitaaba Qulqulluu gulaaluun kan eegalame jaarraa 4^{ffaa} irraa eegaleeti. Ulaagaa kanas kanneen tuman keessaa beekamoon namoota walga'ii koree 'Carthage Cauncil' fi 'Nicaea Cauncil' jedhaman irratti hirmaataniin ta'uu isaatu seenaa keessatti galmaa'ee beekama. Koreen kun namoota biyyoota garaa garaa irraa amantaa Kiristaanummaa fudhatan of keessatti qabata. Keessumaa koreen '*Nicaea council*' namoota Afrikaa keessa jiraatanis kan of keessatti qabatu ture. Isa dura garuu Koreen '*Synodos council*' jedhamanis jaarraa 1^{ffaa} irraa eegalanii akka seera kana fakkaatu tumaa turantu himama.

Egaa kitaabni waa'ee amantaa Kiristaanummaa barsiisu tokko Kitaaba Qulqulluutti kan dabalamus ta'e kan irraa hirrifamu safartuu ykn madaallii 'Kaanonii' jedhamuun ta'uu isaa hubannee jirra. Kanaafuu, barreeffamni Kitaaba qulqulluu keessatti barraa'ee jiru kamuu safartuu kanaan madaalamee sagalee waaqayyoo ta'uun isaa itti amanamee fudhatame jechuudha. Kunis jalqaba amantoota amantichaa keessaa garee beektota muraasaan kan murteeffamaniidha. Isaan kun beektota

Kitaaba Qulqulluu (bible scholars) jedhamuun beekaman of keessaa qaba. Yeroo kana murteessan garuu namootni sun afuura waaqayyoon hogganamu fi dhabuu isaanii waaqa malee namni hin beeku. Kanaafuu, beektotni kunniin kan isaan Kitaaba Qulqulluu keessatti dabalanis ta'e kan isaan keessaa hirrisan dhugaa ta'uufi dhabuun isaa shakkii muraasa hin dhabu. Ta'us garuu namni kitaabicha dubbisu Afuura Qulqulluun yoo geggeeffame isa kamtu kam akka ta'e hubachuu danda'a.

Kanaafuu, namni geggeessaa Afuura Qulqulluun waa hubatu tokko yoo wanti fedhe itti dabalames yoo irraa hirrifames hin gufatu. Namni sun safartuu namaan osoo hin taane safartuu Afuura Qulqulluun waanuma hunda hubata. Isumas amanee fudhata. Kaanoniinis yoo gargar ta'e kiristaana dhugaatti gufuu ta'uu hin danda'u. Waantota katabaman keessaas kanuma isaaf galetti jiraata. Waaqayyo nama qofa osoo hin taane harreenis akka dubbachuu danda'u hubata. Maarree, namni dhugaa kiristoositti amanu dhoksaa jiru hunda afuuraan gargar baafata. Yoo kana ta'uu baate namni xobbeen ulaagaa namni tarreesseen garasiifi garanatti raafamaa jiraata. Waanuma yaraa ta'een gufata.

Nama afuuratti guddatetu dhoksaa jiru gargar baafata. Dhugaas adda baafata. Ani hoolota koo beeka isaanis na beeku jedhe mitiiree Yesuus. Eeyyen akkasuma! Namni isatti amanu dubbii kamuu keessaa sagalee Kiristoos hin wallaalu. Kan isa hubachiisus Afuura Qulqulluudha. Inni gara dhugaa hundumaa beekuutti nama geessa.

Haa ta'u malee egaa akka armaan olitti caqasnetti safartuun kaanonii bakka garaa garaatti ulaagaa garaa garaan ibsamu. Fkf kitaabni amantaa tokko Kitaaba Qulqulluutti dabalamuu dursa gaaffilee kanneen akka, “Eenyutu kitaabicha katabe? Kitaabichi dubbii waaqaati moo, miti? Tooraa fi yaadni katabame, yeroo fi bakka sirrii ta'e ibsuu danda'a?” fa'a jedhuun gulaalamee kan safaramu ta'uu hubannee jirra.

Haala kanaan Kitaabni waa'ee amantaa barsiisu tokko Kitaaba Qulqulluutti dabalamuuf dursa namni kitaabicha katabe beekamuu akka qabudha. Yoo hin beekamu ta'e Kitaaba Qulqulluu keessatti hin dabalamu. Fakkeenyaaf Kitaabni '*Ergaa gara Hibrootaatti ergame*' jedhu enyuun akka barreeffame hin caqafamne. Kanaafuu, amantaalee Piroteestaantii muraasa

kanneen akka 'The Church of England', akkasumas 'Luitarian church' jedhaman kitaaba 'Ergaa gara Hibirootaa' jedhu kana Kitaaba Qulqulluu amantichaa keessaa qabaatanis shakkii waan irraa qabaniif itti hinamanan.

Gama biraan Waldootni Piroteestaantii baayyeen, kanneen biyya Itoophiyaa keessatti beekaman dabalatee, garuu kutaa kitaaba isa "Ergaa gara Ibrootaatti ergame" jedhu kanatti ni amanu. Kunis sababa kitaabicha namni katabe ibsamuu baatus, "ergamaa 'Phaawulostu' kitaabicha barreesse!" amantaa jedhu qabaniif jecha kitaabichatti ni amanu. Kitaabicha keessatti namni bareesse maqaan beekamuu baatus qabiyyeen kitaabichaa barsiisa waa'ee Yesuus Kiristoos irratti akkuma Phaawulos sirriitti ibsee kan barsiisuudha.

Ani akka dhuunfaa kootiitti gaafan ija afuuraan dubbii kana ilaalee hubadhe, 'Ergaa gara Ibrootaa' sanatti amanuu namootni dhaban dubbii dhugaa of jalaa akka hirrisanan hubadha. Kutaan sun: *"Yesuus isa Amantii keenya jalqabee fixaan baasurraa ija keenya hin buqqifannu."* (Ibr 12:2) dubbii jedhu of keessaa qaba.

Dabalataanis waaqni nama adaba jechuun maal jechuu akka ta'e isatu sirriitti barsiisa. Ilaa akkas jedha, *"Gooftichi si barsiisuudhaaf yommuu si adabu, salphaatti hin ilaalin; adabee yommuu si qajeelchus garaa hin kutatin jechuun barsiisa"* (Ibro 12:5).

Kana qofa miti, Waaqayyoo biratti sodaa fi saganni fudhatama qabu isa kam akka ta'es ibsee barsiisa (Ibr 12:28). Kanaanis sagannii fi sodaan waaqayyo biratti hin fudhatamnes akka jiru ibse. Egaa namootni kitaaba kana hin dubbifne Waaqa hamaa fakkeessanii ilaalu malu. Kanumarraa ka'uun waaqa akka abbaa irreetti sodaachaa isaaf sagadu. Waaqayyo garboomfataa ta'ee, amantootni ammoo akka garboota ta'anitti of ilaalu. Malee waaqayyo abbaa ta'ee, isaan ammoo ijoolleesaa akka ta'anitti hin amanan. Egaa, sodaa fi saganni Waaqayyo biratti hin fudhatamne isa akkasii kana. Dubbii akkasitti dhugaa barsiisu kitaaba keessaa kutanii gatuunis dhugaa irraa nama fageessa.

Kitaabni Ibrootaa kun Waa'ee Yesuus akkas jedhee barsiise. *"Bara duriitti Waaqayyo si'a baay'ee karaa garaa garaatiin, raajotaan abboota keenyatti dubbateera. Guyyoota bara isa dhumaa kanatti immoo ilma*

isaatiin nutti dubbate; Waaqayyo ilma isaa kanaan waaqaa fi lafa uume; waan hundumaas harka isaatti kennuuf isa dhaabe (Ibro 1:1-2) jedha.

Inni kan biraan hiikuma amantiiti. Amantaa jechuun maal jechuu akka ta'e kitaabicha caalaa kan ibsee barsiisu hin jiru (Ibr 11: 1-3). Egaa, haala kanaan yoo madaalle safartuun kaanonii muraasni dogoggora qabaachuu akka danda'u hubanna.

Gama biraan amantaaleen kitaaba Heenook kitaaba qulqulluu keessaa baasan danuudha. Kitaaba kanattis waldaalee akka 'Orthodox fi Catholic' qofatu itti amana. Piroteestaantotni garuu kitaaba qulqulluu keessa hir'isanii jiru.

Kitaabni Henook kitaaba qulqulluu Piroteestaantii keessaa hirrifamus garuu kutaa kitaaba Yihudaa keessatti kitaabni kun akka jiru nama xiinxalchiisa. Kanas Yihudaan Kitaaba Henook irraa dubbisee akka namoota barsiisu argina.

Yihudaan ergaasaa keessatti akkas jechuun ibse:" *Henok Addaamii jalqabee dhaloota torbaffaa ture; inni waa'ee isaan kanaa immoo raajii dubbatee, "Kunoo, gooftichi kumaatama qulqulloota isaa wajjin in*

dhufa! (Yihu 14)" kan jedhuudha. Kanas kitaaba Henook boqonnaa 1:9 irraa caqasee akka barsiise argina⁽¹²⁾.

Egaa, taatee kanaanis Kaanoniin rakkoo akka qabu xiinxaluun ni danda'ama. Tarii kitaabichi akka jira ture niamanama. Ta'us garuu shakkii kitaabni Itoophiyaa keessaa argame sun muraasni isaa dubbii Henook barreesse miti yaada jedhuun fudhatama dhabsiisuu akka hinoolles ni shakkama. Yoo akkas ta'e, Kitaaba Qulqulluu Piroteestaantii keessatti, kitaabni Yihudaa erga dabalamee, maaliif kitaabni Henook keessaa hir'ifame? gaaffiin jedhu hanga tokko deebii argata.

Gama biraan Kitaabni Henook ulaagaa sirna safartuu kaanonii Piroteestaantotaa guutuu baatus garuu qabiyyeen isaa dhoksaa kanneen akka uumama samii keessaa dubbachuun madaallii hin qabu. Kana qofa miti maqaa ergamoota hunda tokko tokkoon hima. Samii kana keessaa uumamni akkuma namaa lafa kan biraa irra jiraatan akka jiran hima. Kunis gama saayinsiin lubbu qabeeyyii lafa kan biraa irra jiraatan kanneen 'Alens' jedhamuun shakkamanii wajjin wal fakkaata. Saayinsii hawaa qorachuufis saayintistoota waan fayyade fakkaata.

Dabalataan kitaabni Henook Waa'ee sanyii warra Nefileemoota (Nephilims) sirriitti ibsuu yaaleera. Isaan kunis seera uumamaa keessatti hanga muraasaan caqafamanii turan. Ilaa akkas jedha. "*Warri waaqa irraa "Ilmaan Waaqayyoo" jedhaman, durboonni namootaa mimmiidhagoo akka ta'an arganii, isaan keessaa akkuma fo'atanitti fuudhanii haadha manaa godhatan.*" jedha (Se um 6:2).

Haa ta'u malee dubbiin kutaa seera uumamaa kanarratti katabame kun seenaa jarreen kanaa ballinaan hin inbsine. Kitaaba Henook keessatti garuu seenaan kun ibsamee jira. Jarreen dhedheeroo warra waaqa irraa ilmaan waaqaa jedhaman kun erga ilamaan namaa fuudhanii booda ijoollee nefileemota jedhaman kan dhalchan ta'uu isaa Kitaabni Henook ballinaan ibsa. Ta'us garuu sababa kaanoniif jecha beekumsa kana arganii dubbisuun amantoota jalaa mulqame jira.

Dubbii kaanonii wajjin kan wal qabatu kan biraan waa'ee kitaaba "Asteer", fi kitaaba "Weeduu weeddotaa" ilaalchiseeti. Kitaabotni kun lamaan Kitaaba Qulqulluu keesaatti dabalamanii jiru. Garuu maqaa waaqaa hin ibsan. Haa ta'u malee namootni yaada

kitaaboleen kun osoo Kitaaba Qulqulluu keessaa hir'ifamanii gaariidha jedhu qabanis turaniiru.

Ta'us garuu irra jireessaan yaada "Kitaaba Aster keessatti Yihudoota kan furuu fi oolchu iddoo biraatii in ka'a kan jedhu Yesuusiin kan raagu ta'uu isatu shakkama. Dabalataanis Mardookiyoosiin kan du'a oolche waaqa akka ta'es amanama. Egaa sababa kanaaf jecha, Kitaabni Asteer Kitaaba Qulqulluutti dabalammu danda'e jechuudha. Akkasumas Kitaaba Weedduu weeddota keessatti ammoo jechi jaalallee jedhu jaalala Kiristoosii fi Waldaa kiristaanaa gidduu jiru ibsa jedhuun kitaabni Weedduu Weeddotaa Kitaaba Qulqulluutti dabalammu danda'e.

Egaa, kun hunduu tarii safartuu namootaa ta'uu mala. Warra Kiristoositti amanataniif garuu isa kamtu kam akka ta'e afuura qulqulluutu hubachiisa. Dubbiin ati kitaaba qulqulluu keessaa dubbiftu sagalee waaqaa ta'uu fi dhabuu isaa afuura waaqaatu siif ibsa. Kunis yoo Kiristoositti amante siif dhugooma. Erga kana gootee booda, dubbii katabamee jiru hunda dubbistus hundi siif ifuu dhabuu mala. Kan siif hin galle dhiiftee isa siif gale dubbifattee ittiin jiraatta. Waaqatu afuura waan hunda ittiin

gargar baasan siif laata. Namni Kiristoositti amane isa afuurri qulqulluun itti himu dhaga'a. Kun dhugaadha!

Fknf Ani amma Kiristoosiin amanee afuura kiristoosiinan hogganama. Kanaafuu, dhimma kana ilaalchisee Afuurri Qulqulluun waan naaf ibse qaba. Ati kitaaba kamitti amanta jettee yoo nagaafatte, deebiin koo kunooti.

Ani baayyina amantaa fi kitaabaa hundayyuu dubbii Yesuus barsiiseenana gulaala. Inni maal barsiise yoo naan jette ammoo deebiin jaalala. "Waaqayyoon jaallachuu, namas jaallachuudha. Madaala ykn safartuun ani kitaaba ykn amantaa tokko ittiin dhugummaa isaa addaan baafadhus kanuma. Kanaan ala dubbii kamuu yoon dubbise beekumsa ykn xiinxalan irraa baradha. Kanaafuu, yoo hirrates dabalames anaan nan dhibu.

Yesuus akkas jedha. "*Hoolonni koo sagalee koo in dhaga'u, ani isaan beeka, isaanis na duukaa in bu'u!*" (Yoh10:27). Kanaafuu, anis isa beeka innis ana beeka. Inni afuuraan ana keessa jiraata. Anis isaan marfameen isa keessa jira. Yoo namootni waldaa garaa garaa hundeessuuf dubbii kiristoos irraa waa hirrisanii ittis waa

dabalan, ani dubbii isaa hin wallaalu. Ergan kiristoositti amanee, Afuura Kiristoos ofitti fudhee kaasee, mana qulqullummaa kiristoos akkan ta'e sirriittan beeka. Ilaa akkas jedha wangeelli kiristoos: *"Isin mana qulqullummaa Waaqayyoo akka taatan, hafuurri Waaqayyoos isin keessa buufatee akka jiru hin beektanii ree?"* (1Qor 3:16).

Walumaagalatti dubbii Kiristoos kan biraa irraa adda baafttee hubachuuf kitaaba danuu beekuu sin gaafatu. Kutaa kitaaba qulqulluu keessaa: Mat 22:36-40) qofa hubannaan ga'adha. Ibsa dabalataaf ammoo caqasa kanneen akka:(Yoh17:3), (Yoh11:43-44); (Gal 6:7); (1Yoh 4:1-18); (Yoh 3:16), (Yoh 1:1-12), (Qol 1:15-17), (Efeson 5:11), (2xim3:16), Yoh (10:27-28), (1phex2:1-3) fa'i.

Ani akka dhuunfaa kiyyatti dubbii katabamanii jiran hunda keessaa isaanuma kana qofa yoon dubbise dhugaa hubachuu nan danda'a. Gama biraan akka ilaalcha dhuunfaa kiyyaatti yoon ilaalu, osoo namootni kitaaba Henook Kitaaba Qulqulluutti dabalaniiru ta'ee silaa ani hin mormu. Achi keessaa kan naaf gale qofan irraa baradha. Kan hafe ammoo seenaa fi sayinsii hawaan ittiin xiinxala. Waantotni yesuus hin barsiisin hafes danuudha.

Isaan sanayyuu Afuura Qulqulluunan hubadha. Akkuma saayinsiin dhugaa hubachuu nan dhorkine baayyinni kitaabaas dhugarraa nan dhorku. Ani dandeettii kiristoos naaf kennuun waan hundaa gochuu nan danda'a! (Fil 4:13)

BOQONNAA SHAN

ISLAAMUMMAA

Akkuma ammaan dura ilaaluuf yaalletti hundeeffama amantaa Islaamummaaf sababa kan ta'e inni guddaan, qeeqa Kitaaba Qulqulluu Kiristaanotni itti amananii fi barsiisa Kiristaanotaa keessaa kanneen akka '*Sadan Tokkummaa (trinty)*' irratti mormii uumame kan bu'uureffatudha. Kanas irra jireessaan Kitaaba '*Quraana Qulqulluu*' jedhamu kan *Musiliimotni* akka qajeelfama 'Rabbi/Allah' biraa isaaniif kennameetti amanan sanarraa fakkeenya fudhachuun mirkaneeffanna.⁽¹³⁾

Haala kanaan *Kitaabni Qulqulluun* Kiristaanotaa seera jalqaba Iisaan/Yesuus barsiisee fi ergamootni biroon barsiisan osoo hin taane, namootni faayidaa isaaniif jecha, yaaduma ofii isaanii, akka waan Waaqayyo biraa isaanitti kennameetti fakkeessuun barreeffatan yaada jedhurratti xiyyeeffata. (Sura Baqaraa 2:79), akkasumas (Sura tul Iklas 112:1-4). Caqasni kun caqasa Kitaaba Qulqulluu keessaa isa 2Qor2:17 irratti katabamee jiru sana waan deggerus fakkaata.

Amantaan Isilaamummaa jalqaba kan hundeeffame karaa namicha biyya Arabaa kan 'Muhaammad' jedhamuuti. Kunis dhaloota Kiristoosiin booda bara 610 tti ture. Yeroo sana umuriin Muhaammad naannoo waggaa 40 akka turetu himama.

Haaluma kanaan, Islaamummaan kan eegalame erga Muhaammad barsiisa: *“Namootni waaqa tokkicha akka amananiif jecha, anaan immoo akkan barsiisuuf ergamaa isaa nagodhateera.”* jedhu labsee booda ture. Kanaanis, "Ani akkuma Iisaa/Yesuus ta'een ergame." yaada jechu barsiisaa ture. Inumaayyuu Muhaammed Yesuusiin akka caalutti ibsame. Kunis Yesuus Israa'el qofaaf kan ergame ta'uufi Mohaammed ammoo Addunyaa maratti kan ergameedha amantaa jedhuun ibsama.

Akka amantaa haraa hundeeffame, kan 'Islaam' jedhamee beekamu kanaatti, Waaqni maqaa 'Allaa' jedhamuun waamama. Ta'us moggaasa ittiin waamamu 99 kan ta'an akka qabus barsiifama. Callee 99 lakkaa'uunis kanuma ibsa.

Haa ta'u malee, Muhaammad dursa osoo amantaa kana hundeesuu hin eegalin dura waantota Kiristaanotni yeroo sana barsiisaa turan kanneen akka *sadan tokkummaa* akkasumas biyya

Arabaa bakka inni keessa jiraachaa ture keessatti immoo gosoota waaqa tolfamaa garaagaraa 360 ol ta'an jiraachuun isaanii gaaffii akka itti uumaa turanis ni himama. Waantota gaaffii itti uumaa turan kanaafis, deebii isa quubsu argachuu dhabuurraa kan ka'eenis amantaalee yeroo sana turan irratti shakkii qabu maddisiisuu eegale. Kanumarraa ka'uun sababa mormii /shakkii qabuuf holqa gaara '*Hiiraa*' jedhamu keessatti argamu keessatti waaqni dhugaa akka itti ibsuuf kadhachaa akka tures ni himama.

Haaluma kanaan holqa Hiiraa keessatti osoo inni waaqa kadhachaa jiruu karaa ergamaa Jibril amantaan Isilaama jedhamu akka jalqabamuuf waaqni akka isa ajajetu Musliimotaan amanama. Kanumaan amantaan '*Isilaama*' jedhamuun beekamu hundeeffame jechuudha. '*Islaam*' jechuun *nama rabbiif bitamu* akka jechuutti hiikama.

Hundeessaan Isilaamummaa '*Muhaammad*' maqaa moggaasa '*Ergamaa waaqaa (Rasuul Allah)*' jedhuun hordoftoota amantaa Isilaamummaa biratti beekama. Dabalataanis Muhammad ajaja waaqaan dandeettii waan fuulduratti ta'uuf jiru raagu qaba

jedhaniis waan amananiif maoggaasa '*Nabiyyii*' jedhamuunis ni waamama. Kanumarraa ka'uun Mohaammed amantaa kiristaanummaa mormee Islaamummaa hundeesse. Achumarraa eegaluun Islaamummaa kana bifa garaa garaan babal'isuu akka eegaletu himama. Kanumaan gosoota waaqa tolfamoo yeroo sana biyyasaa keessa turan keessaas kan maqaa 'Allaa' jedhuun waamamu isa 'kaabaa'tti argamu qofa hanbisuun kanneen kaan humnaan akka mancaases ni himama.

5.1. Kitaabota Islaamummaa

5.1.1. Quraana

Kitaabni amantaa Islaamummaa *Quraana Qulqulluu* jedhamuun beekama⁽⁵⁾. Quraanni dubbii Mohaammed ergamaa waaqaa (Gabri'el/jibiriil) tu waaqa biraa natti ergamuun seera waaqaa isa warri Kiristaanotaa jal'isan sirreessee natti hime jechuun namootatti himaa ture hunda of keessaa qaba. Muhaammad waantota dhaga'aa ture ykn Gabri'el itti dubbate hunda sababa ofii barreessuu fi dubbisuu hin dandeenyeef sammuutti bifa walaloon kuufatee namootatti himaa ture jedhama. Isanni akka walalootti itti himaa ture kanas namootni isa duukaa turan hanga muraasaan barreessaa akka turanis ni himama. Waantota inni nan dhaga'e jedhee himu kunis hedduun isaa dubbii Kitaaba Qulqulluu kiristaanummaa keessatti caqafamee jiruu wajjin wal fakkaata.

Ibsa kanarrraa qabxiin hubatamuu qabu, amantaan Islaamummaa amantaa Kiristaanummaa irraa gargar fageenya ilaalchaa yoo qabaateyyuu, akka sirreeffama amantaa

Kiristaanaa (Yihudiizimii)tti kan hundeeffameeedha malee waan haaraa uumee kan barsiisu akka hin taanedha.

Gama biraanis Muhaammad *Quraana Qulqulluu* ofiin barreessuu haa dhabu malee, toora inni ittiin barreeffamuu qabu hunda namoota barreessaaniif akka ibsetu himama. Waantotni kitaabicha keessatti kutaa kutaan katabamanii jiran hundis kan yeroo garaa garaa Jibriil Muhaammaditti himaa ture akka ta'etu ibsama. Kunis kutaa lama kan yeroo inni biyyoota 'Makkaa' fi 'Madiinaa' jedhaman jiraachaa ture itti himameen kan qoodamu ta'uu isaas ragaan hadiisaan ibsame ni ibsa. (Sahi Al Bukaarii: 6:61:589).

Dabalataanis dubbii kutaa kutaan itti himamaa ture kanas Mohaammed akka suuta suuta irratti hojjechuu qabuuf akka ajajames dubbachuu isaatu ibsama. (Sahii Bukaarii 6:61:590). Kana jechuun inni dubbii dhaga'aa ture sana hunda suuta suutaan gara Quraanaatti jijjiiruu akka qabu kan ibsu ta'uu isaa dubbatu namootni ragaa kana caqasan.

Walumaagala dubbiin Quraana keessatti katabamanii jiran hundi wagga 23 gidduutti akka Mohaameditti himamanii

xumuramantu ibsama. Kanas bara kadhata Hiiraa keessaa (610) sanarraa kaasee hanga bara inni du'e (632) sana gidduu jiru shallaguun ibsu. Quraanni Mohaammadirratti bu'e jechuunis kanuma. Malee, Quraanni katabamee waaqarraa dub jedhee lafa bu'e jechuu miti.

Namootni Quraanni harka Rabbiin katabame jedhanii amananis jiru. Kunis sababa amantaa, "Jibriil dubbii Mohaammaditti hime hunda kitaabarraa dubbisee itti himaa ture" jedhu amananiif ta'uusaati. Haa ta'u malee Jibriil kan inni kitaaba baatee dubbisi ittiin jedhe sun dubbii isa inni jalqaba gaafa holqa Hiiraa keessa jiru itti mullateedha. Jibriil gaafas Kitaaba baatee akka tureefi kitaabichas Mohaammediin "Dubbisi" ittiin jennaan innimmoo, *"Ani hin baranne waan ta'eef dubbisuu hin beeku."* jedhee ture. Kanumarraa ka'uun kitaaba harkatti baatu sana Jibriil ofumaa dubbisee Mohaammaditti akka himuuf dirqametu ibsama.

Kanumarraa ka'uun Musiliimotni dubbiin Quraana keessatti caqafamee jiru hundi, dubbii isa Jibriil kitaabarraa dubbisaa ture ta'uu isaa amanu. Haa ta'u malee garuu, dubbiin Quraanarratti katabamee jiru hundi dubbii Mohaammed dhaga'aa ture sana

qofa kan of keessa qabu ta'uu isaa namootni shakkan ammoo ni jiru. Kunis sababa dubbii Mohaammed dhaga'eera jedhu sana kan barreesse Mohaammadiin osoo hin taane namoota kan biraa ta'aniif ta'uu isaati. Dabalataanis waantota yeroo ammaa Quraanarratti katabamanii jiran hundi dubbii Mohaammed dhaga'e sana ta'uu fi dhabuu isaa Musiliimota qofa osoo hin taane, Mohaammed innumti dubbicha dhaga'eyyuu quba hin qabu. Kunis sababa Quraanni bifa amma qabu kana uffatee kan katabame erga Mohaammed du'e booda ta'eefidha.

Kanumarraa ka'uun namootni dubbii kana qeeqan, "*Waaqni osoo Mohaammed kitaaba katabuu fi dubbisuu akka hin dandeenye beekuu akkamitti Mohaammadiin dubbisi jedha*" shakkii jedhuun mormii qaban ibsatu. Dabalataanis erga kitaabni sun akka barreeffamuuf yaadamees, maaliif waaqni Mohaammadiin akka inni kitaaba barreessuufi dubbisuu danda'e gochuu dadhabe kanneen jedhan jiru. Musliimotni garuu gaaffii kana yeroo deebisan inumaayyuu akkas gochuun waaqaa kun raajii waaqaa keessaa tokko akka ta'etti ibsu.

Sanas ta'u kana garuu dubbiin Quraana amma jiru kanarratti katabamee jiru hundi dubbii waaqaa ta'uu isaa namootni amanan akkuma jiran kanneen mormanis danuudha.

Haa ta'u malee, yeroo jalqabaa sana Mohaammadii fi hordofootni isaa waantota Mohaammed Jibriiltu natti hime jechuun isaanitti himaa ture sana hunda sammuu keessatti kuufatanii bifa walaloon namoota barsiisaa akka turantu beekama. Hanga muraasaan ammoo waantota garaa garaa irrattis akka katabuu yaalaa turanis ni himama.

Waantota namootni sun yeroo sana dubbicha irratti katabaa turan keessaa: waantota akka paapiruu, dhagaa, gogaa fa'a ta'uutu ibsama. Haala kanaan dubbii Mohaammed Jibriiltu natti hime jechaa ture keessaa hedduun isaa afaaniin kan odeeffamaa ture ta'uu fi muraasni ammoo kan waantota garaa garaa irratti katabamaa ture ta'uus hubanna. Harruma iyyuu namootni dubbii Quraana keessa jiru hunda sammuutti kuufachuu danda'an ni jiru. Isaan kun garuu Quraana barreeffamee jiru kana irra deddeebiin dubbisuun yeeoo dheeraa booda akka sammuutti kuufachuu danda'antu beekama. Aadaan sammuutti

kuufachuu kunis aadaa Mohaammed dura gochaa ture sana hordofuuf kan yaadame ta'uu ibsa. Haaluma kanaan namootni Quraana Hunda sammuu kuufachuu danda'an maqaa 'Hafiizota' jedhamuunis waamamu. Isaanumtuu yeroo kitaabicha sammuu keessaa fuudhanii akka walalootti dubbatan darbee darbee ni dogoggoru. Akka isaan hin dogoggorreef garuu yeroo namootni biroon Quraana harkatti baatanii isaan cina dhaabbatanii nama sammuu keessaa dubbisu sana hordofantu beekama. Yoo namichi dogoggore battaluma bakka inni itti dogoggore sana Quraana keessaa dubsanii akka inni irra deebiin qajeelfatu taasisu jechuudha. Taateen kun yeroo Raamadaanaa keessa sirriitti mullata.

Egaa dubiin Quraana keessatti katabaman hundi waggaa 23 keessatti kan Mohaammaditti himaman ta'us garuu Quraanni bifa qindaa'aa ta'een kan barreeffame, du'a Mohaammed booda akka ta'e hubanna. Gama biraan Quraanni amma addunyaa irratti barsiifamaa jiru kun yeroo Mohaamed lubbuun jiru kan barreeffame osoo hin taane, Musliimota jalqaba Islaamummaa fudhataniin akka ta'e hubanna. Kunis naannoo xumura jaarraa 7ffaa keessa akka ta'etu irra jireessaan ibsama.

Haa ta'u malee, haala barreeffamee xumuramuu Quraanaa kanarrattis ibsa garaagaraatu kennama. Haala Quraanni ittiin barreefamuu qabu irrattis mormiin Musiliimota yeroo sana turan gidduutti akka adeemsifamaa tures ni ibsama. Waldhabdee ture sana furuuf yaaliin godhamaa akka tures ni himama. Kunis akka Musiliimotni Quraana irratti garaa garummaa hin uumneef jecha yaalii yeroo sana bilchinaan taasifamaa ture ta'uu ibsa.

Haaluma kanaan waldhabdee uumamee ture furuuf hanga danda'ametti walii galtee uumanii akka turanis himama. Walii galtee uumame kananis Kitaabni '*Quraana Qulqulluu*' jedhamu kun Afaan Arabiffaan qofa barraa'uu akka qabu taasifame. Kanumaan Quraanni bifa ammaa kanaan afaan Arabiffaan barreeffame. Sababa kanaanis kitaabni haaraan kun mormii bal'aa kan silaa Musiliimota gidduutti uumamuuf ture hir'isuun tokkummaa uumee jira.

Haaluma kanaan Quraanni yeroo ammaa addunyaa irratti bal'inaan beekamu kan boqonnaa 114 qofa akka qabaatu taasifame. Kitaabni boqonnaa 114 qabu kun baay'ina lakkoofsaa irrattis mormiin kan jiru ta'us jechootaa fi qubee jijjiiruu waan

hin dandeenyeef lakkoobsa 6236 qofa akka qabaatu taasifame. Akkasumas jechoota 77,449 fi qubee Arabiffaa 320,015 akka qabaatu taasisuun garaa garummaa Quraanarratti uumamuu malu furuuf kan yaalame ture jechuudha.

Egaa, Islaamummaa keessattis yeroo ammaa kana garaa garummaa danuun jiraatus, waldhabdee kan uume irra jireessaan sababa Quraana irratti waldhabaniif osoo hin taane sababa Hadiisa irratti wal dhabaniif ta'uu isaa hubanna. Kanumarraa ka'uun gabaabumatti kan hubannu garaa garummaan Musiliimota gidduu jiraatus mormiin Quraana ilaallatu hagas mara kan hin taanedha.

Sirna katabbii Quraana kana irratti walmormiin hagas mara mul'achuu baatus garuu haga muraasaan toora barreefama isaa irratti wal dhabdeen tureera. Fakkeenyaaf kutaa Quraanaa keessaa jechi inni jalqaba Muhaammad dhaga'ee sammuutti kuufachuun akka bareeffamu taasifame sana irratti yaadotni garaa garaa kaafamu. Haa ta'u malee ballinnaan kutaan jalqabaa isa boqonnaa 96 lakkoofsa 1(96:1) irratti barreefamee dha. Kunis isa jalqaba utuu Muhaammad boolla gaara Hiiraa jedhamu

keessa ciisuu ergamaan ‘Jibril’ jedhamu itti mul’achuun kitaaba baatee dubbisi ittiin jedhe, sana ta’uutu caalmaan ibsama.

Gama biraan immoo jechi xumura irratti Mohaammad dhaga’e jedhamu irrattis wal mormiin jira. Ta’us harka caalmaan kan himamu isa kutaa Quraanaa keessaa boqonnaa 2 lakkofsa 281 irratti katabame ta’uu himu. Innis isa: “*Guyyaa gaafa namni hundi fuula rabbiitti murtiif dhiyaatuu sodaadhu, lubbuun hundi tokko tokkoon gatii hojii isaanii argatu, dogoggoraanis itti hin murteefamu*” jedhamee katabame sana (Sura tul Baqaraa 2:281).

Haa ta’u malee, dubbiin jalqabaa fi xumura Quraanarratti katabamanii argaman isaan kana osoo hin taane kan biraati.

5.1.2. Hadiisa

Kitaaba *Quraana Qulqulluu* jedhamu biratti dabalataan Musiliimotni kitaaba ‘*Hadiisa*’ jedhamu hordofu⁽¹⁴⁾. Kitaabni kun akka Quraanaa dubbii waaqa biraa dhufe osoo hin taane, seenaa Mohaammed kan ibsuudha. Seenaa Muhaammad cinatti aadaa fi barsiisa Mohaammed akkasumas namoota isa waliin turan (sa’abota/kaalifoota) fi akkaataa isaan ittiin seera hordofaa turan fa’a kan ibsaniidha.

Musliimotni aadaa Mohaammed isa Hadiisa garaa garaa keessatti caqafamee jiru dubbisanii akkuma sanatti Seera Mohaammed hunda ittiin hordofu.

Hadiisni kitaaba akka Quraanaatti dubbii waaqaati jedhamee amanamuu baatus, Musiliimotaaf hiika guddaa qaba. Kanaafuu, sirni isaan hordofan baayyeen isaa kan Quraanarra jiru osoo hin taane kanneen Hadiisarratti ibsamaniidha. Isumaan aadaa nyaataa, aadaa uffannaa, aadaa fuudhaafi heerumaa, aadaa sagadaa hunda ittiin hordofu. Kanaafuu, sirni Musiliimotni ittiin hogganaman danuun Hadiisarraa kan fudhatame ta'uu isaa hubanna. Hadiisni musiliimotni hundi ittiin hogganaman kun jecha rabbi osoo hin taane; seenaa waa'ee Muhaammadii fi Hordofoota isaa warra gara jalqabaa kan ibsan ta'uu isaati.

Hadiisni seenaa Quraanarratti hin katabamin tures kan of keessatti qabatuudha. Dubbiin Quraana keessatti ifa ta'uu dhaban muraasnis Hadiisa tokko tokko keessatti yeroo ibsamani katabamantu argama. Kunis dubbii Quraana keessa jiru sana Mohaammedii fi kaalifootni jalqabaa akkamitti akka isaan hordofoota isaaniif ibsaa turan kan of keessaa qabu ta'uusaati.

Gama biraan Hadiisa keessatti kan katabamee jiru seenaa Mohaammed qofa osoo hin taane seenaa namoota isa hordofaa turanii (Sahaboota) Mohaammedis kan dabalatuudha. Egaa hadiisa keessatti kan katabame seenaa haala jireenya Mohaammed kan dhalootaa hanga du'a isaatiitti ibsamaniifi seenaa namoota isaa wajjin turaniis akka of keessaa qabu hubanna.

Kitaaboleen hadiisa jedhaman kunniin gosa heduu ta'anis hundi isaanii kan barreeffaman erga Muhaammad du'een boodadha. Kanaafuu, hadiisni dubbii seenaa namootarraa qorachuun katabame ta'uun isaa ifa galaadha.

Namootni hadiisa kataban seenaa Mohaammed namoota ijaan arganii fi namoota waa'ee isaa namoota isa duukaa turanirraa dhaga'an fa'a qoratanii akka barreessan himama.

Haaluma kanaan Hadiisni erga Mohaammed du'ee turtii waggaa dheeraa booda seenaa namootni waa'ee Mohaammed bifa darbi darboon odeessaa turan hunda qorachuun kan barreeffame ta'uu isaa hubanna. Haaluma kanaan, hadiisota hedduun kan barreeffamanii jiran ta'us isaan keessaa kanneen akka madda

amansiisootti dursi laatamuuf akkuma jiru kanneen dhugummaan isaanii hagas mara hin amanamnes danuudha. Kunis namoota seenaan sun irraa qoratamaniin gulaalama.

Fknf, namoota Muhaammadiin ijaan argan keessaa haadha manaa isaa kan inni dhumarratti fuudhe kan Aayisha jedhamtu irraa kan qoratame ture. Aayishaan gaafa Mohaammeditti heerumte umuriin ishee baayyee xiqqoodha. Kanas Haadiisatu hima. Hadiisarratti umurii Aayishaan itti heerumte kunis garaa gara ta'ee ibsama. Inni tokko waggaa 6^{ffaatti} akka heerumte hima. Inni kan biraan ammoo gaafa waggaa 9^{ffaa} isheetiiti akka heerumte hima (*Sahi al Muslim* 3:8:3310).

Sanas haa ta'u kana garuu Aayishaan sababa ijoollummaan heerumteef jecha erga Mohaammed du'een booda waggaa dheeraa jiraatte. Kanaaf jechas, Qorannoo Hadiisa keessatti caqafamaniif ragaa akka madda amansiisaa ta'etti ilaalamu gumaachuu dandeesse jechuudha. Hadiisotni haala kanaan namoota jalqaba Mohaammeditti amanan (Sahaboota) irraa qorataman kunniin hadiisota madda amanamoorraa qorataman jedhamuun kanneen dursi kennamuufiidha. Kunis namoota erga

Mohaammed du'een booda bakka isaa bu'anii kaalifa (imaama) ta'uun musiliimota hogganaa turanis dabalata. Seera Mohaammed barsiiseen alattis kan kaliifotni jalqabaa kunniin barsiisaa turanis hadiisa keessatti katabamuun akka qajeelfama madda amansiisoo irraa fudhatamittes ni amanama.

Hadiisotni Kanneen biroon garuu du'a Muhaammad booda naannoo waggaa 200 fi isaa ol kan ta'u namootarraa seenaa darbii darboon kanneen qoratamanii barreeffamaniidha. Sirni katabames sirna kaalifootni arfan tuman danuu hindabalatu. Egaa, kanumaarra ka'uun qoodamni hadiisotaa kun bara itti barreeffamee fi sirna ykn aadaa waqeffannaa irrattis Kaalifoota afran jalqabaa irratti kan xiyyeeffatu ta'uu fi dhabuu irratti hundaa'eeti ⁽¹⁵⁾.

Haa ta'u malee, yeroo garaa garaafi namoota garaa garaan waan barreeffamaniifis hadiisotini barreeffaman hundi dhugaa walfakkaatu tokko qabaachuu hin dandeenye. Rakkoo kana hir'isuuf jechas, hadiisota barreeffaman tokko tokko sirreessuuf yaaliin godhameera. Kanneen sirreeffamuuf yaalamanis jecha 'Sahii' jedhuun kanneen durfamanii dha. Jecha 'sahii' jedhu kun

“kan sirreefame” ta’uu ibsa. Kaanonii hadiisaa kan ibsu ta’uu isaati. Hadiisota haala kanaan sirreeffaman keessaa beekamoon, ‘*Sahii al Musiliimii*’ fi ‘*Sahii al Bukaarii*’ jedhamu. Haa ta’u malee garuu, Hadiisotni sirreeffamuuf yaalaman kunniin waldhabdee ilaalchaa kan Musiliimota gidduu jiru tokkummeessuu hin dandeenye.

Egaa, akkuma Quraanaa sanatti garaagarummaa sababa hadiisaan musiliimota gidduu jiru hir'isuuf yaalananis kan hin danda'amne ta'uusaa hubanna. Hanqinni kun ammoo, yeroo booda Musiliimotni garee garaa garaatti akkasaan qoqqoodaman taasisee jira.

5.2. Tokkummaa fi Waldhabdee Musliimotaa

5.2.1. Tokkummaa Musliimotaa

Musliimota gidduutti sababoota muraasaan garaa garummaan kan uumame ta'us gareen Musliimotaa hundi ilaalcha waloo ni qabu.

Tokkummaa musliimotaa kan ibsu keessaa tokko: namni Islaamummaa fudhate kamuu waantota bu'uraa ja'a amanuu akka qabu irratti waliif galuu isaaniiti. Waantota bu'uraa kan Musliimni tokko amanuu qabu kunis akka armaan gadiitti kanneen ibsamaniidha.

- I. *Rabbi tokkicha (Allaa) akka ta'e amanuu.* Abboommii rabbii qofa eeguun akka namarra jiru amanu. Abboommii kana keessaa tokko musliimotni gaafa amanan jecha, "*Ashaadu Laa Ilaahillallaa, Ashaadu Anna Muhaaammedan Rasuul Allaa!*" jedhuun waadaa seenuu qabu. Kunis, "Ani nan amana waaqa tokkichatti (Allaatti), Mohaammad ammoo ergamaa waaqa Allaa ta'uusaatti!" akka jechuuti. Abboommiin inni lammataa Allaa qofaaf sagaduu

(salaatuu) akka ta'e amanu. Salaata kanas guyyatti si'a 5 ta'uu akka qabu ni amanu. Ta'uu baannaan guyyaa dhumaa Allaan akka nama gubu Musiliimota hundatu garaagarummaa malee amana.

II. *Mohaammed ergamaa rabbi akka ta'e amanuu.* Kunis akkuma Iisaan/Yesuus ergamaa rabbii ta'e sana, Mohammedis ergamaa rabbii (Nabiyyii) ta'uu isaa shakkii malee akka amanuu qaban ibsa. Haa ta'u malee, namootni ergamaa (Nabiyyii) ta'anii turan kan biroonis danuuttis amanu. Fakkeenyaaf, Quraanni naannoo namoota 25 maqaa yoo dhahu, kanneen keessaa kan hunda caaluun ibsaman ja'a. Isaan kunis:

Aadam/Addaam; Nohi; Ibrahim/Abriham; Muusaa/Musee; Iisaa/Yesuusfi Mohaamad yoo ta'an, hundi isaanii maqaa 'Nabiyyii' jedhamuun waamamu.

Haa ta'u malee nabiyyoota tarreeffaman kana keessaas kan hunda caalu Nabiyyii Muhaammadiidha jedhuun namootni Musiliima ta'an hundi akka amanuu qabantu barsiifama jechuu dha. Kanaafuu, akka Quraanni jedhutti

namni karaa Mohaammed (ajaja isaa) hordofuun Allaanis tokkicha ta'uu isaa amane, jennata badhaafama. Ta'uu baannaan abiddaan gubama jedhanii amanu.

III. *Ergamootni waaqaa, kanneen nama hin taane, kan akka Jibril, jiru jedhanii amanuu. Akkasumas uumamni 'Jinnii' jedhaman kan namootaa fi ergamoota hin ta'in garuu akkuma namaa gaarii fi hamaa kanneen dalaguu danda'an akkasumas guyyaa dhumaatti dalagaa dalaganiif akkuma namootaa murtoo waaqa biraa kanneen fudhatanis ni jiru jedhanii amanuu dabalata.*

IV. *Kitaabolee kanneen rabbi nabiyyootarratti buuse amanuu. Isaan kunis kitaabota kanneen akka: - 'Tawraat' (seera Muse); 'Zabur' (faarsaa Daawwit); 'Injiil' (wangeela Yesuus/Iisaan barsiise); fi Quraana/Furqaana (kan Nabiyy Muhaammaditti bu'e) hundaa akka seerota rabbi biraa namootatti kennamaniitti kan amanan ta'uu isaaniin tokkummaa qabu.*

V. *Guyyaan 'qiyaamaa' akka jiru amanuu. Akkasumas jaannamii fi jannatni akka jiru amanuu. Jaannam bakka itti*

rabbi abidda barabaraa keessatti gubee nama adabuudha. Jannatni ammoo bakka itti jireenya gaarii barabaraan jiraataniidha. Kanaafuu, namni abboommii kanneen armaan olii fudhachuu dhabe ni gubata.

VI. *Waan hamaas ta'e waan gaariis rabbumatu namatti fida jedhanii amanuu.* Gama biraan waaqni waan nama mudatu hunda duraan dursee murteesse akka jechuuti. Kunis jecha '*Al Qada wal Qadir*' jedhamuun ibsama.

Egaa namni musliima ta'e hunduu waantota armaan olitti caqaqafaman kana hunda amanuu irratti garaa garummaa hin qaban. Seerri kunis irra jireessaan Hadiisota keessaa funaana.

Ilaalcha waloo kan musliimotni hundi irratti waliif galan keessaa Inni lammataa ammoo amantaa namni hundi yeroo booda Islaamummaa fudhachuu qaba jedhudha. Gama biraan musliimotni hundi hawwii namootni *biyya lafaa irra jiran hundi amantaa Isilaamummaa hordofuu qabu jedhu qabu.* Kunis kan mirkanaa'uu danda'u yoo hogganaan (Imaamni) cimaan kan Mohammedii fi kaliifota jalqabaa bakka bu'uun akkuma isaanii namoota hedduu Islaamummaa fudhachiisu jiraate qofa akka

galama ga'u amanu. Hogganaan kunis sanyii Mohaammed ykn sanyii Kaalifoota jalqabaa keessaa yoo muudame qofa galma ga'a ilaalcha jedhu qabaachuu irrattis musiliimotni tokkummaa qabu. Kanaafuu, hogganaa cimaan (Kaliifni) yaadame sun, yoo muudame namootni addunyaa hundi Islaamummaa akka fudhataniif nama shoora guddaa taphachuu malu akka ta'etti amanu. Namni akkasii muudamuuf ammoo akka sirna aadaa bara Mohaamediifi Kaalifoota durii sanatti hoggonsi dhaalaan kan daddarbuudha. Kanaafuu, imaamni (Kaliifni) Musiliimotni akka muudamu fedhan sun sanyii namoota jalqaba Islaamummaa finiinsaa turan keessaa akka ta'uu qabuudha. Haala kanaan namni sanyii hoggantoota sanaa keessaa Imaama ykn Kaliifa ta'ee filatamuu qabu dhiira qofa⁽²⁵⁾

Akkuma beekamu Islaamummaa jalqaba kan hundeesse Mohaammadiidha. Kanaafuu, namni Kaliifa ta'ee Islaamummaa hogganuu qabu sanyii Mohaammed keessaa osoo ta'ee mormii hin qaban. Kana jechuun, Imaamni duraa duubaan muudamu hundi dhaalaan hanga namootni hundi Islaamummaa fudhatanitti daddarbuu qaba jechuu dha. Sana booda bara dhumaa, guyyaa namootni hundi fuula rabbiitti dhiyaachuun

adaba yookaan badhaasa argachuuf murtii argatan sun akka ta'u amanama. Kunis Guyyaa Qiyaamaa jedhamuun kan beekamu ta'uu isaas Musiliima hundatu amana. Qiyaamaan kun osoo hin ga'in dura namootni hundi imaama sanyii Mohaamed irraa jalqabee dhaalaan dadarbuun yoo hogganaman qofa namootni hundi Islaamummaa fudhachuu kan qaban ta'uu isaatu musliimota hunda biratti amanama jechuudha.

Haa ta'u malee akka carraa ta'ee Mohaammed dubara malee dhiira dhalche hin qabu. Kanaafuu, namni ilmoo Mohaammed keessaa bakka Mohaammed bu'ee Islaamota hogganuu danda'u hin turre. Kanaafuu, erga Mohaammed du'ee booda Imaama jalqabaa 'Sahaboota' Mohaammed keessa muuduun dirqama tahe. Namni jalqaba Muudame kunis Abubakar jedhama. Erga Mohaammed du'ee booda Sahaboota keessaa namoota Afurtu Kaalifa ta'uun bakka Mohaammed bu'ee Musliimota Hogganaa ture. Isaan keessaa kan 4^{ffaa} irratti Kaalifa/ Imaama ta'e Namicha 'Alii Ibin Xaalib' jedhamu ture.

Alii Ibin Abu Xaalib ilma eessuma Mohaamed ture. Mohaamed dhala dhiiraa waan hin qabneef jecha Aliin akka ilmaatti

gudifatee ture. Booda garuu intala isaa kan Faaxumaa jedhamtu itti heerumsiise. Kun egaa fedhuma Mohaammediin ta'e jechuudha.

Alii Ibin Abu Xaalib, Faaxumaarraa ijoollee dhiiraa lama argatee ture. Ijoolleen Lamaan kunis yeroo booda Imaama ta'anii seera danuun Musliimota akka hogganaa turanis himama.

Egaa ibsa armaan olitti kenname kana hunda Musliimotni hundi ni amanu. Haa ta'u malee, waldhabdeen isaan qaban, "sanyii Abubakir moo kan Alii Ibin Abu Xaalibtu imaama ta'ee muudamuu qaba?" kan jedhurratti.

5.2.2. Waldhabdee Musiliimotaa

Musliimota gidduutti garaa garummaa kan uume, keessaa inni ol aanaan waa'e Imaamni (Kaliifni) muudamu sanyii Abubakirii fi Alii IbinAbu Xaalib keessaa kan eenyuuti jedhuratti ^(16, 17).

Abubakir nama Mohaammeditti aansuun Kaliifa ta'ee fi Seerota Islaamummaa kan ittiin Mormii danuu dandamatee Islaamummaa babal'iseedha. Erga Mohaammed du'ee booda hoggansa jabaan Islaamummaa itti fufsiisuu danda'uun isaa kunis Abubakar Islaamummaa keessatti Mohaammeditti aansuun bakka olaanaa qabaachuun akka beekamu isa taasise. Alii Ibn Abu Xaalib ammoo du'a Mohaammediin booda erga namootni sadii Kaliifa ta'anii booda nama arfaffaa irratti kaliifa ta'eedha. Haa ta'u malee Mohaammed akka ilmaatti Alii kana guddise. Ilma eessuma Mohaammed ta'uuum isaas fira Mohaameditti dhiyaatuudha. Inumaayyuu Intala Mohaammed fuudhuun ilmaan lama irraa godhatee jira. Mormii jabaa dandamachuu fi seerota danuu kalaqee Islaamummaa ittiin hogganuun kan beekamu taa'us garuu hanga, Abubakar kan jejamu miti.

Egaa kanaaf jecha, Imaamni sanyii eenyuu kessaa akka muudamuu qaburratti waldhabdeen Musiliimota gidduutti uumame jechuudha. Egaa haaluma kanaan mormiin eegalame. Mormii fi falmii qaban ibsachuufis akka ragaatti hadiisa garaa garaa katabanii caqasuu eegalan. Kanumaan hadiisotas kan mataa mataa isaanii hordofuuf murteeffatan. Haaluma kanaan Isilaamummaan is gosoota garaa garaatti gargar cabuu danda'e.

Irra jireessaan gareen Isilaamummaa hundi ilaalchi isaan qaban gargar akka ta'u kan taasises hadiisota garaa garaa hordofuu isaaniiti. Kanumarraa ka'uun Musliimotni garee gurguddoo sadiitti gargar cabuu danda'an⁽¹⁶⁾. Isaanis:

Musiliima Sunnii

- *Musiliima Shi'iitii*
- *Musililiima Suufii* yoo ta'an, gareen kunniin ammas garee xixiqqaa hedduuttis ni qoodamu.

A, Ilaalcha Musiliimota Sunnii (Suni Muslim)

Gareen ilaalcha Musliimota sunniitti amanan kunniin gosa Musiliimota addunyaarra jiran hunda keessaa harka 85-90(85-90%) tti kan tilmaamaniidha(16, 17). Kan hafe musiliima shiyaa ykn suufiiti. Biyyoota Shiyaan hin jirre keessa Musiliimota Suufiitu jiraachuu mala. Kanaafuu baayyina miseensa qabaniin Musiliimota Sunniitu caala heddummata jechuudha.

Musiliimotni sunnii seera Mohaammeditti aansuun seera Kaliifa jalqabaa kan ta'e Abubakir deggeru. Hadiisni isaan hordofanis irra jireessaan barsiisaa fi seera seenaa Mohaammediifi kaalifoota jalqabaa arfan qofa irratti xiyyeeffatu. Isaan kunis duraa duubaan:1^{ffaan} Abubakir (bara 632-634); 2^{ffaan} Umar Ibn Al-Kattaab (bara 634-644); 3^{ffaan} Usman Ibn Affaan (bara 644-656); fi 4^{ffaan} Alii Ibn Abu Xalib (bara 656-661). Kanaafuu barsiisa namoota kanaa fi seera isaanii kan 'Hadiisaan' caqafame fudhachuu irratti fedha olaanaa qabu.

Haa ta'u malee garuu Imaamni isaan sana booda jiru sanyii Abubakir keessaa akka filatamuu qabu mormii qaban ibsatu.

Kunis Mohaammeditti aanee kan Islaamummaa hoggane Abubakir waan tureefidha jalqaba Mohaammeditti aansees seerota hedduu kan tume isa. Dabalataanis Quraana hiikee barsiisuun kan dursa argate isa ta'uu ibsatu. Kanaafuu Sunnii Musliim Seeraa fi Barsiisa Abubakir kana Hadiisa keessaa caqasanii fudhatu. Hiiknumti sunnii jedhu kunuu Aadaa/Sirna jechuun hiikama. Sunnii (Sirna) Mohaammedii fi Kaliifota jalqabaa Arfan kan hordofuu qaban ta'uu ibsa. Kanaafuu Hadiisni isaan hordofanis hadiisota yaada isaanii kana deggeran qofa.

Kanumarratti hundaa'uun gareen Musiliimota Sunnii jedhaman kun gosoota Hadiisaa keessaa ja'a(6) qofa akkaa madda sirriittii ta'anitti amanananii hordofu(17). Hadiisotni kunniinis: -

- *Sahii Al Bukaarii*
- *Sahii Musliim*
- *Sunnaan Al-Sugra*
- *Sunnaan Abu Daawwud*
- *Sunnaan Al-Tirmidii fi*
- *Sunnaan Ibin Majaaha*

Kanneen jedhaman yoo ta'an, harki caalaan hadiisota kanaa erga Mohaamad du'ee booda osoo wagga 200 hin caalin kanneen barreeffan ta'uu isaaniitu ibsama.

Gareen Musiliimota Sunnii kun hadiisota kanneen akka madda amansiisaatti hin fudhanne keessaa muraasattis darbee darbee ni amanu. Akka ragaa lammataatti kan itti fayyadaman ta'uusaaati. Hadiisia kana keessaas kanneen akka: -

- ✓ *Muwattaa*
- ✓ *Musnaad Ahimed Ibin Hanbaali*
- ✓ *Masabbiih Al Sunnaaha*
- ✓ *Buluug Al Maaram*
- ✓ *Abdurrazaaq Al Sunnii*
- ✓ *Sahii Ibin Hiibbaanii fa'i.*

Egaa Musliimotni sunnii haala kanaan garaagarummaa ilaalchaa kan warra kaanirraa adda ta'e qabaatu jechuudha.

Haa ta'u malee gareen Musiliimota sunnii kunis haaromsa ilaalchaa yeroo booda taasisaa dhufaniin garee garaa garaattis ni qoodamu. Ilaalchi isaan calaqqisiisuu eegalanis haala ittiin musiliimummaa babal'isuuf karoorfatan irratti hundaa'a. Kunis irra jireessaan Seera 'Shariyaa' babal'isuu fi ittiin hogganamuu qaban irratti xiyyeeffata. Kanaafis garee kana keessaa warra

lolaan ykn humnaan seera Islaamummaa kana babal'isuu fedhutu heddummata. Lola isa 'Jihad' jedhanii higgantootni kanneen duraa sun ittiin islaamummaa babal'isaa turan sanas hordofuu dabalata.

Egaa garee Musliimota sunnii keessaa kanneen muraasni: -

- *Wahaabiyaa*
- *Obbolleeyyan Musliimaa (Muslim Brother Hood),*
- *Jama'ati Islaamii fa'i.*

Ilaalcha garee sunnii kanarraa maddeen yeroo ammaa kanneen lolaan addunyaa shorikeessuu eegalan keessaa muraasni: *Garee ISIS; garee Alqaa'idaa; garee Alshebab; garee Hizboollaa; garee Bokoharam fa'a* akka fakkeenyaatti ibsuun ni danda'ama ⁽²⁶⁾.

B, Ilaalcha Musiliimota Shi'itii

Gareen kun immoo baayyina miseensota qabaniin Musiliimota addunyaa kanarra jiran keessaa harka 5-10(5-10%) kan qooddatan akka ta'etu tilmaamama. Kanaafuu gosoota Islaamummaa sadan keessaa gareen musiliimota shiyaa baayyina miseensota qabaaniin yoo ilaalaman sunniitti aansuun sadarkaa lammaffaa qabatani argamu.

Gareen kun du'a Mohaamediin booda muudamni kaalifoota sadanii (Abubakir, Umarii fi Usmaan) sirrii akka hin turre ibsu. Kunis yaada jarreen sun sadan malaammaltummaan muudaman malee kan jalqabumarraa ka'ee kaalifa ta'uu qabu Alii ta'uu qabata ture jedhu. Sababni isaan akka ragaatti dhiheeffatanis Mohaammed akka ilma isaatti Aliin guddise, Mohaammadis aangoo dhaalaan Alii kanatti dabarsuuf akka waadaa galeefii tures himu. Kanaafuu seeraa fi barsiisa warra kaalifoota jalqabaa sadan hin fudhatan. Sanyiin jara sadanii kun Kaalifa ta'uu akka hin qabnes cichanii mormu. Kanaafuu kan isaan amanan seera Alii fi Ijoollee Alii irratti xiyyeeffata. Keessumaa ijoolleen Alii lamaan (Hasanii fi Huseen) erga kaalifummaa Aliirraa

dhaalaanii booda seerri isaan barsiisan akka seera gaarii ture amanu musliimotni Shiyaa.

Haaluma kanaan sirnaa fi seera isaan hordofan irra jireessaan Hadiisa sanyii Alii wajjin wal qabatuudha. Barsiisnii fi sirni Hadiisota kanaa ammoo kanneen Musiliimotni Sunnii amanan sanarraa addaa addummaa danuu qaba.

Gareen Musiliimota shiyaa seeraa fi barsiisa kaliifota kanneen sanyii Alii ta'aniin barsiifaman qofti sirrii akka ta'an amanu. Kanaafuu gareen kun Mohaammaditti aansuun Alii irraa jalqabee kaalifoota sanyii Alii ta'an hunda lakka'uun fudhatu. Barsiifni Kaalifa sanyii Aliin alaa kan hin fudhatamne ta'uusaati.

Kanuma irratti hundaa'uun hadiisotni isaan akka madda amanamootti amanan *“Kitaabolee Arfan”* (*Al Kutab Al Arbaah*) jedhamuun beekamu. Isaanis:

- ❖ *Asuul I Kaafii*
- ❖ *Man La Yahaduruhi Al Faqiihi*
- ❖ *Tahadiib Al Hakiim*
- ❖ *Al-Istibisar* Kanneen jedhamanii dha.

Egaa gareen Musiliima shiyaa kun Imaamummaa sanyii Alii qofa deggeruu fi Hadiisotas kan dhunfaa isaanii hordofuun garee Musiliima Sunniirraa addummaa qabu jechuudha.

Gareen kunis damee garaa garaatti gargar cabanii jiru. Kunis wal mormii waa'ee walharkaa fuudhiinsa aangoo kaalifummaa kanneen sanyii Alii booda turanii wajjin wal qabata. Haaluma kanaan namni imaama ykn kaliifa ta'uu danda'u sanyii Alii jiran hunda keessaa eenyufaatu sanyiin isaanii filatamuu qaba kan jedhuudha.

Kanaafuu waa'ee muudama imaamaa irratti wal harkaa fuudhinsi imaamummaa, kan Alii irraa kaasee lakkaa'amu hanga akaakilii meeqaatti kan itti fufu ta'uu qaba kan jedhurratti ilaalcha garaa garaa qabu. Kanumarraa ka'uun Musiliimotni 'Shiyaa' garee gurguddoo garaa garaattis ni qoodamu. Isaanis: -

- o *Kudha Lameen (Itna-Ashara Imaamiya)/ Shiyaa*
- o *Warra Torbaa (Ismaa'ilii) fi*
- o *Warra Shananii (Zaydii)*

kanneen jedhaman kunniin garee musiliimota beekamoo garee shiyaatii. Gareen Musiliimota shiyaa kunis akkuma kan sunnii sana ilaalcha lola 'Jihaad' qabaachuun kan beekamaniidha.

C, Ilaalcha Musliimota Suufii

Gareen kun garee Isilaamummaa keessaa harka 5(5%) qofa akka ta'antu tilmamama. Gareen musiliimotaa kun warraa amantaa ajaa'iba(mystical) gochuutti amananii dha. Akkuma amantaa kiristaanummaa keessaa kanneen protestantii jedhamanii sanatti, Mullata arguu fi raajii gochuu akkasumas, meeshaalee muuziqaa fayyadamanii rabbiin faarsuun akka danda'amu ni amanu. Gareen Musiliimota suufii kun ilaalcha kana qabaachuu isaaniin garee musiliimota lamaan irraa addummaa guddaa qabu.

Faalla suufii kana musiliimotni sunnii fi shiyaa namni kadhataan raajii ykn ajaa'iba gochuu akka hin dandeenye amanu. Kanas dandeettiin ajaa'iba gochuu fi arguu kun nabiyyoota kanneen akka Iisaa fi Mohaammediiif malee namoota hundumaaf hin kennamne yaada jedhuun mormii qaban ibsatu.

Musiliimotni Suufii garuu ilaalcha musiliimota lamaanii faallessuun namni rabbitti amane raajii gochuu akka danda'u amanu.

Musiliimotni suufii ilaalcha:" namni rabbi tokkichatti amanee fi Mohaammedis ergamaa rabbii ta'uu amanee daandii barsiisa Mohaammed hordofuun qulqullaa'e, kamuu raajii gochuu ni danda'' amantaa jedhu qabu. Kana jechuun Musiliimotni sunnii yoo karaa rabbii isa sirrii hordofan, guddina afuuraa argachuun, rabbiin kadhatanii ajaa'iba gochuu akka danda'an amanu jechuudha. Walumaagala Musiliimotni yoo daandii Mohaamed hordofuun qulqullummaa eeggatan, raajii (Mystical) gochuu akka danda'an amanuun garee kanaa garee amantaa Islaamummaa kanneen biroo irraa adda isaan taasisa.

Musliimotni sunnii ilaalcha Imaamarratti qabaniin gariin isaanii yaada Musilima Sunnii kanneen deggeran yoo ta'u, muraasni isaanii ammoo ilaalcha garee Shiyaa kan deggeraniidha. Ilaalchi isaan sirna waaqeffannaa irratti qaban ammo baay'inaan sirna waaqeffannaa Kiristaanotaa wajjin wal fakkaata. Kanumarraa kan ka'e, Musiliimotni garee kanaa sababa ilaalchaan, yeroo isaa amantaalee kanneen biroo wajjin walitti bu'iinsa taasisan daran hin mul'atu.

5.3. Waldhabdee Islaamotaa fi Kiristaanotaa

Ani akka dhuunfaa kiyyaatti yeroon amantaa isa dhugaa ta'e baruuf amantaalee Kiristaanummaa fi Islaamummaa qorachaa ture sana, irra jireessaan akka madda ragaatti qeeqa gama lamaan irratti taasifamu hunda irratti xiyyeeffadheen isuma hubachuuf gadi fageenyaan qorachaa ture.

Egaa hubannoo ani waldhabdee Kiristaanummaa fi Islaanummaa gidduu jiru irratti falmii fi mormii garaagaraa irraa argadhe sana keessaan muraasa siif ibsuuf deema. Atis bakka lamaan of buusuun xiinxaluu yaali. Akkasitti dhugaan siif ifuu mala. Bakka muraasatti garuu ibsa dhuunfaa kiyyaan akkan ibsus hin dagatin. Walumaa gala akkati yaada mo'ataan falmii kanatti dhiyaattun fedha.

Kanaafuu, mee amma sababa eegalamuu amantaa Islaamummaa irraa kaanee akka qeeqaa fi jeja hordoftoota amantaalee kana lamaan gidduutti bifa walfalmiin yaadota kaafaman caqasuu haa yaallu⁽³⁾.

Namni Mohaammed jedhamu osoo amantaa Islaamummaa hin hundeessin dura, Kitaaba Qulqulluu Kiristaanotaa namicha Waraqaa jedhamurraa akka barachaa turetu ibsama (Sahi Al Bukaari 8:73:626). Akka ibsa kanaatti Waraqaa namni jedhamu Kitaaba Qulqulluu Mohaammediin kan barsiisaa ture ta'uu hubanna. Dabalataan ibsi kitaaba Islaamummaa (Quraana) keessatti katabamanii jiran danuun isaaniis dubbii isa duruma Kitaaba Qulqulluu Kiristaanotaa keessatti katabamee jiruudha. Kanaafuu, qeeqota gama Kiristaanotaan ibsaman keessaa irra jireessaan amantaan Islaamummaan kiristaanummaa irraa waraabame kan jedhuudha. Muraasni ammoo Islaamummaan gaarreffannaaf jecha Kiristaanummaa irraa foxxoqe malee yaada waaqaan kan uumame miti jedhu. Kanummarraa ka'uun Islaamummaan akka amantaa haaraatti kiristaanummaa irraa foxxoquun isaa mee maaliif barbaachise? Gaaffii jedhutu heduummata. Gaaffii kanaaf, akka deebiitti irra jireessaan ibsi dhiyaatu ammoo akka armaan gadiiti.

Amantaa Kiristaanummaa keessatti waa'een barsiisa '*Sadan Tokkummaa (Trinity)*' gufuu jabaa isa Muhaammadiin amantaa

kan biraa barbaachise akka ta'edha. Kunis jecha dubbii Quraana keessatti ibsamee jiru irraa akka ragaatti caqasuun ibsama. Fakkeenyaaf Quraana keessatti kan katabame, "*Waaqayyo tokkicha, inni hin dhalu, hin dhalchus.*" kan jedhu fa'i (112:1-4). Maarree egaa caqasni kun dhuguma barsiisa Sadan tokkummaa akka qeequ namuu ni hubata.

Gama biraan dubbiin kun Kiristaanotni Quraana ija shakkiin akka laalanis taasissee jira. Kunis shakkii, "tarii dubbiin Quraana keessatti katabame isa Mohaammed Kitaaba Qulqulluu keessaa amane qofa ta'uu mala" jedhu akka qabaatan isaan taasissee jira. "Kan inni itti amanuu ykn hubachuu dhabe ammoo Quraana keessaa hirifamuus hin oole" qeeqa jedhus dabalata.

Dubbii Quraana keessatti katabamee jiru keessaa inni kan biraan ammoo jecha isa, "*Namoota warra Kitaaba harkaan katabanii kun dubbii waaqaati jedhaniif wayyoo!*" kan jedhudha. (Quraana 2:79). Dubbiin Quraanaa kun Kitaaba Qulqulluu kiristaanotaa akka qeequu barbaade shakkii hin qabu.

Qeeqa gama kanaan jiruuufis Kiristaanota muraasa biraa deebii qeeqaan guutame danuutu kennama. Qeeqni ibsamu seenaa isa yeroo Mohaammed kitaaba Qulqulluu qorachaa ture sanaa wajjin wa qabata. Haala kanaan qeeqni ibsamu, Mohaamed dubbii kana Jibriil irraa dhaga'e osoo hin taane, tarii yeroo Waraqaan barsiisu sana dubbii isaaf galuu dide akkasitti hubachuu hin oolle" kan jedhu fa'i. Dabalataanis hadiisarratti kan caqafamee jiru akkas jedha. "Mohaammed osoo Waraqaan kitaaba dubbisaafii jiruu gidduutti: achirratti dhaabi! Anis kunoo dubbii kana Jibiriil irraa dhaga'eera!" jechuun Waraqaatti dubbachaa akka turetu caqafama (Sahi Al Bukaari (8:73:626).

Hordoftootni kiristaanummaa muraasnis ragaa kana akka qeeqaatti fayyadamu. Kanaanis ilaalcha, "Mohaammed yeroo Waraqaan Kitaaba Qulqulluu dubbisaafii ture, kan dubbifameef keessaa kanuma isaaf gale qofa fudhachuun Kiristaanummaarraa foxxoqee Islaamummaa hundeesse jedhu. Kan Mohaammed akka waan waaqa biraa dhaga'eetti ittiin Musiliimota barsiisaa tures isuma Kitaaba Qulqulluu keessaa amane qofa akka ta'uu

hin oolle himu. Dubbiin Quraana keessatti katabames isumaadha, yaada jedhuun Islaamummaa qeequ.

Akkuma dura caqasne, sababootni amantaalee baayyeen Kiristaanummaa irraa akka foxxoqan isaan taasise keessaa ijoon, waa'ee "Sadan Tokkummaa" (Trinity) wajjin kan wal qabatuudha. Haaluma wal fakkaatuun Islaamummaan Kiristaanummaa irraa foxxoquu hin oolles yaadni jedhu kan jiru ta'uu isaa hubanneerra. Qeeqa "Waaqayyo hin dhalu, hin dhalchus" jedhu sana kan fides isuma ta'uu akka hin oolle ilaallee jirra.

Egaa qeeqni kun akkuma jirutti ta'ee garuu dhugaa lafa jiruun yoo madaaluu yaalle, ilaa kunoo akkasi! Waldhabdeen amantaa keessatti akka uumamuuf sababni yeroo baayyee kaafamu, sababa namoota dogoggoraan amantaa hubatanii, akkuma hubatan sanatti namoota kan biroos barsiisaniiti. Sababni kun amantaalee hedduun Kiristaanummaarraa akka fofoxxoqaniif sababa akka ijootti ilaalamuudha. Haaluma walfakkaatuun, jalqaba osoo Mohaammed Islaamummaa hin hundeessin dura kan isa mudate, lubootni muraasni barumsa "Sadan Tokkummaa", fi kanneen biroo kan barsiisaa turan dogoggoraan

ta'uu hubanna. Egaa, kanumarraa ka'uun amantaan Islaamummaa fi kitaabni Quraana jedhamus akka uumamuu hin oolle nama xiinxalchiisee jira.

Ragaan Kitaaba Qulqulluu keessatti dhimmaa kana irratti caqafamee ibsamu garuu akka itti aanu kana jedha.

"Isa karaa ayyaana Kristos isin waame irraa garagaltanii, akkas ariifattanii gara wangeela kan biraatti goruu keessaniif nan dinqifadha. Wangeelli biraanillee hin jiru; garuu namoonni isin wallaalchisanii, wangeela Kristos garagalchuudhaaf barbaadan tokko jiru. Haa ta'u iyyuu malee, ani yookiis ergamaan waaqa irraa tokko, wangeela isa nuyi kanaan dura isinitti himnerraa kan gargar ba'e yoo isinitti hime, abaaramaa haa 'ta'u! Akkuma ani kanaan dura dubbadhe, ammas immoo keessa deebi'ee nan dubbadha; eenyu illee wangeela isa isin fudhattanittii kan gargar ba'e yoo isinitti hime, abaaramaa haa ta'u!" (Gal. 1:6-9).

Kitaabni Qulqulluun dursee yaada kana haa akeekkachiisu malee, kunoo faallaa dubbii kanaa yeroo Quraanni katabamee jiru argina. Akkamitti kun ta'uu danda'e? gaaffii jedhuuf ammoo hordoftootni amantaa Islaamummaa Quraana caqasuun waan ibsan danuu qabu. Kunis yaada: "Sababa kiristaanotni (Yihuudotni) dubbii waaqaa jallisanii kitaaba Qulqulluu keessatti

yaada dhuunfaa isaanii katabaniif jecha kan Quraanni Sirreeffamee waaqa biraa Mohaammaditti dubbatame ta'uu ibsu.

Ibsa armaan olii kanarraa kan hubannu sababani amantaan Islaamummaa hundeeffameef keessaa inni ijoon, dogoggora amantaa Kiristaanummaan uumame sirreessuuf akka ta'etti kan ibsamu ta'uu isaati. Kanaafis, akka ragaatti caqasa Quraanaa keessa jiru ibsatu. Caqasa kanaan kan ibsamu kan biraan ammoo kiristaanota (Yihoodoota) nama dogoggorsan kanas adabuuf akka jiru kan ibsuudha. Quraanni bakka kanatti dubbii "Isaaniif Woyyoo!" jedhuun yeroo isaanitti dhaadhatus argina. (Sura tul Baqaraa 2:79).

Quraanni bakka kanatti "wayyoo!" jechuun isaa kun 'Allaan' Kiristaanota abiddaan gubuuf akka jiru himuu isaa hubanna. Gama biraan Allaana/Rabbi adabbii cimaa ta'een akka nama isatti hin amanne adabu hubanna. Akkasitti akka adabuuf jirus bakka hedduutti caqafamee argina. Haa ta'u malee kiristaanotni dubbii kana amananii adabbii Allaa kana jalaa ooluurraa inumayyuu yaada qeeqaa akka armaan gadii kanatti ibsatu.

"Waaqni kiristaanotaa fi Waaqni Islaamaa (Allaa) amala garagarii qaba jedhu. Allaan akka mootii abbaa irreetti nama adabuu fedha. Waaqani Kiristaanaa garuu akka Allaa namatti hin dhaadhatu fa'a jedhu. Kitaaba Qulqulluu keessatti waa'een adaba waaqaa ibsamee jira. Ta'us garuu akka isa kan Allaa kana mitis jedhu. Waaqni kiristaanotaa jaalalaaf malee adabaaf akka hin jarjarres dubbatu. Kanaafuu, nuti waaqa jaalalaan beekamu malee Allaa isa abidda kaa'ee nama gubuuf ariifatu kanatti hin amannu" yaada jechuun qeeqa qaban ibsatu. Dabalataanis "Mohaammed Kitaaba Qulqulluu keessaa dubbii isa waa'ee adaba waaqaa ibsuuf katabamee jiru sana dogoggoraan hubachuu hin oolle, kanumaaf waaqni hamaa akka ta'etti ibses" qeeqa jedhuun yaada falmii dhiyeeffatu.

Yaada kanarratti gama Musliimotaan ammoo deebiin kennamu, "Nubiiyyii Mohaammed (SAW), dubbii Quraana keessatti katabame hunda namarraa kan dhaga'e osoo hin taane, rabbitu karaa ergamaa Gabri'el (Jibril) isatti hime!" kan jedhuudha. Kanas akka ragaatti Quraana keessaa caqasu. (Quraana 96:1).

Caqasni kun Jibriil kitaaba harkatti baatee, dubbisi (Iqra)! Mohaammediin akka jedhe ture hima. Kanarraa ka'uun Kitaaba Jibril baate dubbisi ittiin jedhe sunis Kitaaba Qulqulluu isa kiristaanotni jallisan sana akka ta'etti amananii ibsu musiliimotni. Akkasumatti dubbii isa Allaaan, "Woyyoo!" jedhee namootatti dhaadhatu sanas kan Mohaammaditti hime Jibriil ta'uu ibsu. Kanaafuu, Allaan akka sodaatamuu qabus amananii ibsu.

Gama Kiristaanotaan ammoo dhimma kana irratti Kitaaba Qulqulluu keessaa caqasni dubbifamu, Waaqayyo sodaatamaa osoo hin taane jaallatamaa ta'uu isaa kan ibsuudha. Haaluma kanaan namni Sodaachifamee Waaqatti amanuurra Waaqayyoon jaallachuun yoo amane bu'aa akka qabu dubbatu. Kanas mirkaneessuuf ragaa Kitaaba Qulqulluu keessaa caqasoota akka, (1Yoh4:1-18; Mat 22:36-40) fa'a irraatti dubbii katabamee jiru ibsatu. Kanaafuu, Islaamummaan dogoggora jedhee kan inni qajeelchuu yaale keessaa inni tokko isa kanas dabalata jechuun qeeqa kan biraa eegalu.

Quraanni Kitaaba Qulqulluu kan ittiin sirreessuu yaale keessaa kan biraan maqaa fi afaan jijjiiruu qofa akka ta'e himu. Kanas

akka fakkeenyaatti maqaalee Kanneen akka: Addaam/Adam, Musee/Muusaa, Yesuus/Iisaa, Seexana/sheexana, Gabri'eel/Jibril fa'a akka maqaa jijjiiree waamu ibsu. Inni kan biraan seenaan Kitaaba Qulqulluu keessa jiru gariin isaa itti dabalamee, gariin ammoo irraa hirrifamee, akkasumas gariin akkuma jirutti Quraana keessatti katabamee akka barsiifames qeequ. Afaan ittiin dubbifamee baratamus Afaan Arabaa qofa ta'uu isaa ibsu. Kanaafuu, jijjiiramni gama kanaan taasifame Afaanota jiran hunda gara Afaan Arabaatti jijjiiruu akka ta'e qeeqaan ibsatu.

Akka Musiliimotni jedhanitti, kutaalee Kitaaba Qulquulluu kiristaanummaa keessaa kutaa muraasa qofatti kan amanan ta'uu isaaniiti. Kanas kitaaba Qulqulluu keessaa kanneen akka: Seerota Musee (Tawrat), FaarsaaDaawit (Zabur), Wangeela Kiristoos (Injiil)tti qofatti kan amanan ta'uu himu. Kutaa Kitaaba Qulqulluu keessaa isaanuma kana qofatti akka amanan ta'uu isaanii hubanna. Dabalataan ammoo Quraanni isaan kana biratti Kutaa Furqaana jedhamus akka ofkeessaa qabu himu. Kanas furqaanni dubbii Mohameditti himame akka ta'e ibsu. Kanaan

ala kitaabni jiran hundi dubbii waaqaa akka hin taane ibsu jechuudha.

Yaada kanarrattis qeeqni gama Kiristaanotaan kaafamu danuudha. Quraanni wangeela (injiil) kan of keessaa qabu ta'us garuu wangeela (Injiil) isa Kitaaba Kiristaanummaa keessatti katabamee barsiifamuun akka faallessu dubbatu. Fknf. Wangeelli Yesuus du'ee du'aa ka'uu isaa akka barsiisu ibsaniitI, Quraanni garuu Yesuus akka hin duunee fi du'aa hin kaane kan barsiisu ta'uu isaa himu. Quraanni Yesuus hin fannifamnes hin duunes, garuu bakkasaa Yihudaatu fannifamee jedha, kanaafuu, Quraanni Yesuus kiristoos isa du'a mo'ee ka'e haaluuf sirreeffama taasise, Nuti garuu Kiristoos isa fannifame lallabna kan jedhu Kitaaba Qulqulluu keessaa caqasanii ibsa laatu kiristaanotni.

Musliimotni ammoo akkas jedhu. "Quraanni waa'ee Iisaa (Yesuus) dhuguma ni barsiisa. Haa ta'u malee waa'een isaa kan Kitaaba Qulqulluu keessatti katabee wajjin garaa garummaa danuu qaba. Quraanni akkas jedha "*Wamaa Qaxaluhu, wamaa salabu walaakin shubiha lahu*" jedha. Kunis yoo hiikamu "*Yesuus*

Kiristoos hin fannifamne, hin duunes garuu iisaanitti faakkaate" jedha. Kanas yoo ballinaan ibsan akka itti aanu kanatti ibsu.

Yeroo Yihuudotni Yesuusiin (Iisaa) fannisuu dhufan sana Waaqayyo Yihudaa Yesuusitti fakkeessee isa fannisiise. Kunis sababa Yesuus xoofoo kana narra dabarsi jedhee waaqa kadhate sana, waaqni ammoo kadhata Iisaa dhaga'ee bakka Iisaa, Yihudaa isa qarshiin gurgurate sana fannisiise" yaada jedhuun ibsama.

Haa ta'u malee garuu Quraanni Yesuus akka du'ee du'aa ka'us ni ibsa. Musilimootnis kana ni amanu. Garuu kun kan ta'u bara dhumaatti akka ta'u malee amma akka hin taanedha. Sichi dhufee biyya lafaa kana waggaa 40 bulcha jedhu. Ergasii booda du'ee du'aa kaafama yaada jedhus dubbatu. Dubbii kanaanis, isa Kitaabni Qulqulluun waggaa 1000 jedhu sana waggaa 40tti akka sirreessetu qeeqama.

Qeeqni kan biraan ammoo Islaamummaan namoota akka: Addam, Yoosef, Eliyaas, Maariyaam, Yesuus (Iisaa), fi Mohaammediin dabalatee namootni 25 Nabiyyii ykn Ergamoota

(Raajota) ta'uu ibsa. Isaan keessaa kan hunda caalu ammoo Mohaammed ta'uu isaa kan barsiisu sanarratti xiyyeeffata. Qeeqni gama kanaan dhiyaatu ammoo Quraanni namoota Kitaaba Qulqulluun ergamoota ta'uu isaanii hin caqafne ergamoota taasisuun akka sirreessuuf yaaletu qeeqama.

Kitaaba Kiristaanummaa keessatti dubbii isa, "Gara abbaa yeroon deemmu kan isiniif dubbatun isiniif erga." jechuun Yesuus dubbatee ture sun, waa'ee Afuura Qulqulluu akka ta'e ibsaniitu, akkuma jedhes bartootaaf kan erge ta'uu ragaa Kitaaba Qulqulluu keessaa caqasanii himu kiristaanotni (HoE 2:17). Musiliimotni garuu dubbiin kun waa'ee Mohammed akka ta'e ibsu. Kanaafuu, qeeqni gama kanaan jirus Isilaamummaan dubbii isa Afuura Qulqulluuf dubbatame sana Mohammeditti sirreessuuf yaalii taasise kan jedhuudha.

Gama biraan seenaa Kitaaba Qulqulluu keessatti caqafame yoo ilaalle, seerotni shanan (Seera Uumama, Seera Ba'uu, Seera Leewwota, Seera Lakkoofsaa fi Seera Keessa deebii) hundi Seerota waaqayyo Museetti mullisee akka katabamu taasise ta'uutu beekama. Museen kitaabota kana mullata waaqa biraa

argatee yeroo katabe sana, seenessa sanyii dhala namaa fi taatee ture hunda tartiibaan ibsuun katabe. Kanas seera Uumamaa irraa jalaqabee tooraan ibsa. Kanaafuu, sanyiin dhala namaa hundi Addaam irraa eegalee tooraan kan katabamee jiru ta'uu ragaa kitaaba Qulqulluu keessa jiru caqasuun ibsama.

Quraana keessatti garuu seenessi kun tartiibaan hin ibsamne. Quraanni gama mirgaan Suuraa 'Fatihaa' jedhaamutti aansee, suraa Baqaraa irraa eegala. Suuraa Baqaraa (Sura Tul Baqara) kanarratti jalqaba jecha: “**الْم**” jedhuun akka eegalu argina (Quraana 2:1). Akkuma beekamu bakka kanatti kan katabaman, qubee Afaan Arabaa sadii kanneen: **ا**(aliif), **ل**(laam) fi **م**(miim) jedhamaniidha. Haa ta'u malee Quraannii bakka kanatti qubee sadan kana maqaa waamuu irraan kana hafe hiikni isaa maal akka ta'e waan ibse hin qabu. Yoo qabaates namni beeku hin jiru jedhama. Garuu Mohammedii fi Allah qofti akka hiika dubbii kanaa beekan ibsu Musliimotni. Ta'us garuu Kiristaanotni kana qeeqa danuun qeequ.

Quraana keessaa qubee armaan olitti caqafame kanatti aansuun dubbiin katabamee jiru ammo, “*Zaalika alkitabu la rayiba fii, hudan*

lilmuxxaqiin" kan jedhu ta'uu isaa argina (Quraana 2:2). Kunis yoo hiikamu, "Kitaba kana keessa dubbiin shakkamu hin jiru!" akka jechuuti. Kanarraa kan hubannu Kitaaba Qulqulluu kiristaanotaa keessa jechoota nama shakkisiisantu jira jechuu isaati. Kanumarraa ka'uun jechootni wal faallessan danuun akka jiran qeequ Musiliimotni. Dabalataanis Quraanni wangeela caalaa akka dhugaa ta'ee fi olaantummaa guddaa qabu, Quraana keessaa caqasanii ibsa laatu (5:48). Gama kiristaanotaan ammoo Kitaaba Qulqulluun (Wangeelaan) malee kitaabni kan biraan akka soba ta'e ragaa wangeela keessaa caqasuun deebii laatu (Galaatiyaa1:6-7).

Quraanni toora gama bitaa irraa kaafamee yoo dubbifamu suuraa 'An-Nas' irraa eegalee suuraa 'Al-Falaq', 'Al-Iklaas'...jechuun itti fufa. Suuraa Al-Iklaas' yoo ilaalle akkas jedha: "*Qul Allahu Ahad, Allahu Samad, Lam Yalid, Walam Yuulad, Walam Yakun Lahuu Kufurwan Ahad.*" jedha. " Kunis yoo hiikamu "Waaqayyo tokkicha, inni hin dhalu, hin dhalchus jedhi "jedhee akka Jibril Mohammadiin ajaje ibsa. Dubbiin kun waaqni Kiristaanotaa sadii ta'uu isaa qeeqa. Qeeqni kun jecha isa

Waaqayyo "kottaa nama uumnaa jedhe sana fa'a Kitaaba Kiristaanummaa keessaa caqasuun deggerama.

Qeeqa kanaaf, deebiin kiristaanota biraa akka itti aanutti kennama. Innis jechi kun Waaqayyo baayyee ta'uu isaa kan ibsu akka hin taanedha. Kitaaba Qulqulluu keessaa bakka hedduutti Waaqayyo yeroo of ibsu jecha "Ani" jedhutti kan fayyadamu ta'uu isaa ragaa danuu caqasuun, Waaqayyo tokkicha akka ta'e ibsama. Garuu dubbiin akka qeeqaatti dhiyaate kun bakka tokko qofatti argama. Kunis isa Waaqayyo dubbii isaa keessatti: *"Kottaa akka bifaa fi fakkeenya keenyaatti nama uumnaa!"* jedhu qofa ta'uu kitaaba keessaa caqasuun dhugaa ba'u (Ser um 1:26). Jecha kanaanis Waaqayyo baayyina isaa ibse osoo hin taane, ergamoota warra waaqarra isaa wajjin jiraataniitti akka dubbate ibsu. Kanaafis ragaa kitaabuma qulqulluu keessaa fudhatu. Innis Ilaa kunooti,

Yommuu ani hundee lafaa kaa'e, ati eessa turte? Hubannaa isaa yoo qabaatte anatti himi! Beekta yoo ta'e, safara isaa eenyutu murtoo itti godhe? Yookiis eenyutu funyoo irra harkise? Hundeen isaa maal irra dhaabame? Yookiis dhagaa isaa isa golee qajeelchu eenyutu dhaabe? Yeroo sanatti urjoonni gara barii in faarfatan, warri waaqa irraa 'Ilmaan

Waaqayyoo' jedhamanis guddisanii sagalee gammachuu in dhageessisan!(Iyob 38:4-7).

Kiristaanotni erga qeeqa kaafame kanarratti ibsa ragaan dabaalame ibsatanii booda, dhimma kanaan kan walqabaturratti dubbii Quraanaa qeequu itti fufu. Qeeqni kunis Quraana keessaatti bakka hedduutti 'Allaan'/ waaqni 'Nuti' jedhee yeroo of ibsu argina (Qurana 22:7). Bakka biraattis akkas jedha. *"Nuti waqaaf lafa, akkasumas waantota achi keessa jiran hunda uumne. Kana hunda uumuun keenya ammoo akkati waan hunda keessaa karaa keenya barbaaddee argattutti ittiin simadaaluuf ture!"* Kan jedhuudha. (Qurana 6:101). "Nuti" jechuun kun hoo maal ibsa? Allaan tokko moo lama? Kan jedhu gaaffii qeeqaa kaasuu. Musliimotnis deebiima walfakkaatu deebisu. "Egaa yoos ammoo jechi 'Nuti' jedhu kun baayyina waaqaa ibsuuf miti" kan jedhuun goolabama.

Qeeqa kan biraan Quraanni toora seera uumamaa eegee kan hin katabamne ta'uu isaa fi Wal keessa fuudhamaa ta'uu isaatu qeeqama. Kanas Yoo fedhe Abraamirraa kaasee dubbii eegala, itti aansee ammoo waa'ee Addaam dubbata. Akkasitti Wal keessa fuudhamee katabame yaada jedhu ibsatu. Akkasittis

Quraanni kitaaba qulqulluu sirreessuuf yaale" kan jedhuunis yeroo qeeqan argina.

Yoo tartiiba seenaa isa Kitaaba Qulqulluu irratti katabame irraa kaafnee ilaalle hiddi dhaloota Yesuusis ta'e, kan Mohaammed Abriham irraa akka dhufe hubanna. Ijoollee Abiraam keessaa Mohammed hidda sanyii Ismaa'eliiti. Yesuus ammoo kan Yisihaaqiti. Ismaa'elii fi Yishaaq ijoollee Abraamiiti. Haadhaan garuu gargari. Haati Ismaa'el Aggaar jedhamti. Kan Yishaaq ammoo Saaraadha. Kanas Kitaaba Qulqulluutu dursa hime jechuun Quraanni qeeqama. Sanyiin Ismaa'el Sanyii Yishaaqiin akka gaarreffataa jiraatus kan jalqaba hime Kitaaba Qulqulluudha. Kanaaf, sanyiin Ismaa'el mirgarraa eegalanii kitaaba dubbisuu lagataniitu, bitarraa eegalanii dubbisuu jalqabanis yaada jedhu kaasuu. Gaareffannaa isa Kitaabni Qulqulluun ibse sanatu Kitaaba Qulqulluun doggora jechisiises jechuun Islaamummaa qeequu yaalu Kiristaanotni.

Namootni Islaamummaa qeeqan kun ragaa Hadiisa keessatti katabamee jiru caqasuunis yeroo isaan qeeqa danuu Islaamummaa irratti adeemsisan ni mullata. Qeeqa kanaanis

walumaagala Quraannis ta'u Hadiisni faallaa Kitaaba Qulqulluu (bible) kan barsiisu ta'uu isaa dubbatu. Quraannis Hadiisni dogoggora Kiristaanummaa sirreessuuf jecha ofii akka dogoggora hedduu uumes kaasanii dubbatu.

Kanaanis akkaataa seera gaa'ilaafaa kaasanii qeeqa qaban ibsuu yaalu. Islaamummaan dubartii 4 fuudhuu akka nama barsiisu himu. Mohaammed ammoo dubartoota 11 akka fuudhee tures ragaa hadiisa keessaa jiru caqasuun qeequ (Sahi al bukaarii (1:4:231) & Sahi al bukaarii (1:5:268). Dabalataanis durba ijoollummaa isheetti fuudhuun gaarii akka ta'e barsiisuun isaa sirreeffama dogoggoraa ta'uu ibsu. Kanaaanis Mohaammed daa'ima Aayishaa jedhamtu yeroo isheen umurii daa'imummaa keessa jirtuu akka fuudhe ragaa caqasanii qeequ (Sahi al Bukaarii 8:72:73).

Islaamummaan kan barsiisu, namootni 'Allaa'tti amanan jannata keessatti durba durbummaa qabduu wajjin akka ciisu hima jedhaniis qeequ. Kanaafuu, namni abboommii Quraanarra jiru dalagee Mohaammadiin ammoo ergamaa waaqaa/Allaa ta'uu amanu booda jannata keessatti badhaasa akkasii kana akka

badhaafamu dhaama yaada jedhuun Quraana keessaa caqasanii qeequ (Quraana 56:35-38).

Dogoggora kiristaanummaa sirreessuuf jecha akkamitti addunyaan nagaa dhaba goolama? Qeeqa jedhuun lola garee loltoota maqaa Islaamummaan addunyaa shorokeessan sanas qeequ. Kana kan uume Kitaaba Qulqulluu sirreessuuf yaaluu amantaa Islaamummaatis jechuun amantaan Islaamummaa kiristaanota biratti qeeqama. Walumaa gala qeeqa danuutu amantaa lamaan kana gidduutti geggeeffama.

BOQONNAA JAHA

AMANTII DHUGAA

6.1 Amantii Dhugaan Maali?

Amantaalee danuun jiraatanis kan nama hin fayyadne danuudha. Amantiin nama fayyadu isa jireenya dhala namaaf bu'aa gaarii argamsiisuudha. Amantii dhugaanis isuma. Eeyyen amantii isa waaqnis namnis bu'aa gaarii irraa argatu sana qofa.

Yesus itti fufee, "Raajota sobduu irraa of eeggadhaa, isaan hoolaa fakkaachuudhaaf raro hoolaa uffatanii gara keessan in dhufu; keessa isaaniitiin garuu yeeyyiidha. Ija hojii isaaniitiin isaan beektu; ija waynii baalaan-waraanteettii, harbuus kosorruuttii ciruu dandeessuu ree? Akkasumas mukti gaariin ija ba'eessa in godhata, mukti gadheenis ija hamaa in godhata. Mukti gaariin ija hamaa godhachuu, mukti gadheenis ija ba'eessa godhachuu hin danda'u." (Mat 7:15-18).

Barsiisa kanarraa kan hubatamu amantii gaariin hojii gaariin kan beekamu ta'uusaati. Kanaafuu, gaaffiin itti aanu amantaalee jiran

hunda keessaa amantaan hojii gaariin beekamu isa kami kan jedhu addaan baafachuudha.

Yesuus gaaf tokko akkas jechuun abboommii waaqayyoo namoota barsiise: *“Waaqayyoo kee goofticha garaa kee guutuudhaan, jireenya kee guutuudhaan, yaada kee guutuudhaanis, jaallachuutu sii ta’a. Abboommiin hundumaa caalu inni duraa isa kana. Abboommiin inni lammaffaa akkuma isa duraati. Nama akka mataa keetiitti jaallachuutu siif ta’a.”* kan jedhu ture. (Mat22:37-38).

Yesuus abboommiin hundi isaanuma kana lamaan keessatti akka haammatan dubbate. Maarree egaa, amantii dhugaanis kanumaan beekama. Amantaan dubbii kana hojiirra oolchu amantaa dhugaati. Isaan kana lamaan raawwannaan waan hafe hin jiru. Egaa namni barsiisa kana hordofu duuka buutuu kiristoos ta’uu isaati. Kiristaana jechuunis kanuma.

Eeyyen! Namni abboommii kana hojiirra oolchu Kiristaana dhugaati. Kanaan ala maqaa ani kiristaana jedhuun of waamuun kiristaanummaa dhugaa miti. Amantaa gaariin maqaa qofaan

osoo hin taane jireenya hojii gaariin beekama. Yesuus kan inni ittiin beekamu jaalala qabaachuu isaani. Kan inni barsiisus isuma.

Yesuus akka abboommii haaraatti kan inni bartoota barsiise jaalala akka qabaachuu qaban ture. Yoo jaalala qabaattan isin bartoota koo ta'uu keessantu beekamas jedhee ture (Yoh 13:34-35). Abboommiin kiristoos isa kana.

Gama kan biraan yoo ilaalle, namootni baayyeen amantaa waaqnis ta'e namni bu'aa irraa hin argannetti akka amanaa jiran argina. Fknf Amantiin waaqa bulguu fakkeessee namatti ibsu namaafis waaqaafis bu'aa hin buusu. Tarii yoo namoota siyaasaaf jecha namoota sodaa keessa galchanii ittiin bulchuu fedhan fayyade malee. Amantaan waaqa akkasiitti amanu amantaa dhugaa miti.

Bifa Kanaan waaqni akka abbaatti osoo hin taane akka mootii abbaa irreetti ilaalama. Abbaa irree ta'uun ammoo amala namaati malee kan waaqaa miti. Waaqayyo waaqa jaalalaati. Waaqni dhugaan akka amantaaleen baayyeen ittiin nama sodaachisan sana miti. Inni akka namootaatti waanuma xixiqqoo funaanee

ittiin nama hin adabu. Nama kan adabus, kan fayyadus gochuma isaati malee waaqa miti. Namni waan facaase haammata. (Gal 6:7). Namni waanuma dalageen badhaafama.

Tarii barsiisni Waaqayyo nama adaba jedhu isa Kitaabni Qulqulluun Waaqayyo namoota jaallatu qajeelchuuf akka gorsaatti ni adaba jedhuudha. (Ibro 12:6). Kana jechuun adabbii gara jabinaa isa abiddatti naqanii nama ittiin guban osoo hin taane, isa abbaan ilma isaa ittiin adabu sana ibsa. Barisiisni kun waaqni nama jaallatu qajeelchuuf akka adabu ibsa. Bu'aan adabaa sanaan argamus nama adabamuuf gaarii akka ta'e barsiisa. Kunis jaalala Waaqayyo namootaaf qabu ibsa. Namni isa amanus kanaaf jaalalaan isa waaqessa. Yesuus kana barsiisa. Abboommii Yesuus Waaqayyoon garaa guutuu jaalladhu! kan jedhu ture.

Tarii jechi inni Waaqayyoon sodaachuun jalqaba oogummaati jedhu hiika kanarraa adda ta'e waan qabu sitti fakkaachuu mala (Fak 1:7). Sodaachuu jechuun sababa jaallatuuf jecha abboommii isaa akka cabsuu hin dandeenye ibsa. Jaalallee kee dhokattee waadaa waliin qabdan cabsuuf yoo jette osoo isheen ykn inni sin

argin sodaa guddaa keessa galta. Kun jaalala jaalallee keef qabdu ibsa. Egaa, Waaqayyoon sodaachuu jechuunis akkasi. Malee sababa inni abidda kaa'ee sigubuuf jecha sodaadhu jechuu miti.

Egaa namni yoo adabbii sodaaf waaqa waaqesse moo yoo sababa jaallatuuf isa waaqesse amantii dhugaa hordofaa jira jenna? Gaaffii jedhu xiinxallee amantaa dhugaan isa kam akka ta'e addaan baafachuu qabna. Yesuus Waaqayyoon garaa kee guutuu jaalladhu jechuun isaas maal jechuu akka ta'e yeroos addaan baafanna.

Kitaabni Qulqulluun Waaqayyoo jaalala ta'uu dubbata. Jaalala keessa ammoo sodaan akka hin jirre dubbata. Sodaan adabbiitti akka hidhatu ibseetu jaalalli garuu sodaa of keessaa baasee akka gatu dubbata. (1Yoh: 4:1-18).

Egaa, amantaa dhugaa ykn isa gaarii hordofuun jireenya du'a boodaafis ta'e kan isa ammaa kana ittiin jiraachuuf nama fayyada.

Waaqayyo dandeettiinis, beekumsaanis, murtoonis namaa irraa adda. Inni waaqa jaalalaati. Malee akka nama mootii biyya ta'e

wayii tokkotti "Ati seera cabsite" jedhee namatti hin roorrisu. Namatti hin dhaadatu. Innoo jaalalaan nama ofitti hawwata. Abba uumama hundaa waan ta'eef uumama harkasaatiif eeggannoo godha.

Maarree egaa, waaqni dhugaan hammenyaan hin beekamu. Innoo waaqa jaalalaati. Kan namatti faradu isa miti. Tarii namni gatii harkasaatii argachuu mala. Innimmoo badhaasa hojii namaati. Kan gaarii hojjetu gaarummaa argata. Kan hammeenya dalages hammenyuma yoo argate isa kana waaqatu adabe jechuu miti. Namni waan gaarii gochuu akka qabu barsiisuun gooftaas namni waan gaarii akka argatuufi. Eeyyen gochuma namaatu nama adaba, yookaan ammoo nama badhaasa (Gal 6:6-7). Yesuus kanaaf, jaalala namoota barsiisa. Jaalalli hin inaafu, hin ajjeesu, hin sobu, daba namarratti hin yaadu, hin hatu, nama hin hamatu, nama hin jibbu. Innoo nama hundumaaf gaarummaa yaada. Yesuus inni jaalalaan beekamu kunoo akkasi. Inni kana barsiisa.

Inni warra nama adabuuf dhagaa guuree yaa'u dhagaa harkaa buusee jaalala barsiise (Yoh 8:3-11). Innoo cubbamaa hin jibbu.

Garuu cubbuu ni jibba. Cubbuun nama ajjeesa. Gatii cubbuutu du'a. Kanaaf, Waaqayyos cubbuu namarratti jibba. Kunis namicha du'a oolchuuf kan yaadameedha beeki.

Egaa, Waaqayyo gaariidha. Gaarummaan isaas kan bara baraati. Waan gaarii ta'e hunda ni jaallatu malee hin sodaatan. Abboommii waaqaa eeguunis sababa sodaataniif osoo hin taane sababa jaallataniif ta'uu qaba. Nama jaallatan tokkoof yoomiyyuu ni amanamu. Yoo sodaatan garuu isa dhokataniif waadaa cabsu. Kanaafuu, waadaa eeguuf sodaachuu caalaa jaallachuutu filatama. Waaqayyoonis akkasumatti jaallachuu akka qabnu barsiisa inni jaalalaan beekamu Yesuus.

Yesuus jaalala namootaaf jecha gara biyya lafaa dhufe. Inni osoo waaqa ta'ee jiruu jaalalaan teessoo irraa gadi bu'ee namoota gidduutti dhalate. Isaan garuu isa hubachuu dhabnaan isa fannisan, itti ga'isan, dhiitanii kabalani. Dhugumayyuu inni jaalala. Ani kanaafan isa jaalladha. Mee amantaan barsiisa kana barsiisu isa kam beektaa?

Namootni ani Kiristaana ofiin jedhan baayyeen isa hin hubanne. Yesuus isuma ni hordofna jedhan sanarratti hubannoo fi hiika garaa garaa qabu. Kanaafis, seerota (Doctrines) dhuunfaa dhuunfaan baafatanii hordofu. Namni seera sana cabse duuka buutuu kirstoos akka hin taane labsu. Kanumti isaanii qofti sirrii akka ta'e barsiisu. Fknf Orthodox, Kaatolik, Pirotestaantii hundi kiristaanota. Barsiisa Kiristoosiin akka hordofanitti of ibsu.

Kana qofa miti. Piroteestaantotnis gosa hedduutti qoodamanii jiru. Fknf Makkaana Yesuus, Guutuu wangeelaa, Ergamoota, Joovaa, Adiveentistii, Luuteriyaan church, fa'i. Isaan kun hundi Kirsitoosiin lallabu. Isa duukaa bu'uu isaanii himatu. Seera (Doctrine) dhuunfaa isaanii qabu. Kanas akka sababaatti kutaa kitaaba qulqulluu keessaa caqasanii ibsatu. Akkasitti wal qocolaa jiraatu. Kunis Kiristaanotni baayyeen barsiisa Kitaaba Qulqulluu akka hin hubatin jiran ibsa. Hunduu dubbii Kitaaba Qulqulluu irratti falaasama mataa isaanii kalaqanii ittiin barsiisu. Yesuus inni waa'eesaa barsiisan garuu tokkicha. Inni Kiristaana miti; Isilaamas miti. Inni miseensa ykn hogganaa waldaa garee tokkoos miti. Inni dhugaadha; Jaalalas. Inni namoota hundaaf

fannootti rarra'e. Maarree, jaalalli kunoo akkasi. Isatti amanuun falaasama hin qabu. Yoo qabaates dhugaa fi jaalala qofa.

Egaa Waaqayyo jaalala; dhugaadhas. Yesuus Kanaan beekama. Kan inni barsiisus kanuma. kan inni barsiise kanaan alatti barumsi kan biraan soba. Amantii dhugaanis kanuma Yesuus barsiiseedha. Akkuma dura ilaalle sana falaasamni saayinsii qorannoon mirkanaa'a. Kan amantaa garuu hojiii gaariin beekama. "Mukti ijasaan beekama" jechuunis kanuma.

6.2. Calaqqee Amantoota Dhugaa

Akka ibsa armaan dura kaafnee ilaallerraa hubachuu dandeenyetti, gosa amantii Yihudootaa bu'uureffatu hunda keessaa amantaa dhugaan isa barsiisa Kiristoos barsiisaa ture hordofu qofa akka ta'ee hubanna. Namni dubbii kiristoos kanattii amanu kamiyyuu duuka buutuu kiristoos akka ta'es hubannee jirra. Namni kiristoositti amanu hundi kiristaana akka jedhamus quba qabna.

Egaa Kiristaanotni dhugaan amantoota barsiisa Kiristoos isa dhugaa hordofaniidha. Akkuma barsiisni Kiristoos kan warra kaanii irraa dhugaa fi jaalalaan beekamu, amantootni isaas waantota ittiin addaan baafamanii beekaman ni qabu. Calaqqee amantoota dhugaa jechuunis kanuma. Calaqqeewwan muraasa akka itti aanutti ilaalla.

6.2.1. Amantii Bu'aa Qabu Amanu.

Kiristaanotni dhugaan amantii gaarii isa bu'aa gaarii qabu amanu. (1Xim 6:11-12). Dubbii bu'aa hin qabne dhiisanii isa bu'aa qabu hordofu. (Erm 15:19). Jaalalaan beekamu, Waaqayyo jaalala akka ta'es amanu. *"Yaa michoota ko! Jaalalli kan Waaqayyoo waan ta'eef, kottaa wal in jaallannaa! Namni jaallatu hundinuu mucaa Waaqayyoo ti, Waaqayyoonis in beeka. Waaqayyo jaalala waan ta'eef, namni hin jaallatin, Waaqayyoon hin beekne"*(1Yoh 4:7-8). Amantootni dhugaan dubbii kana amanu. Isumaan beekamu.

Kiristaanotni dhugaan Waaqolii harka namaan tolfamanitti hin amanu. Isaanoo Waaqa isa tokkicha isa dhugaa sana qofatti amanu (Yoh 17:3). Yesuus kiristoos gooftaa fi barsiisaa isaanii akka ta'e amanu (Yoh 13:13). Yesuus kun bifa waaqni inni ijaan hin mullanne tokkichi sun ittiin namatti mullate ta'uu amanu. Yesuus kun isuma waaqaaf lafa, akkasumas waantota achi keessa jiran (ergamoota waaqaa warra jedhhamanis) hunda kan uume ta'uu amanu. Waanti uumame hundis isaan kan uumaman, akkasumas isaaf kan uumaman ta'uu amanu (Qol1:15-17). Inni duras kan ture ammas kan jiru sichis barabaraan kan jiraatu

ta'uu amanu (Ibro 13:8-9). Yesuus Kiristoos amantii isaanii jalqabee galmaan ga'u sanarraa ija buqqifachuu akka hin qabne amanu. Barsiisni dubbii Kiristoosiin faallessuu hundi dubbii raajota sobduu akka ta'e amanu.

Kiristaanotni dhugaan Yesuus Kiristoos jalqabas waaqa akka ture amanu. Isaan osoo Maariyaam hin jiraannee Yesuus hin jiru dubbii jedhutti hin amanan. Yesuus isa duruma waaqa ta'ee afuuraan waaqarra jiraachaa ture sanatu akkuma namaatti foon uffatee gadameessa Maariyaam keessaan dhalachuu filate jedhanii amanu. Garuu Afuurri Waaqayyoo qulqulluu waan ta'eef jecha, Maariyaamis Qulqulluu ta'uu isheetiin filatamtes jedhanii hubatu.

Maariyaam akkuma warra Yesuusitti amanan sanatti qajeelummaatti jiraachuun kan isheerra eegamuun ala Yesuusiin ajajuuf aboo akka hin qabnes hubatanii amanu. Kitaabni Qulqulluun akkas jedha.

Daadhiin waynii duraa dhumnaan, haati isaa, "Daadhii waynii hin qaban" jettee Yesusitti himte. Yesus immoo "Haadhoo, maaliif hojii koo keessa lixxa ree? Waa gochuuf

yeroon koo amma illee hin geenye" jedhee deebise. Haati isaa yommus warra achii ergamaniin, "Waanuma inni isinitti himu godhaa!" jetteen (Yoh2:3-5).

Dabalataanis akkas jedha.

Kana booddee haati Yesusii fi obbolaan isaa dhufanii ala dhaabatanii itti erganiis isa waamsisan. Yeroo sanatti, tuuti namootaa isatti naanna'anii in taa'u turan. Isaan, "Kunoo, haati kee, obbolaan kees alaa si gaafachaa jiru" ittiin jedhan. Inni garuu deebisee, "Haati koo, obbolaan koos eenyu fa'i?" isaaniin jedhe. Gara warra isatti naanna'anii taa'aniis ilaalee, "Haati koo, obbolaan koos warra as jiran kana... ." (Mark 3:31-34)."

Kanaafuu, Kiristaanotni dhugaan Yesuus Kiristoos duras, har'as, sichi bara baraanis akka turee fi jiru amanu. Kiristaanummaan barsiisa Kiristoos faallessu amantaa gaarii miti.

Kitaabni Qulqulluun akkas jedha. "*Sagalichi jalqaba waan hundumaa dura ture; sagalichi Waaqayyo bira ture; sagalichi ofii isaa Waaqayyo ture. Inni jalqabumaa jalqabee Waaqayyo bira ture. Wanti hundinuus isumaan ta'e; waan ta'e keessaas isa malee kan ta'e tokko illee hin jiru.*" (Yoh 1:1-3). Kiristaanotni dhugaan Yesuus Waaqa ta'uu amanu.

Kiristaanotni dhugaan Yesuus Kiristoos akka fannifame amananii lallabu. Kitaabni Qulqulluun akkas jedha. "*Nuyi garuu, Kristos isa fannifame in lallabna; kun immoo warra Yihudootaatti gufuu dha, warra Yihudoota hin ta'initti immoo gowwummaa dha.* (1Qor2:23). jedhee yoo barsiisu argina.

Kiristaanotni dhugaan jiraachuu Afuura Qulqulluutti amanu. Afuurri qulqulluun kun afuura Kiristoos akka ta'e amanu. Namni Kiristoositti amane afuuricha akka argatu amanu. Afuura KKiristoos kanaanis waan hunda akka hubachuu danda'an amanu. Isumaan aboo waan hunda gochuus argatu.

Kristaanotni dhugaan bifa Waaqayyo ittiin namatti mullate sadaniin (Sagalee, foonii fi afuura) "Sadan tokkummaa" jedhanii amanu. Waaqni bifa sadiin kan namootatti mullate ta'uu amanu. Garuu waaqni sun tokkicha akka ta'e amanu. Kiristaanotni dhugaan Yesuus Kiristoos waaqa akka ta'e amanu. Warri isatti amanani hundis ijoollee Waaqayyoo akka jedhaman amanu. Sababa inni du'a mo'ee ka'eefis warri isatti amanani du'aa akka kaafaman amanu.

Kiristaanotni bishaanii fi afuuraan cuubamuu akka qaban amanu. Kanaanis akkuma Yesuus du'ee awwaalamee, du'as mo'ee ka'e sanatti, duuka buutotni Kiristoosis cubbuu irraa du'anii awwaalamanii kiristoosiin haaraa ta'anii akka dhalatan ittiin ibsatu (Room 6:3-11). Cuuphaan inni sirriin bishaan keessa guutummaa qaamaan awwaalamanii achi keessaa ol ba'uu akka ta'e hubanna. Kanaafuu, bishaan ofitti facaasuun cuuphaa sirrii akka hin taane, caqasuma kanarraa addaan baafanna. Dhugumayyuu, hiikumti jecha 'cuuphuu' jedhuuyyuu waanta cuuphamu sana bishan keessa kaa'uudha. Egaa Kiristaanotni kanaaf, kitaaba qulqulluu irraa hiika cuuphaa hubatanii cuuphamuu akka qaban amanu. Walumaa gala kiristaanotni kiristoositti amanu.

Kiristaanotni dhugaan bishaaniin cuuphamuu qofa osoo hin taane Afuura Qulqulluunis cuuphamuu akka qaban amanu. Afuurri Qulqulluun inni bartoota Kiristoosiif kennamee ture sun isaaniifis akka kennamu amanu. Kiristoos akkas jedhee bartootatti dubbate.

“... Namni amane, namni cuuphames in fayya.... Warra anatti amanana birattis milikkitoonni kun ni argamu; warri anatti amanana kun maqaa kootiin hafuurota hamoota in baasu, afaanota haaraadhaanis in dubbatu. Bofa yoo qaban yookiis waan nama ajjeesu yoo dhugan isaan hin miidhu; harka isaaniis warra dhukkubsatan irra in kaa'u, isaanis in fayyu." isaaniin jedhe (Mar 16:16-19).

Kanaafuu, kiristaanotni dhugaan humna Kiristoosiin waan hunda gochuu akka danda'an amanu (Fil 4:13). Hanguma amantaatti cimaa dhufaniinis gara guutummaa Kiristoosiin beekuutti guddachaa deemu. Haaluma kanaan yoo amantiin guddaa qabaatan waan gurguddaa dalaguuf aangoo akka argatan amanu. (Mat 15:28, Mat 17:20, Mar 11:25).

Kiristaanotni dhugaan amantiin isaanii bu'aa guddaa akka qabu amanu. Amantiidhaan ulfina waaqayyoo arguu akka danda'anis amanu (Yoh 11:40). Kanaafuu, Kiristaanotni dhugaan amantiin du'aa kaasuu ni danda'u (Yoh 11:47-48). Dhukkuba garaa garaattiis nama fayyisu.

Isaan hafuura hamaa nama keessaa baasuu akka danda'an amanu. (Mar 16:15-17). Bishaan gubbaa miilaan deemuun akka

danda'amu amanu (Mat 14:25-29). Walumaagala kiristaanotni dhugaan dandeettii Kiristoos irraa argataniin waan Waaqayyotti tolu hunda gochuu akka danda'an amanu (Fil 4:13). Amantaa bu'aa qabu jechuunis kanuma ibsa.

Egaa namootni amantaa gaarii amanan mammaaksa amantaa sammuu kuufatanii caqasaa ooluun kanneen beekaman osoo hin taane hojii gaariin kanneen beekamaniidha. Kanumaan addaan baafamanii beekamu. Mukti gaariin ijasaan beekama mitiiree? Amantiin hojii gaariin hin ibsamnes hiika hin qabu. Amantii gaariin faayidaa gaarii isa namoota hundaaf argamsiisudha.

Amantii gaarii qabaachuun daandii ittiin gara gooftaa dhufan tolcha. Gooftaa wajjin walitti dhiyaachuuf garuu deemsa barbaachisu taasisuutu namarraa eegama. Gonfoo mo'ichaa argachuufis dorgommmii nama gaafata. Dorgommiin jedhamu kunis qajeelummaa namarraa barbaachisu raawwachuudha.

Kitaabni Qulqulluun akkas jedha. "*Warra yaadaan isaan qabe waameera; warra waame immoo qajeelota isaan godheera; warra qajeelota godhe immoo ulfinaan isaan ga'eera.*" (Rom 8:30)

Caqasa kanarraa kan hubannu: warra isatti amanan yaada keessa galche. Warra yaada keessa galfate daandii ittiin gara isaa dhufantu tolchameef. Namootni daandii sanarra deemanii xumuran qajeeltota. Qajeelota ammoo waaqni harkasaanii qabee galmaan akka isaan ga'uudha.

Kanaafuu, amanuun daandii waaqaa irra deemuuf qophii jalqabaati. Qajeelummaan garuu erga amananii booda daandii waaqaarra adeemsa taasifamuu qabu ibsa. Deemsa qajeelummaaf barbaachisu xumurraan waaqa bira ga'anii gonfoo jireenyaa barabaraa fudhatu.

Hubadhu! Amantaa hanga fedhe qabaatanis qajeelummaan hin jiru taanaan jireenya bara baraa bira ga'uun hin danda'amu. Qajeelummaan kun abboommii Waaqayyoo raawwachuudha. Kunis jaalala qabaachuudha. Amantii hanga fedhe yoo qabaatan, jaalalli nama keessa hin jiru taanaan badhaasa jireenyaa nama

dhabsiisa. Raajii dubbachuu fi seexana baasuu, akkasumas afaan hin beekamneen dubbachuu qofti galma ga'uu hin ibsu. Ajaa'iba yoo ta'e jalloonnuu amannaan ni dalagu. Kan barbaachisu garuu amantii jaalala of keessaa qabuudha. Waaqayyo jaalala akkuma ta'e namni Waaqayyoos jaalalaan beekama. Kanaafuu, namas waaqas jaallachuutu amantii dhugaati.

Gaafa uleeen Aaron dinqii waaqaan bofa taasifame sana, kan warra hooda dubbatanii fi qoricha namatti godhaniis akkasuma bofa ta'uu danda'ee ture (Ba'uu 7:12). Garuu inni kan Aaron kan jaraa hunda liqimsuu isaatiin dinqiin waaqaa kan jaraa akka caalu mirkaneesse. Kanaafuu, amantaan kiristaanota dhugaa fi kan warra Kiristoosiin mormanii garaagarumaa ittiin beekaman qabaachuun dirqama.

Raajotni namoota dogoggorsan akka dhufuuf malan Yesuus dursee akka hime dagachuun gaarii miti. Isaan warra Waaqayyoof fo'amanillee dogoggorsanii jallisuu akka malan Yesuus dursee hime. Isaan sun dinqiin abiddayyuu waaqarraa buusuu malu jedhees ture.

Kiristaanotni dhugaan Afuurri Qulqulluun dhugaa akka isaan hubachiisuuf isa kadhatu. Isaan geggeeffamu. Isa dhaggeeffatu. Kennaa Afuuraan guddachuuf dhimmu. Isumaan jireenya qajeelaa jiraatu. Jireenya barabaraas argatu.

Isaan waaqaa wajjin walitti dhiyoo jiraatu. Afuurri Qulqulluun akka isaan keessa jirus hubatu. Manni qulqullummaa Waaqayyoo inni dhugaan laphee namaa keessa akka ta'e amanu. (1Qor3:16). Isa xureessinaan afuurri waaqaa akka achi keessa hin jiraannes beeku. Inni nama keessaa dhibnaan ammoo dhugaan nama keessa akka hin jire hubachuun salphaadha. Lafa dhugaan hin jirre ammoo bu'aa gaariin hin jiru.

Namootni amantaa dhugaa hordofan amantii isa bu'aa gaarii qabu hordofuun beekamu. (1Xim 6:12).

6.2.2. Hojii Afuuraan Beekamu.

Kitaabni Qulqulluun akkas jedhee barsisa.

Ani garuu, "Hafuuraan geggeeffamaa jiraadhaa malee, fedha foonii hin raawwatinaa!" nan jedha. Fedhi foonii hafuuraan in morma; hafuurris fooniin in morma; isin waanuma jaallattan akka hin gooneef, isaan kun lamaan waliin in mormu. Hafuurichaan yoo geggeeffamtan garuu, isin seericha jala hin jirtan.

Hojiin foonii mul'ataa dha. Isaanis halalummaa, xuraa'ummaa, jireenya gad-dhiisii, waaqayyolii tolfaman waaqessuu, qoricha namatti gochuu, diinummaa, qoccolloo, hinaaffaa, dheekkamsa, ofittummaa, yaadaan gargar ba'uu, barsiisaan gargar cabuu, weennoo, machii, albaadhummaa, wanta kana fakkaatus. Akkuma ani kanaan dura isinitti himee ture, warri wanta akkasii hojjetan mootummaa Waaqayyootti galuu akka hin dandeenye ammas isinitti nan hima. Iji hojii hafuuraa immoo, jaalala, gammachuu, nagaa, obsa, gaarummaa, arjummaa, amanamummaa, garraamummaa, of dhowwuu dhas. Egaa seerri isaan kanaan mormu hin jiru. Warri kan Kristos Yesus ta'an immoo yaada foonii, hawwa isaa, fedha isaas fannisaniiru. Nuyi jireenya hafuuraatti yoo jiraanne, hafuura kana duukaa bu'uu keenya. Egaa kottaa of-dhiibduu, walitti naqxuu, walitti hinaaftuu ta'uu in dhiifnaa!" jechuun hojii foonii fi isa kan Afuuraa addaan baasee hima. (Gal 5:16-26).

Kiristaanotni dhugaan gaafa kiristoosiin amananii eegalanii Afuura Kirstoos fudhatu. Ittinis guddatu. Akkuma guddina qaamaaf nyaanni barbaachisu, amantootaafis hojii afuuraatti guddachuutu isaan barbaachisa (1phe 2:1-3).

Amantootni dhugaan hojii afuuraan beekamu. Afuurri Qulqulluun akkuma maqaa isaatii qulqulluudha. Kirstoos qulqulluu akkuma ta'e kiristaanotnis qulqulloota ta'uu akka qaban fedha. Hojii afuuraa keessa jallinni hin jiru. Kanaafuu, kiristaanotni dhugaan hojii foonii kan akka: hammina, haxxummaa, qoccolloo, of-arguu-dhabuu, gadhiisiitti jiraachuu fi maqaa namaa balleessuu hundumaa irraa fagaachuun beekamu. Kanaafis, hojiin afuura qulqulluu yeroo hunda isaan keessaa ifee mullata. Kan isaan dharra'an hojii afuuraa isa haxxummaan keessa hin jirreedha. Afuuri isaan dharra'an kun ammoo kennaa danuu isaanif laata. Kennaan afuuraa kunis nama hundumaaf bu'aa akka buusaniitti isaaniif kennama.

Kiristaanotni dhugaan hojii afuuraan beekamu. “Afuurichatu isa kaaniif ogummaadhaan dubbachuu kennaaf, isa kaaniif immoo beekumsa barsiisuutu afuuruma sanaan kennamaaf; isa kaaniif

amantiitu, isa kaaniif ammoo warra dhukkubsatan fayyisuutu afuuruma tokkicha sanaan kennamaaf. Isa kaaniif dinqii hojjechuutu, isa kaaniif raajii dubbachuutu, isa kaaniif afuurota gargar baasanii beekuutu, isa kaaniif afaan hin beekamneen dubbachuutu, isa kaaniifis afaan hin beekamne sana hiikuutu kennamaaf!" (1Qor12:7-11).

Akkasitti kiristaanotni dhugaan hojiii afuuraa isa haxxummaan keessa hin jirre kana hojjechuun beekamu. Isumas dharraa ba'uuf dheebotu. Hammeenya hundumaa irraas fagaatanii jiraatu. Namoota hundumaaf waan gaarii yaadanii hojjechuun beekamu. Dhugaa hin jallisan. Soba hin dubbatan. Jaalala kiristoos qofa raawwatu. Hojii kiristoos hojjetu. Ambaasaaddara kiristoos ta'uun beekamu. Kun yeroodha, kun yeroo miti osoo hin jedhin namoota dhugaa barsiisu. Maaddii jallinaatti hin hirmaatan; matta'aa hin fudhatan; nama hin hamatan. Kiristoos akkuma jaalala ta'e isaanis jaalalaan beekamu. Lolaaf oduu lolaa leellisuun isaan biratti hin argamu. Isaan bira namoota walitti naquun hin jiru. Nagaa labsuun beekamu. Akkasitti hojiin Afuura Qulqulluu isaanirraa ifee mullata.

6.2.3. Jireenya Madaalawaa Jiraatu

Kitaabni qulqulluun akkas jedha.

Namni, "Anaaf wanti hundinuu dhowwaa hin qabu" jedhu jira; garuu wanti hundimmoo isa hin gargaaru. Anis, "Wanti hundinuu dhowwaa hinqabu" nan jedha. Garuu waan tokko anarratti gooftummaa hin godhatu. Namni tokkos, "Nyaanni garaachaaf kenname, garaachis nyaataaf kenname" in jedha; Waaqayyo immoo isa kanas isa sanas, lafatti in dabala. Dhagni garuu hojii halalummaatiif namaaf hin kennamne. Inni gooftaadhaaf hojjechuuf kenname. Gooftaanis dhagna namaatiif in yaada."(1Qor6:12-13).

Dubbii kanarraa kan hubannu waanti hundi yoo namaaf heyyamames waanti hundi akka nama hin fayyadneedha. Qaamni namaa kunuunfamee, hojii gaariin akka ittiin dalagamuuf malee akka namni ittiin badii balleessuuf kan hin uumamne ta'uu ibsa. Waanti qaama namaa balleessu kamuu Waaqayyoon akka hin gammachiifnes nutti ibsa. Inumaa Waaqayyo inni qaama namatti uumee fayyummaa qaama namaaf kan yaadu ta'uu isaa hubanna.

Kanaafis, akkas jedha. *"Egaa attamitti akka deddeebitan haleelaa ilaalladhaa! Akka warra ogeessotaatti malee, akka warra ogeessota hin ta'iniitti hin jiraatinaa! Guyyoonni kun guyyoota gadhee waan ta'aniif,*

yeroo isiniif kenname utuu hin dabarsin itti hojjedhaa!" jechuun amantoota barsiisa. (Efes 5:15-16).

Kanaaf jecha, Kiristaanotni dhugaan waanuma arganitti hin goran. Isaanoo waan nyaatanis, waan dhuganis, waan dalaganis hunda dubbii waaqaan madaalanii filatu. Waanuma argan hin sooratan. Gadhiisiittis hin jiraatan. Waanuma fedha fooniitti tolu qofa osoo hin taane, fedhaa waaqaa ta'uu fi dhabuu isaa dura addaan baafatu. Akkasitti wanta Waaqayyoon gammachiisu qofa filatu.

Kiristaanotni dhugaan waanuma foon namaa fedhu hunda walitti haruun miidhaa inni namatti fidu hubatanii beeku. Kanaafuu, waan nama fayyadu qofa dubbii Waaqayyoon madaalanii fudhatu. Isumaan jireenya madaalanii jiraatu. Isumaanis dubbii madaalanii dubbatu. Madaalaniis fudhatu.

Kitaabni qulqulluun akkas jedha.

Ammas hammina hundumaa, haxxummaa hundumaa, of arguu-dhabuu, weennoo, maqaa namaa balleessuu hundumaas of irraa fageessaa! Akka mucooliin reefuu

dhalatan aannan barbaadanitti, isinis fayyinaaf ittiin guddachuudhaafis yeroo hundumaa dubbii hafuuraa isa haxxummaan keessa hin jirre akkuma aannanii sana dharra'aa! Isin gaarummaa gooftaa miyeeffattaniittu yoo ta'e, kana gootu. (1Phex 2:1-3).

Dubbii kanarraa kaanee yoo xiinxalle aannan daa'immaniif daran barbaachisaa ta'uu hubanna. Akka saayinsiin ibsutti, aannan daa'imman reefuu dhalataniif nyaata madaalamaadha. Dhangaalee nyaataa hundas of keessaa qaba. Keessumaa albuuda 'kaalshiyeem' jedhamuun kan badhaadheedha. Kun ammoo lafee fi ilkaan daa'immanii jeebeessuuf daran kan fayyaduudha. Dabalataan dhukkuboota garaa garaa irraa ittisuuf daran isaan barbaachisa. Kanaafuu, daa'imni ittiin guddachuuf nyaata madaalamaa kana argachuun dirqama jechuuudha. Kanumaafis aannan dharra'u.

Akkuma kana Kiristaanotni afuuraan guddachuuf hojii afuuraa isa haxxummaan keessa hin jirre sana dhimmanii dharra'uun dirqama. Isatu guddina isaaniif nyaata madaalamaadha.

Hojii afuuraa keessa haxxummaan, maqaa nama balleessuun, weennootti jiraachuu fi hammeenya hin jiru. Achi keessa kan jiru

jaalalatti jiraachuudha, namaaf ho'uudha, Gaarii yaaduudha. Akkasitti jireenya qajeelaa ta'e qofa filanii jiraatu.

Kiristaanotni dhugaan hojii qajeelaa qofa hojjetu. Qabeenya kan isaanii hin taane hin fedhan. Nyaatni nama hojjetuuf akka malu dubbii waaqaa irraa dubbisani hubatu. Kanaaf, hojii madaalanii hojjetu.

Kitaabni qulqulluun akkas jedha.

Yommuu isin bira turre iyyuu, "Namni hojii hojjechuu hin barbaanne midhaanis hin nyaatin!" jennee isin abboomneerra. Amma immoo isin keessaa kaan hojjechuu dhiisanii dhibaa'ummaatti in jiraatu; ofii isaaniitii waan tokko illee hin hojjetan, hojii namaa keessa lixuu isaanii garuu in dhageenya. Namoota akkasii kana gab jedhanii akka hojjetan, kan isaaniis nyaatanii akka jiraatan maqaa gooftaa Yesus Kristosiin in abboomna, in gorsinas. Obboloota nana, isin garuu wanta gaarii gochuutti hin laafinaa! (2Tas:3:10-13).

Dubbii kanarraa kan hubannu Kiristaanotni hojii hojjetanii, dafqasaanii qofaan jiraachuu akka qabaniidha. Kanaafuu, Kiristaanotni dhugaan qabeenya isa ofiin itti dadhabanii argataniin jiraachuu filatu. Waanuma ofiin dalaganii argatan

qofa Waaqayyo akka isaaniif eebbisus kadhatu. Waaqayyos isuma isaaniif eebbisa. Badhaadhota isaan taasisa (Fak 13:22).

Kiristaanotni qabeenya argatan kanaan soorata madaalawaa qofa filanii nyaatu. Ittiin dhuganii hin macha'an. ittiin sagaagalummaan hin jiraatan. Ittiin of hin tuulan. Qabeenya qabaniin jaalala Waaqayyoo qofa raawwatu. Qaama ofii ittiin kunuunfatu. Warra dhabaniifis irraa qoodanii laatu. Waaqayyommoo dabalee isaan eebbisa. Kan argatan irraa harka kudhan keessaa tokko hojii mana Waaqayyoof amanamummaan gumaachu. Kanaanis Waaqayyo dabalee daddabalee isaan eebbisa.

Kiristaanotni jiruu guyyaa guyyaa keessatti sochii qaamaa taasisu. Dafqanii qabeenya argachuuf sochii danuu taasisu. Kun ammo ija saayinsiin yoo ilaalamu fayyaa akka argatan isaan taasisa. Bocaa fi ulfaatina qaamaa madaalamaa ta'e isaan gonfachiisa. Sammuu nagaa akka qabaatanis isaan taasisa. Dadhabanii irriba nagaa akka rafan taasisa.

Kiristaanotni yeroo isaaniitti sirnaan fayyadamu. Kanaafis, yaaddoo jireenyaa irraa bilisa ta'u. Isaan namoota miidhuu hin fedhan. Namarratti daba hin dalagan. Kanaafis, sammuu isaani ceephoodhaan hin dhiphatu. Irriba nagaa rafu. Waan isaanitti ulfaatuu waaqumarratti gatani dhiisu. Kanaafis, hin yaadda'an. Dhukkuboota sababa yaaddootiin namatti dhufaniinis hin miidhaman. Akkasitti jireenya isa madaalawaa fi fayyaalessa ta'e qofa jiraatu. Isaan jireenya qajeelummaa jiraachuu isaanii malee, bu'aa qajeelummaan namaaf argamsiisu kana badaa quba hin qaban.

Akka qorannoon saayinsii ibsutti garuu dhukubsattoota dhukkuba garaa garaan qabamanii mana yaalaatti yaalaman keessaa harki caalaan sababa yaaddoo (stress) irraan kan isaan mudate ta'uu ibsa. Kunis dhukkuba akka: Onnee, dhiibbaa dhiigaa, dhukkuba kalee fi dhibee sammuu fa'a hunda dabalata. Haala kanaan namootni yaaddoo irraa bilisa ta'an dhukkuboota kanaan carraan qabamuu isaanii baayyee xiqqoo akka ta'e ibsama.

Kiristaanotni dhugaan jireenya madaalamaa jiraatu. Isaan uffata qaamaas sagalee Waaqayyoon madaalanii uffatu. Kanaafuu, uffata gaalamootaa hin uffatan (Fak7:10). Kanaafuu, uffata nama dogoggorsu hin uffatan. "Uffata gaalamootaa" isa kitaabni qulqulluun jedhu sana hin uffatan jechuu kooti. Nyaatni isaan nyaataniyyuu yoo kan namoota biroo gufachiisu ta'e ni dhiisu.

Kiristaanotni dhugaan qaamni namaa gooftaadhaaf hojjechuuf kan kenname ta'uu amanu. Gooftaan dhagna namaatti uumes dhagna sanaaf akka yaadu hubatu. (1Qor6:13). Kanaafuu, amantootni dhugaan qaama gooftaan isaaniif kenne kunuunsuu akka qaban hubatu. Kanaafis, qaama isaanii dhukkuba garaa garaa irraa ittisuuf jireenya madaalanii jiraatu. Kanaaf qulqullina qaamaafi uffataa yeroo mara eeggatu.

Dhukkuboota sababa qulqullummaa dhabuu irraan namatti dhufan irraa isaan bilisa. Dhibee qaamaa fi sammuu irraa bilisa waan ta'aniifis qulqullummaa ofii eegachuun isaan hin nuffisiisu. Yeroo hunda itti tolaadha. Waaqayyo nagaa isaaniiti.

Gabaabumatti Kiristaanotni dhugaan sammuu nagaan qabu, qulqullina eeggatu, waan gaarii nyaatu, waan gaarii dhugu, hojii gaarii jaaallatu, qulqullina fooniis kan afuuraas ni eeggatu, yeroo qabaniti sirnaan fayyadamu, dubbii waa'ee hin baafneen yeroo ofii hin qisaasessan, waan hunda karooraan fayyadamu. Yeroo itti dalagan, yeroo itti waaqeffatan, yeroo itti kadhatan hunda karoorsanii fayyadamu, waan hundumtuu yeroo akka qabus sirriitti hubatu. Akkasitti namoota waliinis jireenya madaalli qabu jiraatu.

Walumaagala kiristaanotni dhugaan jireenya nama hawwatu jiraatu. Eeyyen akkasuma! Dubbiin sagalee waaqaa akkas jedha.

Namni akka gorsa warra jal'ootaatti hin deddeebine, karaa cubbmoonni irra adeeman irras kan hin ejjenne, warra ga'isanii wajjinis tarree kan hin teenye gammachuu qaba! Akkasitti isa gammadu kanatti seerri Waaqayyoo itti in tola, innoo halkanii fi guyyaa waa'ee seera Waaqayyoo in yaada. Inni akka muka isa bishaan yaa'aa qarqara dhaabamee, yeroo yerootti ija kennuu, baalli isaas gogee hin harcaaneeti; wanti inni hojjetu hundinuus wal in qixxaataaf (Faar 1:1-3).

Anis akkas ta'uun hawwa. Siifis haa ta'u! Ameen!

6.2.4. Hawaasummaa Gaariin Beekamu.

"Wanti lama ta'anii itti dadhabanii hojjetan gatii gaarii waan qabuuf, lama ta'uun kophaa ta'uu irra in wayya. Inni tokko yoo kufe, hidhanni isaa lafaa isa in kaasa; nama yommuu kufu lafaa isa kaasu hin qabneef garuu wayyoo! (Lal 4:9-10)." jedha.

Namni kamuu walitti dhufeenya gaarii namootaa wajjin akka qabaachuu qabu dhaama dubbiin kun. Kanaafuu Kiristaanotni dhugaan dubbii kana ni hubatu. Kanaafis, hawaasummaa gaariin beekamu.

Kiristaanotni dhugaan hojii hawaasummaa keessatti itti gaafatamummaa isaanirraa eegamu sirriitti hojjechuun beekamu. Kana gochuu isaaniinis adaba seera ittiin bulmaata hojii namootaa jalaas baraaramu (*Luq 12:47-48*).

Kanaafuu, kiristaanotni dhugaan bakka hojii isaaniitti (hojii mootummaas ta'u kan miti mootummaa) keessatti raawwatan hunda keessatti naamusa qabaachuun beekamu. Bakka hundatti

dirqama isaanirraa eegamu hunda mudaa malee waan dalaganiif, fiixaan ba'umsa argamsiisuun beekamu. Kanaafuu, ulaagaa garaa garaa irratti muudamaaf isaantu barbaadama.

Dubbiin waaqaa akkas jedha. "*Waanuma gootan hundumaa namaaf utuu hin ta'in akka waan gooftaadhaaf hojjettaniitti garaa guutuudhaan hojjedhaa. Isin Kristos gooftaadhaaf waan hojjettaniif, gatii isa gooftichi ijoolleesaaf qopheesse sana akka argattan beekaa! Namni balleessaa hojjetu balleessaa isa hojjetu sanaaf gatiisaa ni argata; nama wal-caalchisuun waaqa bira hin jiruhoo.*" (Qol 3:23-34).

Iddoo biraattimmoo akkas jedha. "*Nama hojii isaatti harka tolu kana argitaa? Inni moototaaf malee nama hin malleef hin ergamu*" (Fak 22:29). Argitee! Namni waaqayyo akkas ittiin jedhu kun nama simbo qabeessa. Nama isa akka dubbii Waaqayyootti jiraatuudha. Isuma fedha Waaqayyoo raawwatu sana. Inni hojii hojjetu hunda amanamummaan hojjeta; namoota gidduuttis qajeelummaan jiraata; hojii hojjetuunis kiristoosiin lallaba; jireenya hawaasummaa gaariin beekama. Jaarsummaaf kan barbaadamu nama akkasii kana. Inni yoo bulchiinsa biyyaa keessatti hirmaates nama wal qixatti ilala; namoota haqa

dhabaniif haqa falma. Akkasitti loogii tokko malee namoota hunda tajaajila. Inni Waaqayyoonis ta'e nama hundumaa garaa guutuun jaallata; waan hojjetu hundarrattis amanama. Isa akkasii kanatu egaa booda nama furmaataa jedhamees bakka hundattti hawwatama. Maaree, isumatu muudamaafis iyyaafatama. Namni Waaqayyo "nama akka garaakoo" jedhee waamus nama akkasii kana. Inni ambaasaadara kiristoosiiti. Namoota gidduutti kirstoosiin labsaa oola.

Namni akkasii namoota hundumaaf, addattimmoo amantootaaf gaariidha. Namni akkasii osoo dursaa ta'ee silaa amantootni seera jal'ootaan hin dararaman. Bartoota gooftaa kan morma kutee, dhagaan tumee, fannisee, zayitii gubaa keessa buusuun isaan dararaa ture mootii jal'aadha. Kanaafuu, namni hawwaasummaa gaarii qabu amantoota keessaa osoo filamee biyya hogganee, silaa namoota hundaafuu gaarummaa danuu qaba.

Maalumaafuu hawwaasummaa gaarii qabaachuun bakkuma hundaatti barbaadama. Hawwaasummaa gaariin amantoota dhugaa biratti argama.

BOQONNAA TORBA

OF-ARGUU DHABUU

Kitaabni Qulqulluun akkas jedha.

Namoonni hamma wal irra ejjetanitti kumaatama baay'ee ta'anii, yeroo walitti qabamanitti, Yesus duraan dursee bartoota isaatiin, "Raacitii warra Fariisotaa irraa, kana jechuun koos 'Of arguu dhabuu isaanii irraa' of eeggadhaa. Waan haguugamee jiru hundinuu in mul'ifama, waan dhoksaatti eegamaa jirus in beeksifama (Luq 12:1-2).

Dubbii kanarraa kan hubannu, Yesuus dursee warra isatti amanan hunda Yihudoota warra barsiisa isaa tuffatan irraa akka of eeggatan kan barsiisee ture ta'uu isaati. Kunis sababa Yihudootni warri isatti amanuu dhaban sun mammaaksa amantii mammaakuu malee dhugaa isa Yesuus isaan barsiisuu dhufe sana amanuu dhabaniif ture.

Fariisonni osooma Yesuus dubbii kitaaba isaanii keessa jiru hiikee isaan barsiisuu, akkasumas milikkita garaa garaa isaanitti argisiisuu isatti amanuu dhiisanii, isa qoruuf shira garagaraa xaxaa turan. Kanaafuu, fariisotni dubbii dhugaa isa Yesuus

isaan barsiisu amananii fudhachuuf bakka hin qaban ture. Isaan osoo inni akkuma isaanii sana nama cubbamaa dhagaan dha'ee ajjeesee fedhu turan. Inni garuu seera lakkaa'ee namoota ajjeesuufi ajjeesisuuf kan dhufe osoo hin taane, namoota dhugaaf jaalala barsiisuu dhufe.

Egaa kanaaf jecha, Yesuus bartoota isaa warra isatti amanana raacitii Fariisotaa (Of-arguu dhabuu) isaanii kanarraa akka of eeggatan akeekkachiise.

Farisootni akkasaan dhugaa isa Yesuus isaan barsiisaa ture fudhachuu dhaban kan taasise of-arguu dhabuu isaanii akka ta'e hubanna. Isaan of-hin argan turan. Namni of arguu dhabe ammoo mudaa namaa malee kan ofii arguu hin danda'u. Yoo namni itti himes amanee hin fudhatu. Kanaafuu, waan hamaa dalageetu akka waan gaarii dalagaa jiruttimmo of hima. Egaa kanaaf jecha, of-arguu akka qabaniif Yesuus bartoota isaa barsiise jechuudha.

Namni jireenya isaa keessatti waa sadiin of arga. Inni tokko of ilaallee keessatti of ilaalee of arga. Of ilaalleen amantootaa garuu

wangeela keessatti of ilaalanii akka dubbii waaqaatti jiraachuudha. Jirma ija ofii keessa jiru osoo hin argin huuba ija namootaa keessa jiru arganii daba namatti muruun akka hin malles isumatu barsiisa (Mat 7:2).

Inni kan biraan ani maalan fakkaadha jedhanii akkamitti akka jiraachaa jiran sammuu ofiin of madaaluudha. Tarii namni dogoggoraan waanuma gaarii hojjechuutti kan jiru of se'uu mala. Tariimmoo osooma gaarii gochaa jiruus of shakkuu mala. Kanaafuu, isa kanas, isa sanas hubachuuf amantootni wangeela keessatti of ilaalu qabu.

Karaa namootni ittiin of arguu qaban keessaa inni kan biraan ammoo namootni waa'EEKOO maal jedhu jechuun kan of madaalan ta'uusaati. Yesuus gaaf tokko akkas jedhe. *"Namootni anaan eenyu naan jedhu?"* erga jedhee booda, *"Isinoo maal naan jettu?"* jedhee yeroo inni bartoota isaa gaafatu argina. (Mat 16:13-15). Bartootnis waa'eesaa kanaaf, isa namootni jedhan danuu tarreessan. Pheexiroos ammoo eenyummaa Yesuus isa dhugaa hime. Egaa dubbii kanarraa kan hubannu namoota gidduutti akkamitti akka beekaman of madaaluun barbaachisaa ta'uu isaati.

Tarii namootni waa'ee kee bifa garaa garaan tilmaamuuu malu. Garuu hojiin kee maalummaa kee isa dhugaa ibsa. Akkuma kana amantootni dhugaan namoota keessatti hojii gaariin beekamuu akka qaban akkeekkachiisa barsiise Yesuus. Kunis akka dubbii wangeelaatti jiraachuun amantoota irraa kan eegamu ta'uu isaa ibsa. Kana goonaan namoota biratti hawaasummaa gaariin beekamu.

Tarii namootni amantoota akka dubbii waaqaatti jiraataniin morman warra qajeelummaan itti hin tolleedha. Akkuma warra Fariisotaa sana jechuudha. Warruma dhugaa jallisuun beekaman sana jechuu kooti. Maarree egaa, isaan akkasii kana qajeelummaan gammachiisuun hin danda'amu. Kanaaf, Yesuus bartootni isaan namoota akkasii kanarraa of eeggachuu akka qaban barsiise.

Walumaa galatti dubbiin waaqayyoo amantootni hawaasummaa gaarii akka qabaataan fedha. Kunis akka dubbichaatti yoo jiraatan mirkanaa'a. Hawaasummaan amantootarraa eegamus kanuma.

Jal'oonni hawaasummaa gaariin hin beekaman. Dhugaan isaan keessa waan hin jirreef dhugaa kana arguus ta'e dhaga'uu hin fedhan. Akka fedha fooniitti jiraachuu qofa filatu. Namootni akkanaa kun warra barsiisa Kiristoosiin mormaniidha. Garuu amantoota of fakkeessu. Jaalala ammoo of keessaa hin qaban. Kanaaf, nama dhugaatti dhagaa guuraa oolu.

Isaan qoccolloofi haarii fa'iin beekamu. Jaalala waan of keessaa hin qabneefis nagaa hin labsan. Nama nagaa labsus hin fedhan. Isaan kun akkuma Fariisotaa sanaati. Warra sanyii ofiin boonu. Warra barsiisa dhugaa tuffatu. Warra, *"Nuti akkasi!"* jechuun qomoo lakkaa'e dhaadatu. Warruma mammaaksa amantaa mamaakuu qofa dhugaa se'u sana.

Eeyyen! Warra nuti sanyii Abraam jedhee sanyii Abraam ta'uu qofa qajeelummaatti lakkaa'atu sanadha. Isaan warruma Yesuusiin sababa inni dhugaa labseef jecha seera keenya cabsite jedhee isa fannise sana fa'i. Warra seera waaqaa fakkeessanii akka seera biyya lafaatti jiraatan sana. Warrumma nama dhugaa fannisuufi ajjeessuu gaarummaatti lakkaa'atu sana.

Egaa, isaan akkasii kana irraa of eeggadhaa jedhe Yesuus. Akkasittis raacitii warra of hin arginee kanaan bukeeffamuu irraa akka of eeggatan bartoota barsiise. Kanaanis barsiisa sobaa isa amantaa fakkaatu, garuu ammoo isa dhugaatti dhagaa guuruu nama barsiisu sanaan dogoggoruu irraa akka of eeguu qaban bartootasaa akeeke gooftaan Yesuus. Egaa kiristaanotni dhugaan amantaa warra fariisotaa isa barsiisa dubbii Waaqayyoon mormurraa of eeganii hordoftoota Kiristoos ta'uu akka qaban hubanna.

Namootni barsiisa Fariisotaa kanaan bukeeffaman faallaa barsiisa Kiristoos deemu. Seera waaqaa jallisanii akkuma ofii fedhanitti hubatu. Isuma dhaloota barsiifatu. Waaqa jaalalaan beekamus hamaa godhanii hubatu. Seera hojii gaariin beekamus hin qaban. Mukti gaariin garuu firiidhaan beekama. Mitiiree?

Namootni raacitii fariisotaa kanaan bukeeffaman maqa balleessiin beekamu. Firaafi sanyiin leellifatu. Dhugaan isaan keessa waan hin jirreef matta'aa fi albaadhummaatti jiraatu. Qoccolloo jaallatu. Jaalala nama hawwatu hin qaban.

Namootni akkasii kun yeroo baayyee ofittoota. Dhimma namaa hin qaban. Namaaf hin ho'an. Namas waaqas komachuu malee jejuu hin beekan. Afaan isaanii keessaa kan maddu waan gaarii miti. Of tuultota. Anummaan kan guutamaniidha. Gorsa ni tuffatu. Namas akkasuma. Isaan akkasii kun hidda sanyii tarreessanii ittiin dhaadhatu. Sanyii isaanii malee kan biraa wajjin jiraachuu lagatu. Sanyii ofiif malee kan biraaf hin ho'an. Kanaaf jecha, fira horachuurra diina baay'ifatu. Diinummaa malee nagaa labsuun isaan bira hin jiru. Isanoo kaaniin ajjeessanii ofii qofa jireenya gaarii jiraachuu filatu.

Hubadhu! Namootni akkasii kun namoota hin amanne qofa miti, warrumti amananii waldaa keessa jiran danuutu kanaan beekama. Isaan kun ammoo warra qaamaan waldaa dhufuu malee afuuratti hin guddannedha. Warra dhugaa sirriitti hin hubanne. Isaan kana keessaa muraasni utuu beekuus jal'ata. Haxxummaa itti fakkaachuu saati. Garuu gowwummaa guddaadha. Waaqayyo kan itti ga'isan miti. Namni waanuma facaase hunda yeroo isaatti ni haammata (Gal6:7).

Namootni amanan danuun hojii qajeelummaa fi gaarummaan hin beekaman. Isaan kun warra raacitii Fariisotaan bukeeffamaniidha. Garuummoo sanbata waldaa hin oolan. Jarri kun maaliif waldaa deemuree jettaa laata? Tarii lafarratti duroomuu kaayyeffatanii kan waldaa deeman ta'uu mala. Tarii ammoo raajii, "Ni sooromta; Diina kee caalta!; Dhukkubarraa fayyita!" fa'a isaaniin jedhu qofa filanii dhaga'uuf deemu. Dubbii dhugaaf garuu bakka hin qaban. Waanuma gurra isaaniitti tolu qofa dhaga'uu jaallatu. Ta'uu baannaan waldaa jijjiirratu. Kanaaf, dubbii waaqaa hubachuu dhabanii akkasitti jiraatu.

Namootni dubbii Waaqayyoof bakka hin qabne kun irra jireessi isaanii bara dheeraa akka amanan odeeffatu. Bara itti amanan lakkaa'atu. Garuu dubbii afuuraatti ammayyuu daa'ima. Isaan akkasii jibba malee jaalala hin calaqqisiisan. Namoota jibbanii waaqa jaallachuu fedhu. Garuu namni nama isa ijaan argu jibbee waaqa isa hin mullanne jaallachuu akka hin dandeenye quba hin qaban (1Yoh 4:19).

Kitaabni Qulqulluun akkas jedha.

Waliin morkiin gowwootaa, hidda dhalootaa lakkaa'uun, wal loluun, waa'ee seeraa irratti wal qoccoluun garuu, waa'ee hin baasu, gatiis hin qabu; kanaafis irraa fagaadhu! Nama barsiisichaan mormee akka yaada isaatti cabsatu immoo, ala tokko, ala lamas erga gorsitee booddee dhiisi! Namni akkasii waan hundumaa irraa jal'atee cubbuu hojjechuu isaa, nama ofii isaatii ofitti farade ta'uu isaas beeki!(Tit 3:9-11).

Amantootni dubbii waaqaa kana hubachuu dhaban qoccollootti jiraatu. Waaqniyyuu garee isaanii ta'ee akka namoota miidhuuf waaqas daboo kadhatu. Raajii ni moota! Ni caalta! jedhu fa'a miindaan qacaratu. Namoota akkasii kanaaf, diinni isaanii seexana osoo hin taane, namuma akkasaaniiti. Egaa, amantootni gariin akkasitti waaqa amanatu. Hundeen amantoota akkasii Waaqayyoon lola daboo kadhachuudha. Raajiin isaan qacaratnis ni moota kan jedhu qofa ta'uu qaba. Yoo mo'uu dhaban ammoo raajii sana osoo hin taane waaqa komatu. Isa arrabsuuf afaan banatu. Namootni akkasitti waanuma waaqaa wajjin hariiroo qaban of se'anis ni jiru (Yoh16:1-3).

Egaa, namoota hariiroo gaarii waaqaa fi namaa wajjin hin qabne kun tarii jecha isa "fiinxaaaleeyyii" jedhan sanaan waan ibsuun danda'amu natti fakkaata. Finxaaaleeyyii warra amantaan da'atanii

siyaasa wayii daldalachuu fedhan sana jechuu kiyya. Eeyyen akkasuma! Osoo amantaaf kan yaadan ta'ee silaa dubbii waaqaatu isaan keessatti biqilee guddata. Ija godhatees irraa mullata ture. Garuu faallaa kanaa shororkeessummaatu irraa mul'ata.

Hubadhu! Fiinxaaleyyiin ani jechaa jiru kun isa dubbii waaqaan mormu malee isa mootummaa biyya lafaan mormu jechuu miti. Sanas ta'u garuu dubbiin Waaqayyoo Waaqni mootummaa biyya lafaas akka muudee buusu dubbata (Rom 13:1-2). Innumtuu waaqaaf dhiisuu nama gaafata jechuufani. Waaqayyotu yoo fedhe nama akka garaasaatii muuda. Kan hin feenes buusuuf isumatu aangoo qaba. Amantootni kanarratti jaalalli waaqaa akka raawwatu qofa kadhachuu qabu. Malee lolaaf oduu lolaa labsuun isaanirraa hin eegamu. Yoos hawwaasummaa gaariis qabaatu.

Hawaasummaa gaariin inni amantootni qabaachuu qaban isa abboommii waaqayyoo isaan cabsisiisu ta'uu hin qabu. Fknf atumti yoo hawaasummaa waaqayyo hin jaallanne uumte fiinxaaleyyii keessaa tokko ta'uu keeti. Kanaafuu, hawaasummaa

waaqni hin jaallannes akka jiru beeki. Hawaasummaa waaqayyo hin jaallanne uumuun fiinxaalessummaa kan biraati. Fiinxaaleyyii wajjin hariiroo uumnaan ati garee waaqayyoo miti. "Ifaaf dukkanni maal walittii qabaree?" kan jedhameefis kanumaafi. Raacitii warra Fariisotaa irraa of eeggadhu jechuunis sanumaan walqabata.

Ilaa dubbiin waaqayyoo akkas jedha. *"Isaan gara kee haa dhufan malee ati gara isaanii hin dhaqin jedha (Erm 15:19).* Kana jechuun afaan Waaqayyoo taatee dhugaa dubbii waaqaa jal'ootaaf ibsuu akka qabdu ibsa. "Gara isaanii hin dhaqin" jechuunis, hojii isaaniitti hin hirmaatin jechuudha malee dubbii waaqayyoo isaanitti hin lallabin jechuus akka hin taane hubadhu.

Kanaafuu, akka nama kiristoositti amanu tokkootti, hariiroon ati jal'oota kiristoosiin mormanii wajjin qabaachuu qabdu, dhugaa qofa barsiisuudha. Malee hawaasummaa gaarii uummuf jecha maaddii jallinaatti isaanii wajjin hiramaachuun hawwaasummaa gaarii miti. Dubbiin waaqayyoo akkas jedha. *"Ati dubbicha, kun yeeroodha, kun yeroo miti osoo hin jedhin nama hundumaatti lallabi "* jechuun dubbata. (2Xim4:2).

Maarree, wangeela lallabdee, dubbii waaqayyoon, isa dheekkamuu qabdu dheekkamtee, isa gorsuu qabdus gorsuun dhugaa hubachiisuu qabda. Kana hundumaa yeroo gootu garuu jaalalaan ta'uu qaba. Malee jibbi sirraa calaqqisuu hin qabu. Jibbi abbaa jibbaa biraa malee waaqayyo biraa miti waan ta'eef dheekkamuun kees jaalalaan ta'uu qaba. Hawwaasummaan ati qabaachuu qabdus kanuma. Amantiin kee jaalalaan yoo hin ibsamu ta'e dhugaan sikeessa hin jiru. Amantii hanga fedhe yoo qabaatteyyuu jaalala of keessaa hin qabdu taanaan ati qodaa qullaa isa sagalee dhageessisu qofa taatee beekamta. Kanaafuu, Amantii qofa osoo hin taane jaalalas qabaachuu keetu duuka buutuu kiristoos sitaasisa. Eeyyen akkasuma! Yoo akkas taate ambaasaaddara kiristoos ta'uun kees mirkanaa'a. Hawwaasummaa gaariin amantoota irraa barbaadamu isa kana.

Akkuma beekamu fiinxaaleyyii dubbii waaqaa warra ta'anirraa kan mul'atu hojii fooniiti. Hojiin foonii ammoo faallaa afuura qulqulluuti. Hojiin foonii ifaadha. Dhimmi hojii foonii kun daana'oo nama keessa dhokatee namichuma horsosseessu waan ta'eef irraa haa maqamuuf jecha bifa addaa addaan irra

deddeebinee dubbanna. Isaan ifatti beekamanis: albaadhummaa, weennoo, inaaffaa, qoccolloo, qoricha namatti hojechuu, hammina fa'i. Gocha foonii kanatti hirmaachuun hawaasummaa gaarii hin argamsiisu. Kanaaf, gocha akkasii irraa of qusadhu!

Namootni hojii fooniitti hirmaatan: lagaafi gandaan, akkasumas sanyii fi biyyaan wal filanii wal muudu; waliifis ho'u. Isaan akkasii kun ambaasaaddara seexanaati. Isaanirraa of eeggadhu!

Fiinxaaaleyyiin afuuraa waldaa keessattis isuma kan biyya lafaa sana calaqqisiisu. Sodaan waaqayyoo isaan keessaa hin jiru. Afaaniin waaqayyoof hojjenna jedhu. Kan isaanirraa mullatu garuu waan biraati. Isaan laphee keessa horma dhokfatanii irra keessaan nama waaqaa of fakkeessuu yaalu. Guyyaa dhumaa sanatti warri: "Nuti maqaa keen lallabnee, maqaa keen raajii dubbannee, seexana hin baafnee? yeroo isaan jedhan, gooftichimmoo badaa ani isin hin beeku!" kan isaaniin jedhu sun isaan kakkasiiti (Mat 7:22-23). Namootni akkasii kun mammaaksa amantii mammaakuu qofa jiruu godhatu (Tit 1:14). Waldaa keessatti bitanii gurguratu; ni daldalatu; waliin dha'anii ittiin duroomuuf tooftaa falatu. Isaanirraa of -eeggadhu!

BOQONNAA SADDEET

Ergaa Waldootaaf Ergame

Waaqayyo waldoota garaa garaaf ergaa ergeera. "Namni gurra qabu, isa hafuurri qulqulluun waldootaan jedhu haa dhaga'u!" jedha (Mul3:13).

Ilaa! Waldaa ishee jaalala of keessaa dhabdeen:

Ergichi, "Ani hojii kee beeka, wanta ati itti dadhabdu, obsaan danda'uu kees, namoota hamoota immoo calluma jettee akka ati hin dhiifne, warra ergamoota utuu hin ta'in 'Nuyi ergamoota' ofiin jedhan qortee ilaaltee sobduu ta'uu isaanii akka argites, ani beeka. Ati obsaan akka dandeessu, maqaa kootiif jettees akka baattu, kanas akka ati hin dadhabin ani beeka. Garuu jaalala isa dur qabda turte sana dhiisuu kee si irratti argadheera. Ammas maal irraa akka kufte yaadadhu! Yaada garaa kee geddaradhu, hojii isa dura hojjette sanas hojjedhu!..." jedha (Mul2:2-5).

Kunoo waldaa ishee utuu dhugaa labsituu har'iatamni itti baayyataa jiruun ammoo: *Ergichi, "Rakkina si irra ga'e, hiyyuma kee, hamaa sirratti dubbachuu warra Yihudoota utuu hin ta'in, Yihudoota ofiin jedhaniis ani beeka. Ati garuu soorressa; warri Yihudoota ofiin jedhan sun immoo walga'ii Seexanaa ti."* jedha (Mul 2:9). Rakkinni

sun hanga du'aatti yoo si mudateyyuu ati amanamii jiraadhus jedha.

Kunoo ammas waldaa ishee raajota sobduu of keessaatti kunuunsituun:

Ergichi, "Ani hojii kee, jaalala kee, amantii kee, warra kaan gargaaruudhaaf of kennuu kee, obsaan danda'uu kee, hojiin kee inni booddee kanaa immoo isa duraa irra caaluu isaas beeka. Garuu dubartii ishee 'Ani raajii dha' ofiin jettee barsiiftu, ishee hojjetoonni koos gaalamootummaatti akka jiraatan, qalma waaqayyolii tolfamaniif dhi'aate akka nyaataniif wallaalchisaa jirtu, calluma jettee dhiisuu kee kana si irratti argadheera. Ani yaada garaa ishee akka geddarattuuf yeroo kenneefiin ture; isheen garuu gaabbitee gaalamootummaa isheettii deebi'uu hin barbaanne. Kunoo, ani akka isheen dhukkubsattee siree irra ciiftu nan godha, warra ishee wajjin ejjan immoo gabbanii hojii ishee irraa yoo deebi'uu dhaabaatan, rakkina guddaa keessa isaan nan buusa'' jedha (Mul2:20-22).

Waldaa barsiisotni sobaa fi gaalamootonni keessa guutaniinis kunoo waaqayyo akkas jedha: -"Ammas yaada garaa kee geddaradhu! Kana yoo gochuu dhaabaatte garuu, ani dafee sitti nan dhufa."jedha.

Waldaa jireenya walmakaa jiraattuun:

Ergichi, "Ani hojii kee beeka; hojii kee keessatti ati buluqaa yookiis diilallaa'aa miti; ati buluqaa yookiis diilallaa'aa utuu taatee in wayya ture! Ati garuu bu'aa'aa dha; diilallaa'aa yookiis buluqaa waan ati hin ta'iniif, akka nama bishaan bu'aa'aa afaan isaa keessaa tufuutti, anis si tufuufan jira. "Atis, 'Ani sooressa, geessifadheera, wanti ana barbaachisus hin jiru' in jetta; ati nama gadadamaa namni boo'uufiin ta'u, deegaa, jaamaa, qullaas ta'uu kee hin beektu." jedha (Mul3:15-17). Itti fufees" yaada garaa kee geeddaradhu. Akka arguu dandeessutti qoricha narraa bitadhu!" jedha (Mul3:15-17).

Waldaa ishee hojii gooftaatti laaftee jirtuunis akkas jedha:"*Ani hojii kee beeka, maqaadhumaaf jiraataa dha jedhamtee waamamta, ati garuu du'aa dha. Ka'i, dammaqaas ta'i! Wanta hafee du'uuf jedhus jabeessi!*" Jedha (Mul3:1-2).

Waldaa ishee amanamtuu sanaan: -"Ergichi, Ani hojii kee beeka; ati humna xinnoo qabda, garuu dubbii koo eegdeetta, maqaa koos hin ganne. Kunoo, ani balbala banamaa fuula kee dura jiru, isa namni tokko illee cufuu hin dandeenye siif kenneera (Mul3:8) jedha. Ameen!

Nama amanamaaf waaqayyo balbala cufamaa bana. Barcuma ulfinaarra teessisa. Bakka hundatti furmaataaf akka barbaadamu isa taasisa. Kun ergaa kees haa ta'u! Ameen!

BOQONNAA SAGAL

ILAALCHA SAAYINSII FI KIRISTAANUMMAA

"Waaqayyo yommus dargaggoota arfan kanaaf beekumsa caaffatootaa fi ogummaa hundumaa, akkasumas hubannaa isaaniif kenne; Daani'el immoo mul'ataa fi abjuu hiikuuf kennaa argate." (Dan. 1:17).

Akkuma caqasa kanarraa hubatamuun danda'amutti beekumsa saayinsii (Caaffatootaa)fi hubannaa waan hundumaa waaqatu namaa kenna. Kiristaanotni dhugaan beekumsa saayinsiin hin morman. Kanaafuu, beekumsa waan hundumaa qabaachuun gaarii akka ta'e amanu. Garuu madaalanii, qoratani, hubatanii isa dhugaa ta'e fudhatanii ittiin jiraatu. Haala kanaan beekumsa saayinsii qabaachuun Waaqayyoon amanachuu wajjin walitti akka nama hin buufne hubanna.

Namootni dhoksaa waan hundaa beekan waanuma argeen hin gowwoman. Saayinsiin waaqaan mormu hin jiru jechuu miti. Garuu yoo saayinsiin waaqaan mormu jiraate, dhugaa ta'uu dhabuu isaa nama beekumsa waan hundaa qabatu madaalee hubata jechuudha malee. Kanaafuu, saayinsii hundi dhugaa miti.

Hundimmoo sobas hin ta'u. Isa kamtu kami jennee baruuf saayinsiima gadi fageenyaan hubachuu nugaafata.

Akka kitaaba qulqulluurraa hubannetti beekumsa saayinsii waaqatu namaa laata. Argitee! Beekumsa biyya lafaa kana akka hubatan kan nama dandeesise Waaqayyoodha. Ta'us garuu beekumsi namootaa hanga har'aatti kan Waaqayyoon hin gitne.

Namootni saayinsiin Waaqayyoon morma jedhan akka ragaatti ibsa saayinsii isa "Namni jaldeessarraa dhufe." jedhuu fa'a bu'uura godhatu. Haa ta'u malee, ibsi kun jalqaba namicha Darwin jedhamu irraa madde. Yaadni kun garuu ibsa ilaalcha dhuunfaati malee qorannoon kan mirkanaa'e miti. Yaada kana mirkaneessuuf qorannoon garaa garaas taasifameera. Qorannoon taasifamees sirna 'genetical mutation' jedhamuun ibsuuf yaalame. Kunis jijjiirama seelii tokko keessatti taasifamudha.

Seelii tokkicha keessatti yoo jijjiiramni sanyii taasifame lubbu qabeeyyiin tokko bocaa fi hanga akkasumas qaamaan bifa kan biraa uffachuu akka malu beektotni qorannoon mirkaneessanii

jiru. Kana jechuun qaamni xiqqoo ture tokko guddachuu akkasumas kan guddaa tures xiqqaachuu akka danda'u ibsa.

Egaa haaluma kanaan, namni jaldeessarraa dhufe jechuu yaalan. Haa ta'u malee, namootni, namni jaldeessarraa akka uumame amanan jaldeessumti namaraa akka uumame ammoo maaliif hin xiinxalle? Akkasitti xiinxaluu dhabuun jaraa kun dogoggoruu isaanii ibsa. Maarree silaa erga sababa jijjiirama 'jiinii' (genetical mutation) isa jedhan kanarraa kan ka'e jaldeessi nama ta'uu kan danda'ee ta'e, gama biraan namnis jaldeessatti jijjiiramuu danda'eera jechuudha.

Kanaafuu, namatu jaldeessarraa uumame moo jaldeessatu namarraa uumame? Gaaffii jedhuuf deebii quubsaan hin jiru.

Inni kan biraan, namootni saayinsiin morman duuchaamatti “Saayinsiin waaqayyo hin jiru.” jedha jedhanii saayinsii balaaleffatu. Kunis yaada dogoggoraati. Saayinsii isa kamtu Waaqayyo akka hin jirre mirkaneesse? Tarii namootni saayinsii baratan muraasni dhuunfaa isaaniitiin akkuma Darwin sana jiraachuu Waaqayyoo shakkuu malu. Kana jechuun tarii namni

tokko akka Waaqayyo jiru ni shakke malee jiraachuu dhabuu isaa waan mirkaneesse hin qabu. Kanaafuu, namootatu shakkii qabu ibsate malee saayinsiin Waaqayyoo akka hin jirre ragaa quubsaan mirkaneesse hin jiru.

Gama biraan beekumsa saayinsiin waantota hedduutu furame. Ammas furamaa jira. Gama kanaan saayintistootni argannoo isaan argatan irra jireessaan sirna uumamaa qoratanii hubachuun kalaqan malee waan haaraa uuman jechuu miti. Sagaleen waaqayyoos kan ibsu wanti amma jiru duruma kan ture ta'uu isaati. Malee waanti haaraan hin jiru. Waan haaraa kan uumu waaqa qofa. Namni afuura waaqaa of keessaa qabus dandeettii danuu argata. (Far 82:6; Dani'el 5:11).

Haaluma wal fakkaatuun, yeroo ammaa saayintistootni adeemsa sirna wal hormaata lubbu qabeeyyii kan waaqni duruma uume qorachuun hubannoo ga'aa argatanii jiru. Kunis sirna ittiin namni seelii tokkorraa gadameessa keessatti uumamee, dhalatee, guddatu qoratanii hubachuu dabalata. Sirna kanas saayintistootni qoratanii hubatan malee nama uumuu hin dandeenye. Nama dhiifnaan seelii tokkoyyuu uumuu hin

dandeenye. Egaa kun Waaqayyoo hin jiru nama jechisiisaaree? Matumaa! Kun jiraachuu Waaqayyoo daran namaaf mirkaneessa malee. Akka isa jejatan nama taasisa.

Kitaaba Qulqulluu keessatti Daawit akkas jedhee Waaqayyoon jejata.

Ani gara bantiiwwan waaqa keetii warra harka keetiin hojjetamanii, gara ji'aa fi urjoota warra ati dhaabdee yeroon ilaalu, "Ati akka isa yaadattuuf namni maali? Ati akka isaaf dhimmituufis ilmi namaa maali?" jedhee nan gaafadha. Yaa Waaqayyoo, kana keessaa immoo, xinnoodhuma ofii keetii gad isa goote, gonfoo guddinaa fi ulfinaa mataa isaa irra keesse; hojii harka keetii hundumaa irratti isa moosifte, wanta hundumaas miillan isaa jala galchite. (Far 8:3-6).

Anis gaafan waa'ee samii kanaa yaadu akkasuman jedha. Anaaf beekumsa saayinsii keessaa kan qorannoo hawaa caale hin jiru. Beekumsi qorannoo hawaa namni waan hunda akka hubatuuf carraa bana. Gama biraan hawaa isa waaqni uume kana qoratani guddina isaa tilmaamuun guddina waaqaa daran nama xiinxalchiisa. Egaa waaqni samii (hawaa) fi waantota achi keesaa jiran kan uume karaa Yesuus akka ta'e sagaleen waaqayyoo nuuf

ibsa. Kunis maalummaa Yesuus kiristoos daran guddisee namatti mul'isa (Qol1:15-17). Namootni kana hin beekne Yesuusiin namichuma ollaa isaanii jirutti fakkeessanii hubatu.

Namni hundi osoo waa'ee hawaa kana qoratee silaa waaqa kana daran guddisanii hubatu.

Saayintistootni hawaa qoratan hawaan (Samiin) kun jalqabaafi dhuma akka hin qabne himu. Dhuguma guddinni hawaa kun ajaa'iba⁽¹⁹⁾. Waaqni hawaa uume kun ammoo hagam nama haa dhiburee?

Lafti nuti irra jiraannu hawaa kana keessaa bakka tokko jirti. Hawaa kana keessa waantotni jiran gaalaaksiin qoqqoodamu. Yoo xiqqaate gaalaaksota bilyoona 10 oltu hawaa keessa jira. Gaalaaksiin tokkichi ammoo urjoota miliyoona hanga bilooyoonaan lakkaawaman of keessaa qaba. Lafti galaaksii Milkiweey jedhamu keessatti argamti. Gaalaaksiin Miilkwey jedhamu kun urjoota miliyoona 100 olitti lakka'aman of keessaa qaba. Achi keessaa kan lafatti dhiyoo jiru urjii aduu jedhamtu

kan ifa nuuf laattuudha. Aduu kanatti pilaanitoota sagaltu marsee argama. Achi keessaa lafti ishee tokkodha.

Guddinni aduu fi lafaa yoo wal biratti ilaalaman aduun lafa kana si'a miliyoona 3.2 caalti. Urjoota keessaa aduun waan lafatti dhiyaattuuf guddaa fakkaattee nutti mullatti⁽²⁰⁾. Garuu urjootni aduu harka baayyee caalan danuutu hawaa keessa jiru. Ta'us garuu sababa lafarraa hedduu fagaataniif jecha xixiqqoo fakkaatanii mullatu. Ta'us garuu kanneen aduutti si'a biliyoona caalu guddatan danuudha.

Egaa gabaabumatti, uumamni Waaqaa kun guddina ajaa'ibsiisoo ta'an qabu. Waaqni isaaniin uume ammoo hagam isaan caalaa guddaadha? Daawwit kanaaf, waaqaan, "Ati akka isa yaadattuuf namni maali?" jedha. Dhuguma nama bal'isee ilaalutu waaqa jejata. Ooh! Dhuguma Waaqayyo guddaa guddaa caaludha⁽²¹⁾!

Egaa yoo namootni hawaa qorachuuf hawaa irra bakka tokko qubatan, kun nama hin raaju. Waaqayyo hin jirus nama hin jechisiisu. Qorannoon hawaa jiraachuu Waaqayyoo yoo

mirkaneesse malee hin jiru nama hin jechisiisu. Garuu guddinni isaa isa namootni hubataniin olidha.

Gariin namootaa waaqa guddaa kana mootiima biyya bulchu woyii tokkotti fakkeessanii hubatu. Kanatu dogoggora. Beekumsa qabaachuun ammoo dogoggora akkasii kanafaa maqsuuf nama fayyada.

Waaqayyo nama waa hubatu barbaada. Yesuus gaaf tokko akkas jedhee namootatti dubbate. "*Ani waan baay'ee kanan isinitti himu illee qaba, ammaaf garuu baachuu hin dandeessan.*" jedhee ture (Yoh 16:12). Sammuu namaatu hubachuu dhaba malee Waaqayyo namoota waan barsiisu fedhu danuu qaba ture. Sana keessaa namootni ammayyuu waan hedduu hin hubatin jiru.

Dubbiin waaqayyoo akkas jedha. "*Garaa kee guutuu Waaqayyoon amanadhu, hubannaa ofii keetiitti hin hirkatin! Karaa kee hundumaatti isa yaadi, innis daandii kee siif in qajeelcha* (Fak 3:5-6)." jedha.

Kun kan ibsu namni Waaqayyoon garaa guutuu amanachuu akka qabudha. Gaafa namni Waaqayyoon garaa guutuu amanatu

Waaqayyo ammoo daandii namaaf qajeelcha. Dhugaa hundumaas nama hubachiisa.

Yeroo baayyee namootni amantaa keessa jiran saayinsii ni balaaleffatu. Garuu saayinsii isa dhugaa akka hubatan kan namoota barsiise Waaqayyoodha. Isa soba ta'e ammoo dhugaa ta'uu akka hubatanis namoota kan dandeessisu isuma. Namoota muraasatu saayinsii isa soba barsiisuun dogoggora. Sobni Waaqayyo biraa osoo hin taane abbaa sobaa biraa dhufe.

Namoota Waaqayyo hin jiru jedhanii barsiisan seexanatu dogoggorse. Kanaafuu, warri saayinsii waaqayyo hin jiru jedhu sana amanan keessaa gariin beekumsa dhabuun dogoggoran. Gariin ammoo seexanaan dogoggorfaman. Dogoggora kanarraa of qusachuuf namni jiraachuu Waaqayyoo amanachuu qaba. Warri amananis jiraachuu Waaqayyoo kana sirriitti hubachuu qabu. Osoo kana hin hubatin namootni duuchaamatti waaqayyo jira jechuun namoota barsiisanis gaaffii namoota warra hin jiru jedhan sanaa sirriitti deebisuu qabu. Isaanis yoo Waaqayyoon garaa guutuu amanatan qofa hubannaa gama hundumaa jiru

hubatu. Ergasii booda jiraachuu Waaqayyoo warra shakkaniif ibsu.

Ani akka dhuunfaa kiyyaatti yeroon saayinsii isa Waaqayyo hin jiru jedhu kana hordofaa ture, hedduun dogoggore. Kunis sababa yeroo saayinsiin jiraachuu dhabuu Waaqayyoo irratti ragaa wayii ibsuu yaalu, warri amantaa nabarsiisaa turan ammoo Waaqayyo akka jiru hubannoo ga'aa ta'een na barsiisuu dhabaniif ture. Isaan duuchaamatti saayinsii jibbuu malee namootni saayinsii hordofan maaliif akka Waaqayyo hin jiru jedhanis hin hubatan. Duuchaamatti jalloota akka ta'an himu.

Namootni amantaa barsiisan baayyeen isaanii cubbuu namatti farajuu qofa akka jiruu godhatan ani yeroo sanan hubadhe. Yoo namni gaaffii saayinsii gaafate namni deebisu muraasa. Irra jireessaan nama gaaffii sana isaan gaafatutti jallina faradu. Yoo danda'ame ammoo waldaa keessaa hari'u. Ani kanan kana taajjabe yeroon dogoggoree ture sanaadha.

Amma garuu Waaqayyo ofiima isaan dhugaa naaf ibsee jira. Afuurri Waaqayyoo gaaffii ani silaa barsiisota amantaa irraa

argachuu qabu ture amma naaf ibsee jira. Amma kanaafan, akka Waaqayyo jiru sirriitti hubadhe. Dura garuu kitaabota Waaqayyo hin jiru nama jechisiisan hedduu katabeen ture. Keessumaa kitaabni tokko falmii waa'ee jiraachuu fi dhabuu Waaqayyoo kana irratti xiyyeeffata. Namootni isa dubbisan ilaalchi kiyya kan yeroo sanaa "waaqayyo hin jiru" kan jedhu akka ture hubatu. Kanaaf jecha, ergan jiraachuu Waaqayyoo amanuu eegalee kaasanii namootni danuun waaqayyo jiramoo hin jiru jedhanii karaa garagaraa nagaafachaa turan. Anis akka armaan gadiittan mata duree "Waaqayyo Jira" jedhuun fuula 'facebook' kiyya irratti maxxansee ture:

"WAAQAYYO JIRA!"

"Waaqayyo jiramoo hin jiru?" kan jedhu kitaaba "Falmii Dhugaa" jedhu keessatti katabeen ture. Maarree namootni hedduunis kanaaf jecha "siif waaqni jira moo hin jiru?" jedhanii nagaafachaa turan. Deebiin koo kunooti.

Waaqni namoota hunda (~ biliyoona 7.5) uume ni jira. Eeyyen isuma qofatu jira. Inni waaqa Arabaa ykn ammoo kan Israa'e qofa miti. Abbaa nama hundumaati malee. Namootni garuu dhugaa kana dabsanii

Amantii Dhugaa@2025 Amaanu'el Oljirraa Fuula 200

waaqota ~4200 ol uummatanii jiru. Maal kana qofa, seera ofii tumanis kan waaqaatti fakkeessaniitu namoota barsiisu. Ta'us garuu isaanuma keessaa kan dhugaa barsiisan muraasnis jiru. Namootni hedduun garuu waanuma isaaniifuu ifa hin taane barsiisu. Ifa ta'uu dhabuun ammoo hubannaa dhabuu irraa dhalata. Namni hubannaa hin qabne akkamitti nama barsiisa? Silaa jiraachuu waaqaa kana nama hubannoo gadi fagoo qabutu hubatee namootas hubachiisa. Amma garuu faallaa kanaati.

Baayyeen barsiisota amantaa warra barumsa saayinsii ajeeffataniidha. Gariinsaanii ammoo warra barumsicha kufaniidha. Isaan kufaatiin tokkoffaa ba'an kanatu amantaa barsiisee namoota burjaajessa. Isaanumatu jiraachuu waaqayyoos namootni akka shakkan taasisa. Kanaaf namootni hedduun dhugaa hubachuu dhaban. Egaa kunoo akkasitti dhalootni nama dhugaa isa barsiisu dhaba badee barbaacha dhabaa jira. Isaan barumsa kuffisu malee isa lafaa nama kaasu hin barsiisan. Duuchaamatti "Jaalala" jecha jedhu faa maqaa waamuu malee jaalalli maal akka ta'e namootatti hin agarsiisan. Kanatu dhugaan isaan keessa akka hin jirres mullisa. Kanumaaf dhugaas jal'isu. Waaqni jira jechuu malee waaqni jiru sun isa kam akka ta'e ofiiyyuu hin hubanne. Isaanoo Yesuus rakkoo akkasii kana furuuf akka nama ta'ee dhalate dagataniiru. Yesuus kiristoos isa waaqaaf lafa kana uumeedha. (Qol 1:15-17). Inni ofii uumaa ta'ee osoo jiruu maaliif nama

ta'ee dhalachuun isa barbaachise? Sababa namootni amantaa dogoggoraan barsiisaa turaniif jecha dhugaa barsiisuu kan dhufe ta'uusaa hubanna. Namootni dhugaa kana haalan garuu isa fannisan. Namootni sun warruma waaqatti ammannaa jedhan turan. Isaanumatu isa ajjeesuuf daboo yaa'e. Ta'us garuu dhugaan hin du'u. Kanaaf du'a mo'ee ka'e. Yesuus dhugaadha. Dhugaan ilmoo waaqaati. Yesuus dhugaa barsiisaa ture. Kanumaaf cubbamoota dhagaan dha'anii ajjeesuurra barsiisanii qajeelchuus namoota barsiisaa ture. Silaa har'as barsiisotni amantaa dhugaa kana barsiisuu qabu turan. Isaan garuu isa dagatanii kunoo mammaaksa amantaa qofa jiruu godhatan (2xim 4:4-5). Egaa eenyu haa mirkaneessuree waaqni gaariin akka jiru? Maalumaafuu waaqni dhugaan tokko jira (Yoh 17:3). Isatti amanuu qofatu furmaata. Barsiisota sobaatu isa golginaan namootni danuun isa hubatanii itti amanuu dhabaniif malee.

Falli maaliree? Barsiisa barsiisota sobaatiin goyyomuu irraa of qusachuudha. "Egaa nuyi si'achi ijoollee dha'aan asii fi achi rukutu, warra qilleensa barsiisa namoota axaarotaatiin, haxxummaa isaanii isa gowwoomsaadhaan raawwatamuunis fudhataman hin taanu" (Efeson 4:14). Eebbifamaa" kan jedhu ture.

Egaa namni kana dubbisee danuudha. Dubbicha kan hubate garuu ija lama. Kan ija haariin ilaales hin dhabamu. Kaayyoon koo garuu namoota akkuma koo gufatanii daandiirraa maqaniif dhugaa ba'uudha. Namni itti amane tokkos ta'u lama anaaf bu'aadha. Tarii nama dhugaa kana himuu kiyyaaf natti mufateenis dhiifaman jedha. Waalumaagala ani hubannaa fi mudannoo kiyyan hime.

BOQONNAA KUDHAN

GUDUNFAA

Addunyaa kanarra gosoota amantaalee baayyinaan 4200 ol ta'antu jira. Gosoota amantaalee addaunyaarra jiran kanas garee gurguddoo lama jalaatti qoodanii ilaaluun ni danda'ama. Isaanis, garee amantaalee duudhaa fi kan ammaayyaati. Amantaaleen duudhaa biyyoota hedduu keessatti argamu. Fknf, kan biyya Itoophiyaa keessatti hedduminaan beekamu keessaa Amantaan Waaqeffannaa Oromoo kan jalqabaati. Akka ibsa amantaa kanaatti Waaqayyo waan hunda bishaan ganamaa kan walaabu jedhamurraa uume. Waaqni waantota uume kana hundumaas guyyaa 27 keesaatti akka xumuretu ibsama. Haaluma kanaan akka ibsa amantaa Waaqeffanna Oromootti waantotni amantaalee ammayyaa keessatti ibsamanii jiran danuutu addaa addummaa qaba. Kanaafuu, waaqani Oromoo Waaqa amantaa kan biraa irraa adda ta'uu isaa hubanna. Kunis akka falaasama Oromootti ilaalama.

Garee amantaalee ammayyaa keessaas ammoo amantaan Kiristaanummaa fi Isilaamummaa warra ijoo dubbii keenyaa taa'an turan. Isaan kun lamaan Amantaa Abrihaam jechuun garee walfakkeenya qaban ta'anii beekamu. Garuu garaa garummaa ilaalchaa danuu qabu. Kunis falaasama dhuunfaa dhuunfaa isaaniin kan ibsamu ta'uu dabalata. Isa dhugaa ta'e garuu nama gadi fageessee ilaale qofatu adda baafata.

Bu'uurri amantaa Abrihaam kunis jalqaba amantaa duudhaa kan Yihudootaa (Yihudiizimii) irraa kan maddeedha. Jalqaba Kiristaanummaatu amantaa kanarraa addaan ba'e. Kunis irra jireessaan Kiristoositti amanuu dhabuu Yihudootaa irraan kan ka'e ta'uu isaati. Namootni Kiristoositti amanan garuu kitaaba Yihudiizimii biratti barsiisaa Kiristoos dabaluun kitaaba kan biraa Amanuu eegalan. Kanumaan Amantiin Kiristaanummaas jalqaba amantaa Yihuudiizimii irraa foxxoqe. Turtii booda ammoo Kiristaanummaanis bakka hedduutti addaan fofoxxoqe. Kunis sababa garaa garaan akka uumame gadifageenyaan kitaaba kana keessatti kaafnee ilaaluun keenya ni yaadatama. Haaluma wal fakkaatuun Isilaamummaanis sababa shakkiifi

muffii Mohaammed barsiisa amantaa kiristaanummaa irratti qaburraan kan ka'e uumamuu akka danda'es ragaa danuun mirkaneeffachuu yaallee turre. Garaa garummaa kitaabota amantaalee kanneen akka: Kitaaba Qulqulluu kirsitaanotaa fi Quraanaa, akkasumas Hadiisa bal'inaan ilaalleerra. Kunis wal mormii fi fakkeenyummaa isaan gidduu jiru irratti kan xiyyeeffatu ture.

Haaluma kanaan ilaalcha saayinsii ilaaluufis dirqamne. Falaasamni saayinsii keessa jiru amantaa keessas akka guute fakkeenya garaa garaan ilaalaa turre. Akkuma falaasamni saayinsii muraasni dhugaa ta'uu malu, ilaalchi amantaalees baayyeen isaanii soba akka ta'uu malan ragaa garaa garaan ibsamee jira.

Amantaa dhugaan isa barsiisa kiristoos hordofu qofa akka ta'e namni kitaaba kana dubbise hubachuu mala. Adeemsa kitaabotni ittiin gulaalaman dhugummaa kitaabolee amantaa ija shakkiin kan nama ilaalchisu ta'us garuu namni Kiristoositti amanu barsiisa kiristoos addaan baafatee beekuu danda'a. Kanas Afuura Qulqulluun adda baafata. Akkasitti waanuma katabamee

jiru keessaa dubbii kiristoos isa kam akka ta'e addaan baafata. Kanaafuu, namni amantii dhugaa isa kan kiristoos amanu barsiisa kitaabolee keessaa dubbii Kiristoos Afuura Qulqulluun hubata.

Namni amantaa bu'aa qabutti amanu bu'aa danuu qaba. Namni bakka hundatti furmaataaf barbaadamus isuma. Eebba gama hundaan kan eebbifamus isuma. Namni Kiristoositti amanu bu'aa malee kasaaraa hin qabu. Jaalala qaba; Fayyaan eebbifamaadha; Qabeenyaan eebbifamaadha; Beekumsaa fi Oogummaa garaa garaanis eebbifamaadha. Namni Kiristoosiin amanu humna Kiristoos isaaf kennuun waanuma hunda gochuu danda'a. Kanaafuu, bu'aa gama hundaan jiru argachuuf Kiristoos qofatti amanuutu furmaata. Barsiifni dubbii Kiristoosiin mormu dadhabbii malee bu'aa hin qabu.

Waldoota amantaaf Kiristoos akkuma akka hojii isaaniitti ergaa ergeera. Namni gurra qabu ammoo isa inni waldoota turban sanaan jedhu dhaga'a (Mul 2:7,11,17,29; Mul 3:6,13,22).

Namni Kiristoositti amanu dubbii Kiristoos keessatti of argee of hubata. Isumaan raacitii warra dubbii Kiristoosiin mormanii irraas of eeggata. Kanumaan jireenya mudaa hin qabnes jiraata. Namootnis kanumaan akka inni bartuu Kiristoos ta'e hubatu.

Walumaa gala amantaan bu'aa qabu isa barsiisa kiristoosiin hordofu sana qofadha. Eeyyen! Barsiifni kiristoos namni Waaqas namas garaa guutuun akka jaallachuu qabudha. Abboommiin hundis kanuma bu'uura godhata. Namni dubbii kiristoos isa kan namaarraas kanumaan gargar baafata. Barsiifni isa kanaan mormu soba ta'uu akka hin oolles hubata. Eeyyen! Namni waaqa dhugaa waaqessu garaa guutuun isa jaallata. Namni kan adabamus ta'e kan badhaafamu hojii harkasaatiin akka ta'e hubata (Gal 6:7).

BOQONNAA KUDHA TOKKO

DHUGA BAATII BARREESSAA

11.1. Eenyummaa Barreessaa

Ani barreessaan kitaaba kanaa Amaanu’el Oljirraa Duuloon jedhama. Abbaa koo obbo Oljirraa Duuloo fi haadha koo aadde Shaashituu Gudduu irraa bara 1992 ALA (1985A.L.H)? ttin dhaladhe. Kanan dhaladhee guddadhe godina wallagga lixaa, aanaa Mana Sibuu, magaalaa Mandiitti. Achumattan barnoota koo hanga kutaa 12^{ffaa}tti baradhe.

Osoon ijoollummaan jiruu abbaa koo du’aan dhabuu iraan kan ka’e gargaarsi abbaan koo naaf taasisuu qabu najalaa danqamus, jajjabinaa fi gargaarsa haati koo bu’aa ba’ii rakkoo jireenyaa baayyee ulfaataa ture sana dandamattee na gargaaraa turteenan barachaa guddadhe.

Yeroo sana haalli mijataan dhibamus, kaayyoon koo barnoota cimee baradhee hiyyummaa sana hundeen buqqisuuf ture. Kanaafuu ejjennoon ani barnootaaf qabu baayyee jabaa ture. Danqaa danuun jiraatus, yoon baradhen godoo rakkinna kana maatiikoorraa diiguu danda'a ejjennoo jedhuunan beelaaf dheebuu hunda danda'ee barnoota kootti cichee barachaa ture. Gargaarsi waaqayyoo naa wajjin waan tureefis, barnoota kiyarratti dorgomaa cimaan ture. kutaa 1^{ffaa} hanga 12^{ffaatti}, sadarkaan 1^{ffaa} ba'aan ture.

Haaluma kanaan bornoota koo kutaa 1^{ffaa} hanga 8^{ffaa} tti mana barumsaa Mandii 02(Dirree Xiyyaaraa) ttan baradhe. Qormaaata xumura barnoota sadarkaa 1ffaatti kennamuun bara 2008 ALA (2000 A.L.H) tti qormaata kutaa 8^{ffaa} qabxii giddu galeessaa (79) fi percentile (99.7) galmeessuun gara kutaa 9^{ffaa} mana barumsaa sadarkaa lammaffaa Mana Sibuu darbe. Achittis turtii barnoota koo kan kutaa 9ffaa hanga 10ffaatti taasisaa tureen barattoota daree qofa osoo hin taane kan walii gala mana barumsichaa (whole class) irrattis qabxii olaanaa galmeessuun badhaafamaan ture. Bara 2010(2002) qormaata biyyaalessaa kutaa 10ffaas qabxii

4/4 galmeessuun gara mana barumsaa qophaa'inaatti darbe. Achittis haaluma wal fakkaatuun qabxii qormaata daree keessatti kennamuun sadarkaa 1^{ffaa} ba'aan ture.

Haaluma kanaan bara 2012(2004 A.L.H) tti qormaata seensa Yuunversitii kan kutaa 12^{ffaa} qabxii ga'aa galmeessuun carraa Yuniversiitii seenee barachuus argadhe. Sana boda filannoo kiyarratti hundaa'uun Yuuniversiitii Haramaayaatti barnoota saayinsii fayyaa akkan baradhuuf carraa naa kennameen bara 2012/2005 gara magaalaa Hararitti imale.

Achittis turtii waggaa afurii booda akkuma barama qabxii ol aanaa galmeessuun sadarkaa badhaasaan (distinction) digirii koo jalqabaa oogummaa fayyaatiin Adoolessa 9,2016/2008 tti Yuunversitii Haramaayyaa irraa eebbifame. Battaluma sanas Yuuniversiitichatti barsiisaa ta'ee akkan hafuufis carraan naaf kenname.

Sana boodas turtii waggaa tokkoo booda achuma Yuuniversiitii Haramaayaatti carraa barnootaa digirii lammaffaa argadhee

barnoota itti fufuun, digirii lammataas sadarkaa baay'ee olaanaa (great distinction) ta'een, Adoolessa 6, 2019/2011tti eebbifame.

Bara 2020/2012 irraa kaasee hanga 2022/2014tti achuma Yuniversiitii Haramaayaatti barsiisaa (Lecturer) ta'een tajaajilaa ture. Bara 2023/2015 irraa kaasee garuu gara Yuniversiitii Asoosaatti jijjiirradheen achii barsiisaa jira. Ani yeroo sana akka fedha kiyyaatti maatii kiyyatti siqee jiraachuufan bakka hojii kootii jijjiirradhe. Amma gaafan xiinxalu garuu karoorichi kan waaqayyoo akkanni turen hubadhe. Walumaa gala ani yeroo amma kana Yuuniversiitii Asoosaa keessatti barsiisaa saayinsii muummee fayyaa ta'uunan tajaajilaa jira.

11.2. Seenaa Amantaa Barreessaa

Dhimma amantaa irratti mudannoo hedduun qaba. Ani daa'imummaa kiyyaan maatii kiyyaa wajjin waldaa Ortodoksiin deeman ture. Gaafan guddadhee xiqqoo waa xiixaluu eegalu garuu obboleessa kiyya faana waldaa guutuu wangeelaan hordofa ture. Kunis tilmaamaan yeroon umurii naannoo waggaa 10 ta'u irraa kaasee natti fakkaata. Yeroon naannoo waggaa 12 ta'u irraa kaasee garuu ijoollummaatti araada garaa garaa tuttuquun eegale. Waldaa deemuus achumaa eegaleen addaan kute. Sana booda turtii waggaa 4 booda ammas araada sana hundumaa addaan kuteen gara waldaa guutuu wangeelaa kan magaalaa Mandii jiruttu deebi'e. Yeroo sanaa eegalee amantaas barnootas cichoominaan hordofaan ture. Barnoota amantii cimsuu/fayyinaas yeruma sanan baradhee cuuphame. Itti fufees barumsa tajaajilaa baradhee xumuree tajaajilaan ture.

Yeroo jalqabaa sana irra jireessaan faarfannaanan tajaajilaa ture. Tajaajila faarfannaa kanas gurmuun (Choir), Waaqaeffachiisuun fi qofaa (solo) n waldaa guutuu wangeelaa Mandii tajaajilaan

ture. Darbee darbee garuu sagantaa xixiqqoo irratti wangeelaanis nan tajaajila. Yeroo sana keessa koo kan guutu garuu utuun wangeela lallabeen jaalladha ture. Wangelas akkuma kitaaba barnootaa sana dubbisuun jaalladha ture.

Osooma kanaan jiruu barnoota yuniversiitiif gara Magaalaa Harariitti ilamale. Achittis faarfannaan tajaajiluu kanan itti fufee ture ta'us garuu irra jireessaan wangeela lallabuunan barattoota waldaa FOCUS Ministry afaan Oromoo Harar jiru tajaajila ture. Kun kan tahe bara 2005 A.L.A tti. Akkuma kana waggaa lammataas (Bara 2006) tti, keessumaa semisteera jalqabaa, humna adda ta'een waaqayyo nagargaaree waldaa sana keessatti barattoota tajaajilaan ture. Sanaan alattis galgala galgala yeroo hundumaa doormii barattootaa deemeen yoo xiqqaate nama tokkootti wangeela dhugaa ba'an ture. Namootan yeroo sana dhugaa ba'aafii ture keessaa barattoota kanneen amantaa: Ortoodoksii, Hawaariyaatii(ergamoota), Joovaa fi Musliimota hordofan ture. Isaan kana bira darabee darabeen deemeen wangeela dhugaa ba'aafii ture. Haaluma kanaan osoon jiruu namoota magaalaa Harariin ala jiran biraanis wangeelli akka

ga'uu qabuuf hoggantootni waldaa barattootaa fi dhaabbata ergama lallaba wangeelaa (Harar Evangelism) wajjin walii galan. Kanumaan dhimmicha irratti namoota muraasaa wajjin leenjii fudhachuu eegalle. Sana booda xumura semisteeraa (yeroo boqonnaa) keessatti gara magaalaa Ciiraa fi Mi'eessoo deemuun torban tokkoof wangeela dhugaa ba'aa turre. Yeroon sun yeroo itti namootni danuun wangeela dhaga'an kan ture ta'us anaaf garuu akkan mucucaadhee kufuuf karaa kan saaqe ture.

Turtii keenya sana keessatti namoota garaa garaatu numudate. Gariin kan yaada mormii fudhatee nuun mormu yoo ta'u, gariin ammoo yaada mormii osoo hin dhiyeeffatin nuloluuf nutti kan aggaamu ture. Gariin mana adabaatti nu hidhee nu hiika. Gariin ammoo nutti daadhata ture. Nuti garuu hunduma isaaniif fuchuma carraa arganneen wangeela dhugaa ba'uu malee badii tokkollee hin balleessine. Dubbii isaan mufachiisus hin dubbanne. Yeroo isaan nadoorsisuu fedhan ani akkas jedheetan dubbadhan ture: "Isin maaliif natti mufattu? Ani obboleessi keesaan yoon wallaalummaa kiyyaan abidda bara baraa keessatti gubadhe isin ni jaallattuuree? Kanaafuu kottaa akkas goonaa!

Ani kan kiyyan isinitti hima isin ammoo kan keessan natti himaa!
isa booda yoo kan keessan sirrii ta'e ani isan amanaa" jedheetan
dubadhan ture.

Kun osooma kanaan jiruu guyyaa tokko nu hiisisuuf mana dura
ta'aa gandaa tokkotti nugeessan. Achittis gaafa inni nagaafatu
akkuma armaan olii kana jedheen wangeela keessaa bakkan
lallabuu fedhu itti lallabe. Isaan ammoo darabee isaanii sheeka
akkuma kiyya dargagummaa keessa jiru tokko wajjin akka wal
morminu nutti fidan. Kanumaan wal falmuu eegalle.

Waan nama ajaa'ibu gurbaan sun waanta ani kana dura hin
beekne danuu natti himuu eegale. Waantota inni kaasee natti
hima ture yeroos anaaf haaraadha. Hubannoo fi odeeffannoo
akkasii tasuma hin qabun ture. Namni nabarsiises hin turre. Ani
yeroos kanuman beekurraa ka'eetan waanuman waan hunda
hubadhes natti fakkaata ture. Gaaffii ani deebisuu hin dandeenye
gaafatamuun mala kan jedhus tasuma hin shakkun ture. Garuu
gaafa sana yeroo Sheekni sun Kitaaba Qulqulluu fi Quraana wal
bira qabee natti himu ofin tuffadhe, Maal jechuu akkan qabun
wallaale. Ani garuu beekumsa wangeelaa malee kan Quraanaa

hoomaayyuu hin qabun ture. Sana booda ati Kiristaana turteeyii? jedheen isa gaafadhe. Jennaan “lakki ana osoo hin taane nama kana dura Kiristaana ture garuu amma Islaama ta'en hordofa. Namni kun 'Dr. Zaakir Naayik' jedhama. Atis yoo feete isa hordofuu dandeessa” naan jedheetu, anis akkan nama sana hordofuuf madda naaf eere. Sana booda maqaa fi madda qabadheetuman falmii keenya guyyaa kan biraa itti fufna, jedheen itti dubadhe. Innis tole naan jedheetuma yoo daftanii magaalaa kana keessaa baatan malee namootni isin miidhuu malu jedheetu jaalala obbolummaan nugorse. Nutis tole jennee deemne. Ani garuu ergasii booda osoon beekumsa Quraanaa hin horatin lammata akkan namatti dhugaa ba'uu hin qabne of keessatti dubbadheen of amansiise. Kanumaanan Namicha Dr. Zaakir Naayik jedhamu sanas toora ‘interneetii’ irraa hordofuu eegale. Sunimmo ittumaa akkan Kitaaba Qulqulluu ija shakkiin ilaalus nataasisuu eegale. Dubbii namichi dubbatu nama akka koo xubbee tureef baayyee rakkisaadha. Egaa akksittan kiristaanummaa addaan kutee Amantaa kanneen biroos qorachuu murteesse.

Kanumarraa ka'een waggaa tokkoof Waaqeffannaa Oromoo qorachuu murteesse. Mana waaqeffannaa Oromoo isa barattootni Yuunivarsiitii Haramaayyaa mooraaa guddaa bakka Baatee jedhamutti hundeesaan sanatti deddeebi'een hordofaa ture. Haaluma kanaan turtii waggaa tokkoo booda amantaa Islaamummaas miseensummaa guuteen barachuu eegale.

Yeroo gara jalqabaa sana namoota waldaa kiristaanaa hordofanii wajjin fuulaa fuulatti mormii jabaa geggeessuun eegale. Sababa mufannaa ani Amantaa Kiristaanummaa irraa qabus ibsachaan ture.

Haa ta'u malee haguman kitaabaa fi barumsa amantichaa qorachaa dhufeen waantotni hedduun gaaffii gurguddaa sammuu kootti uumuu jalqaban. Waantota gaaffii natti uumuu eegalan keessaa tokko waa'ee "Qadaa walqadir" isa jedhamuuti(22, 23). Kunis amantaa isa waanti hamaanis waanti gaariinis jalqaba gaafa dhalatan irraa kaasee waaqaan namatti murteeffama jedhu sanaadha. Kana jechuun, namootni jannaata galuu qaban jalqabuma osoo hin dhalatin dursa rabbiin kan murtaa'ee jiru ta'uu ibsa. Inni kan biraan ammo isa Rabbi nama

adabuuf yeroo hundumaa waan ati dalagdu galmeessaa oolu sanadha. Fknf yoo ati dubartii tokko harkaan qabdee nagaa gaafatte adabbiin isaa cimaa ta'uu dubbata. Barsiifni akkanaa kun danuutu gaaffii natti uumuu eegale. Osooman kanaan jiruu sababa an humnaa ol jimaa qama'uu eegaleef samuun kiyya nagaa dur qabu dhabuu eegale. Jimaa kanas intala tokko kan yeroo sana sababa an musiliima ta'eef jecha walbarree wajjinan qamaa'a. Ishee wajjin yeroo an barumsa kiyya waggaa sadaffaa xumuree gara afuraffaatti darbuuf jedhu jala walbarre. Hangan barumsa waggaa afuraffaa baradhee xumuree eebbifamuttis magaalaa harar keessa walumaan mana kireeffannee jiraachaa turre.

Osooma haala kanaan jirruu ishee wajjinis walii galuu dhabne. Ganamaaf galgala wal qoccoluu eegalle. Jeequmsi yaadaa kun qamaatii jimaa wajjin walitti dabalamuudhaan irribni guyyaa sadiif narraa bade. Kanumaanan akka nama maraatee ta'e.

Yeruma sana guyyaa tokko osoo nuti wal lolлуу ijoolleen dur waldaatti walbeeknu lamaan keenya fuudhanii gara waldaa an keessaa tajaajilaa ture durii sanatti nu geessan. Achitti nuuf

kadhatan. Osooma nuf kadhachuutti jiranii afuurri hamaan ishee keessaa iyyuu jalqabe. Waan hedduus lafallafe. Sana booda caraanee keessaa ba'e. Anis sammuutti deebi'een nagaa argadhe. Isheenis gaafuma sanaa kaatee amantaa Islaamummaa gantee gooftaa fudhatte. Achumaa eegallee walumaan yeroo muraasaaf waldaa sana hordofuu eegalle. Simannaan yeroo jalqabaa sana amantoota waldichaa biraa nuuf taasifames hedduu kan nama hawwatu ture.

Osooma kanaan jirruu dura ta'aan waldichaa tokko ati ammas waldaa keenya kana keessatti qorannoo geggeessaa jirta jechuun amala natti geedderate. Amantoota muraasa biraas jechootni heduun natti darbatamuu eegale. "Ati gooftaa gurgurannaan, innimmoo maraachisee sifide malee jaallattee hin dhufne" faa naan jedhu turan. Ani yeroos dhuguma jaalladhee hin dhaqnen ture. Isa kana anuu waanan beekuuf natti himuun isaanirraa hin eegamu ture. Garuu ergan dhaqee amantaatti jabaachuuf murteessuu malee ani waan kan biraa tasuma hin yaadnen ture. Kun akka hin taaneef garuu "cittooo irratti fanxoo" akkamua

jedhan sana qooda jaalalaan ofitti qabanii najabeessan jechoota hin barbaachifneen na tuttuquu eegalan.

Gochi namoota sanaa sun waldaan kiristaanaa garamitti deemaa jirti kan jedhu na xiinxalchiisuu eegale. Kanumaanan osoo hin turin namoota sana mufachiisuu kiyyarra waldaa sana dhaquu addaan kute. Intala waliin turre sanaa wajjinis ergasii booda addaan baane.

Sana booda ani hojii barsiisummaafi barnoota digrii lammaffaa barachuu koon itti fufe. Amantaa hundumaa dhiiseen saayinsii hordofuu eegale. Saayinsii malee amantaan sirrii miti jechuus eegale. Kanumaanis kitaabota katabee namoota hedduu dogoggorsuun eegale. Keessumaa Kitaaba koo keessaa isa “Mucuca Kufaatii” jedhuun namoota baayyeetu gufate.

Kitaaboleen Qaroomina Qaruu, Ilaalcha Misoomaa, Falmii Dhugaa fi Of-Ilaallee jedhamanis amantaa kiristaanummaa fi Islaamummaa ni mormu turan. Of Ilaalleen ammoo amantaan Waaqeffataa dhugaa akka ta'e hima. Kanaanis Oromummaa kiyya daadhessuun eegale. Ta'us garuu itti amanee osoo hin

taane Oromummaa ittiin beeksisuuf isatu filatama yaada jedhuunan isa katabee. Ani yeroo sana amantaa kamiyyuu caalaa saayinsiin amana.

Osooman kanaan jiruu bara 2015(A.L.H) tti gara Yunivesiitii Asoosaatti jijjiirameen Magaalaa Asoosaa jiraachuu eegale. Achitti gara jalqabaa haalli jireenyaa hedduu na miidhe. Ijoolleen ani kana dura wajjin barachaa ture hedduu milkaa'aniin arga. Anis akkuma isaanii miindaa ji'aan nan argadha. Garuu haalli koo baayyee jibbisiisaa ture. kanumarraa ka'uun araada hin barbaachifnes tutuquun eegale. Garuu nagaan barbaadu hin arganne. Eebbis narraa fagaate. Hojii kootti garuu hedduun dhama'an ture. Ta'us eebbi hin jiru. Kanarran kan ka'e sammun koo gaaffii danuun kan guutame ture. Firootni kiyyas narraa fagaachuu eegalan. Ijikoo gara namoota danuu ilaalus garuu nama jaalala natti agarsiisu hin arganne. Yeroo sana haalan keessa ture anaaf haadha manaa kiyya malee namni hubatu hin turre. Ishumaa wajjin dhoksinee walitti guungumna. Akkasitti ishee wajjin hamtuus gaariis waliin qooddanee jiraanna turre. Isheen yeroos ulfa guutuu turte.

Osooma kanaan jirruu mucaanis nuuf dhalatte. Waaqayyo nu gargaaree mucaa arganne. Yeroo isheen deesse sanas anaaf ishee malee namni nu bira hin turre. Ta'us garuu waaqayyo nugargaaree haala ulfaataa sana keessas darbine.

11.3. Mudannoo Ajaa'ibaa!

Gaaf tokko magaalaa Asoosaa keessa osoon deemuu mudannoo ajaa'ibaatu namudate. Ani sana dura tasuma waanti kun ni ta'a jedhee yaadee hin beeku. Mudannoon namudate kunis gaaffii natti uumnaan namoota mariisisuuf toora 'facebook' fi 'telegram' kiyya irratti maxxanse ture. Mudannoo koo sana akka armaan gadiittan namootaaf ibsuu yaalee ture. Atis kunoo isuma dubbisi.

"Mudannoo ajaa'ibaati! Dheengadduma kana osoon qabsoo jireenyaan mo'amee, naman itti himadhus dhabee, qofaa ofkeessatti guungumaa deemuu waa namudate. Eenyu akka itti hime ani mooji malee, namuman kana dura hin beekne woyii tokkotu natti goree, "nagaan siif haa ta'u!" naan jedhe. Tole siifis haa ta'u! jedheetan ija keessa ilaale. Innis na ilaaleetuma, ilaa ani sin beeku atis nan beektu garuu akkan waa sitti himuuf naa eyyamtaa naan jedhe. Tole rakkoo hin qabun jedhe. Jennaan "ilaa ati nama bakka ga'uu qaburraa danqamee jiruudha" naan jedhe. Ihim! jedheetuman dhageeffadhe. Ammas itti fufheetuma ati

jireenya mo'achuufis yaaliin ati hin goone hin jiru. Garuu furmaata tokko hin arganne. Inuma karoorfatta garuu bira hin geessu. Inuma dhamaata garuu kabajas eebbas hin qabdu. Ati beekumsaa fi dandeettiin namaa gadi miti. Garuu namaa gadi sigochuuf humna cichee guddina kee mormutu jira. Namootni ati garee kooti, firoota kooti fa'a jettee abdattullee akka diinaatti si ilaalu. Isaan kun akka namummaatti sijibbanii mitiim hubadhu! Afuura akka isaan sijibban godhutu jira malee, erga naan jedhee booda, Egaa furmaatni kana hundumaa salphaadha naan jedhe. Innis gooftaa kee isa sitti dadhabee siguddisetti deebi'i! Isaa wajjin jiraadhu. Waadaa yeroo ijoollummaa kee isaa wajjin galtee turte haaressi! Situ isa waan dhiise fakkaata malee inni sin dhiifne. Sumatu waadaa qabdan irraanfate malee inni hin daganne. Ammayyuu karooruma isaa keessa jirta. Osoo inni sidhiiseera ta'ee silaa ati amma duute miti. Garuu inni gama hundaan si ga'oomsuuf sijalaa callisee ture. Akkati hormaaf garba taatu garuu inni tasuma hin fedhu. Ati kan dhuunfaa isaati malee kan eenyuuyyuu miti. Waadaa isaaf galtee turte sana ni yaadattaa? Waan jettee isa kadhachaa turte sana faa yaadadhu mee "naan jedhe. Anis battaluma sana kadhata isan dur" yaa gooftaa akkan ga'umsaan wangeela lallabutti, dursa oogummaaf hubannaa waan hundaa naaf kenni, atumti naguddisi

malee harka hormaatti nan kennin!" Jedhee kadhachaa ture sanan yaadadhe.

Namichis itti fufheetuma" Egaa kunoo ati amma galaa namoota hundumaaf ga'u baattee jirta. Kanaaf ammumaa kaasii of qopheessi. Namoota siin gufatanii cabanis harkumakeenan dhidhiibee fayyisa siin jedha waaqayyo naanjedhe. Itti fufees" Yaadni waaqayyo akka kan namootaa miti! " erga jedhee booda, Walumaa gala ati akkuma qurxummiin bishaan keessaa baatee jiraachuu hin dandeenye gooftaa keessatti malee eessattuu jireenyi siif hin mijatu" naan jedhe. Yoo kana raawwatte ati ofiif qofa miti, biyyaaf qofas miti, addunyaafuu eebba taata, naan jedheetu, egaa murtoon kan keeti " jedhee achi sokke. Anis waa xiqqoo akka qummaaduu wayiis, akka mufachuus ta'eetan, maal kana maaltu natti erges jedheen ija shakkiin itti yaaduu eegale. Ergasii waanti kun dhuguma sammuukoo dhiphisaa jira. Mee amma osoo isin ta'ee silaa mudannoo kana akkam gootu?" Jedheen mudannoo koo kana namoota mariisise. Namootnis waa hedduu jedhan.

Inni kaan namuma sibeekutu seenaakee qoratee dhufee sitti hime jedha. Inni kaan deebi'i ammas waaqayyotu balbala araaraa siif banee jedha. Inni kaan ammoo akkamitti kitaabota akka dammaa

minyaa'an sana hunda katabdee deebitee kanaan goyyomta naan jedha.

Ani dubbii namni raajii jedhee namatti himu kana cicheen morman ture. Namni mullatan arga jedhu dhibee sammuu akka qabu malee akka waaqa biraa argee dhaga'u hin amanun ture. Dhimma kana kitaaba Mucuca Kufaatii Keessatti katabeen ture. Dhugaadha tasuma hin amanun ture. Garuu isa namichi seenaakoo sana akkuma nama kitaaba wayii irraa dubbisaa jiruutti dubbate sana amanuu dhabuunis natti ulfaate. Dhimmi kun yeroo dheeraaf sammuu koo dhiphisaa ture. Sana booda gaaf tokko galgala siree koorra ciiseen "Yoo gooftaa yoo namicha sana dhuguma situ natti erge ta'e atumti ofii keetii natti dubbadhu!? Jedheen waaqatti ol dubbadhe. Yeroon kana dubbadhu Keessikoo garuu waadaan yeroo ijoollummaa gooftaa wajjiin seenee ture sana na yaadachiisa. Gooftaan mee maaluma natti balleesse jedhee yaaduun eegale. Isanni abbaa malee naguddise sana yaadadheen immimaan ija keessaa naroobuu eegale. Sana booda ati dhuguma Yesuus kiristoos isan jaalladhu sana yoo taate anumatti dubbadhu. Waantota gaaffii natti ta'anis naaf ibsi malee akkamittan of qopheessa jechuun eegale. Ammas

garaan koo waan hedduu yaadatee naraafame. Battaluma sana obsa dhabeen ka'ee fuula waaqayyoo dura jibeenfadhee ikkisee boo'e. Boo'icha addaan kutuus nan dadhabe. Yoon nan dhiisa jedhe ammas waantotan irraanfadhe kan biraatu fuula koo dura hiriiree na tuttuqa. Haala kanaan turtii naannoo sa'atii tokko ta'u osoon walirraa hin kutinan addakoo lafatti qadaadee boo'e. Sana booda sagalee:"*Amaanueel hin shakkin! Inni gara kee dhufe anuma!*" Jedhun dhaga'e. Ittuma fufeetu akkas naan jedhe:" *Haalli kee akka kana duraa hin ta'u, hin sodaatin! Kana booda anatu karaa sitti argarsiisa. Anumatu dhugaa sibarsiisa. Humna ati ittiin waan hundumaa dandeessus anatu siif kenna. Ati kana booda dubbii waa'ee hin baafne dhiisi! Ani fuula koo siif deebiseera! Akkuman sitti hime sana qophaa'i hojii bal'aatu fuuldura kee jira*" naan jedheetuma callise! Anis kana booda dhugaa ta'uun hubadhe. Gammachuu guddaatu natti dhagaa'ame. Nagaa guddaan argadhe. Nan galateeffadhe. Araaras kadhadheen rafe. Borumtaan isaas sanbata waan tureef waldaa Guutuu wangeelaa kan naannoo an jiraadhu jiru tokkon deeme. Achittis dubbiin lallabame hundi anumaan tuttuqaa ture. Ergaa isa natti himamee ture sana ammas irra deebiin waldicha keessatti namni kan biraan natti

hime. Taatee kana hunda Paaster saamuel Asfawuutti qofan himaa ture. Kunis sababa inni abdii kutannaa malee waa'ee koof waaqayyoon kadhachaa akka jiru natti himaa tureefidha. Kanaafan haala sana hunda isatti dursa himaa ture. Innis Paaster Dhugaasaa nama jedhamu, nama baayyee waaqayyo Waldaa guutuu wangeelaa Asoosaa jiru keessaa ittiin hojjetu tokkoo wajjin wal na barsiise. Paaster Dhugaasaanis waldaama an gaafa dheqee sanatti akkan deddeebi'uuf nagorsee naa kadhatee najjabeessaa ture.

Anis ergasii Kitaaba Qulqulluu sirriittan dubbisuu eegale. Waaqayyos waantota gaaffii natti uumaa turan hunda akkan hubadhu taasise. Kana qofa miti, barumsa wangeelaa karaa 'You Tube' fi Tv' kennaman hunda filadheen hordofuu eegale. Keessumaa barumsa namni Reverend Tazarraa Yaared jedhamu karaa tamsaasa *televiizhinii* "Gospel Tv" barsiisu hedduun hordofaa ture. Haa ta'u malee seexanni lola jajjabaa narratti banuu eegale. Boodatti nadeebisuuf yaaliin inni hin goone hin jiru. Gooftaatu naa wajjin ta'e malee lolli diinaa jabaa ture. Diinni akka mootummaan isaa jalaa onuuf deemu beeka. Kanaaf jecha

lola ani baachuu hin dandeenye danuu narratti banee ture.
Waaqayyo inni gara koo ta'e garuu nagargaaree jira.

Kunoo gargaarsa gooftaanan kitaaba kanas katabee xumure.
Hojii narraa eegamus kunoo tokko jedhee eegaluu kooti.
Waaqayyo isa nagargaareef galanni guddaan haa ta'u! Ameen!

Ejjennoo Barreessaa: Warra dhugaan waaqayyoon waaqessanii wajjin isa waaqessuudha. Wallaansoo amantii isa gati qabeessa sana jabeessee qabuudha. *“Nuyi akka warra waaqayyo biraa ergamaniitti karaa kiristoos fuula waaqayyoo duratti garaa guutuudhaan dubbanna malee, akka namootni baay'een dubbii waaqayyoo mi'a harkatti gatii dhabe fakkeessanitti miti.”* (2qor2:17).

Kaayyoo Barreessaa: Dhaloota waan hundumaa qoratee, hubatee, beekumasa ga'aa argatee barsiisa haxaarotaa isa gowwomsaan guutame sanarra of eegee jiraatu horachuudha. Dhaloota waanuma hundaan asiif achi raafamu osoo hin taane, isa jabaatee dhaabbatu horachuudha.

Ergama Barreessaa: Kun yeroodha yeroo miti osoo hin jedhin dhugaa kiristoos cichee namootatti lallabuudha. Ambaasaaddara kiristoos ta'ee jiraachuudha. Kanuma! Waaqayyo guddaa si haa eebbisu!

Maddoota Wobii (References)

1. Carnap R. An introduction to the philosophy of science: Courier Corporation; 2012.
2. von Hofsten N. Ideas of creation and spontaneous generation prior to Darwin. *Isis*. 1936;25(1):80-94.
3. Wolfson HA, Fackenheim EL. *Philo: Foundations of Religious Philosophy in Judaism, Christianity, and Islam*. Review of Metaphysics. 1947;1:89.
4. Andrews ED. *Reasoning With The World's Various Religions: Examining and Evangelizing Other Faiths*: Christian Publishing House; 2018.
5. Ali MM. *Holy Quran*: Ahmadiyya Anjuman Ishaat Islam Lahore USA; 2011.
6. Mirolubov OI. What was the main reason for the separation of churches? The split of the Christian church. *Church Schisms: Orthodox Organizations Behind the Fence of the Russian Orthodox Church*.
7. Elliott JK. The Translations of the New Testament into Latin: The Old Latin and the Vulgate. *Aufstieg und Niedergang der römischen Welt*. 1992;26:198-245.
8. Testament O. *The holy bible*. 2018.
9. Thomassen E. *Canon and Canonicity: the formation and use of scripture*: Museum Tusculanum Press; 2010.
10. Harris WV. Canonicity. *pmla*. 1991;106(1):110-21.
11. DeSilva DA. *Introducing the Apocrypha: Message, context, and significance*: Baker Books; 2018.
12. Book A, Vat G, Panopolitanus C, Black M, Denis A, Graece AH, et al. 2. TRANSLATIONS AND COMMENTARIES OF 1 ENOCH. *Fallen Angels and the History of Judaism and Christianity: The Reception of Enochic Literature*. 2005.
13. Bell R. *The origin of Islam in its Christian environment*: Routledge; 2012.
14. Faizal P, Ridhwan A, Kalsom A. The entrepreneurs characteristic from al-Quran and al-Hadis. *International Journal of Trade, Economics and Finance*. 2013;4(4):191.
15. bin Abdullah A-JbH. Types of Hadiths that have been Weak by Hadith Scholars in Terms of the Authenticity of the Chain of Transmission and the Correctness of the Meaning. *International Journal of Religion*. 2024;5(1):474-500.

16. Iqbal C. Sunni, Shia, Whabbi, Salafi, Berelvi, Sufi and Deobandi: The Different Islamic Perspectives on Creativity in Islam. 2022.
17. Khuri FI. The Ulama: a comparative study of Sunni and Shi'a religious officials. *Middle Eastern Studies*. 1987;23(3):291-312.
18. Aziz H. Did Prophet Mohammad (PBUH) have epilepsy? A neurological analysis. *Epilepsy & Behavior*. 2020;103:106654.
19. Artigas M. The mind of the universe: Understanding science and religion: Templeton Foundation Press Philadelphia and London; 2000.
20. Petigura EA, Howard AW, Marcy GW. Prevalence of Earth-size planets orbiting Sun-like stars. *Proceedings of the National Academy of Sciences*. 2013;110(48):19273-8.
21. Loomer BM. The size of God. *American Journal of Theology & Philosophy*. 1987;8(1/2):20-51.
22. Yayýncýlýk G. Abdeen, Sa'di. 1991. Musoat al-jaib lil-tashira'wa-al-qada wal-fiqh. The Residency Law and Foreigners' Affairs no. 24 for 1973. Dar. Al-jib lilnashir wal-tawzea, Amman.—. 1993. Musoat al-jaib lil-tashira'wa-al-qada wal-fiqh. The Jordanian Nation-ality Law no. 5 for 1954, as amended in Law no. 22 for 1987. Dar. Al-jib. Gender and Citizenship in the Middle East. 2000;90:347.
23. Azhar MHM, Rahman SMHSA. Metodologi al-Asha 'irah dan al-Salafiyyah Dalam Membentangkan Akidah al-Qada'dan al-Qadar: Tinjauan Awal Terhadap Maratib al-Taqdir: Methodology of al-Asha 'irah and al-Salafiyyah in Presenting the 'Aqidah of al-Qada'and al-Qadar: The Early Review on Maratib al-Taqdir. *Afkar: Jurnal Akidah & Pemikiran Islam*. 2017;19(2):1-32.
24. Schröter J. The Contribution of Non-Canonical Gospels to the Memory of Jesus: The Gospel of Thomas and the Gospel of Peter as Test Cases. *New Testament Studies*. 2018;64(4):435-454. doi:10.1017/S0028688518000206
25. Campbell RA. Leadership succession in early Islam: Exploring the nature and role of historical precedents. *The leadership quarterly*. 2008 Aug 1;19(4):426-38.
26. Esposito, J. L. (2015). Islam and Political Violence. *Religions*, 6(3), 1067-1081. <https://doi.org/10.3390/rel6031067>